BARNOOTA AFAAN OROMOO

KITAABA BARATTOOTAA
KUTAA 10

Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee

Kitaaba Kanaaf Kunuunsa Gaarii Taasisi!

Kitaabni kun qabeenya mana barumsaa keetiti. Qabeenyi mana barumsaa keetii jechuun ammoo, qabeenya keeti. Qabeenyi kun akka hinmiidhamne kunuunsuun gahee keeti. Kanaafuu, kitaaba kan kunuunsuuf yaadoleen salgan armaan gadii si gargaaru.

1. Kitaabicha waraqaa, laastikaafi wkf aguugi.
2. Kitaabicha yeroo hunda bakka qooraafi qulqullina qabu kaa'i.
3. Yeroo fayyadamtus harki kee qulqulluu ta'uun barbaachisaadha.
4. Qolas ta'ee keessa kitaabichaatti hinbarreessin.
5. Fuula kitaabichaa tarsaasuun ykn fakkii kutanii keessaa baasuun dhorkaadha.
6. Fuulli tarsa'ellee yoo jiraate suphi.
7. Kitaabicha yeroo korojoo kee keessa keessuufi keessaa baaftu, akka hintarsaane of eeggadhu.
8. Yeroo namoota biraatiif ergiftullee of eeggannoon akka qaban akeekkachisi.
9. Kitaaba haaraatti gargaaramuu yoo jalqabdu, dugdaan minjaala irratti dubbisturra kaa'i. Sana booda, fuula muraasa banuun xiqqoodhuma hanga barreeffama fuulicharra jiru dubbisuu dandeessutti banuun gargaarami. Fuula bante garmalee harkisuun qola isaas ta'ee, fuula kitaabichaa miidhuu waan danda'uuf, akka ija keetti eeggadhu.

Afaan Oromoo
Kitaaba Barattootaa
Kutaa 10

Qopheessitoonni:
Dasii Olqabaa Amiinaa (MA)
Lalisaa Lataa Lammii (MA)
Warquu Mokonnon Garbii (MA)

Gulaaltota:
Hayiluu Lammeessaa Wadoo (MA)
Tashoomaa Qanaasaa Tolasaa (MA)

Madaaltuun:
Yewubdaar Ayyaaleew (MA)

Qindeessaan:
Roobii Waamii(MA)

Fakkibsa (illustration)fi Graafiiksii (layout)
Koolleejii Poolii Teekniikii Inxooxxoo (TMS

Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee
Bara 2014/2021
Finfinnee

Baafata

Mata duree **Fuula**

Seensa ……...III

Boqonnaa Tokko: Afaaniifi Hawaasa …… 1

Boqonnaa Lama: Fuudhaafi Heeruma Aadaa…….....……...14

Boqonnaa Sadii: Dubartootaafi Misooma…….....……...27

Boqonnaa Afur: Garaagarummaa keessatti Tokkummaa……...35

Boqonnaa Shan: Qareeyyii…….....…...44

Boqonnaa Jaha: Gahee Maanguddootaa…….....……...59

Boqonnaa Torba: Asoosama Dheeraa…….....……..71

Boqonnaa Saddeet: Sabqunnamtii Hawaasaa…….....……..81

Boqonnaa Sagal: Hojii Uumuu…….....……...93

Jibsoo……...103

Seensa

Afaan meeshaa walqunnamtiifi ibsituu aadaa, seenaafi eenyummaa ta'uun shoorri inni jiruufi jireenya hawaasa tokkoo keessatti qabu ol aanaadha. Kanaafuu, hawaasicharraa addaan ba'ee bu'aa buusuu hindanda'u. Guddinni afaaniis guddina hawaasaa bu'uureffata. Jiruufi jireenya hawaasaa saayinsiifi teeknooloojiin walqabsiisee guddina fiduu kan danda'us barnoota, bulchiinsa, siyaasaafi kkf yoo hojiirra oole qofa.

Afaan Oromoo afaan barnootaafi barnoota afaanii ta'uun isaa yeroo dhiyoodha. Kanarraan kan ka'e, kitaabni barattootaa duraan hojiirra ture bu'uura afaanichaa dagaagsuurratti shoora ol aanaa taphateera. Haata'u malee, sababa fooyya'insa sirna barnootaa irraa kan ka'e kitaabni kun isa duraa irraa jijjiirramee haala fooyya'insa qabuun qophaa'eera. Kaayyoon isaas barattoonni dandeettiiwwan afaanii: dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuu, barreessuufi ogummaawwan caaslugaa, ogbarruu, gadi fageenyaan xiinxaluufi kkf akka gabbifatan taasisuudha. Kaayyoowwan kana galmaan ga'uufis barannoowwan adda addaafi gilgaalonni garaagaraa dhiyaatanii jiru. Haalli dhiyeenya gilgaalota kanaas kallattiidhaan qabiyyeewwan sadarkaa barattootaa waliin deemuu danda'aniifi haala qabatamaa barnootaa giddu galeessa kan taasifateefi hirmaannaa barattootaa kan cimsudha.

Fiixaan ba'iinsa kaayyoowwan barnoota kanaatiifis adda dureen shaakala walirraa hincinne gochuu kan qabu barattoota waan ta'aniif, isinis haala qabatamaa naannoo keessaniitiin waliin qabsiisuun ga'ee isin irraa eegamu taphachuun mirgaafi diqama keessani.

BOQONNAA TOKKO

AFAANIIFI HAWAASA

Kaayyoowwan: Xumura Boqonnaa kanaatti:

Afee/ dubbisa dhaggeeffachuun odeeffannoo isaa irratti mari'atta.

- •Marii gaggeessuun yaada marii afaaniin gabaasta.
- • Barreeffama dubbisuun barreeffamichi qaama kamiif akka barreeffame adda baasta.
- • Barreeffama keessatti malleen dubbiitti gargaaramta.
- • Barruu qopheessita
- • Jechoota tishoo ijaaruun itti gargaaramta.

Barannoo Tokko: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Gilgaala 1: Gochaawwan Dhaggeeffachuun Duraa

A. Gaaffilee armaan gadii osoo dhaggeeffachuutti hince'in dura gareen irratti mari'adhaa.

1. Hariiroowwan afaaniifi hawaasa gidduu jiru irratti mari'achuun waliif ibsaa.
2. Afaan hawaasa tokkoo keessatti uumamuu loogaaf sababa kan ta'u maali?

B. Jechoota armaan gadii osoo gara dhaggeeffachuutti hinseenin dura hiika isaanii tilmaamaa.

1. Xiinsammuu
2. Looga
3. Hawaasummaa
4. Xiinqooqa

Gilgaala 2: Gochaalee yeroo Dhaggeeffachuu

A. Dubbisa Barsiisaan/-tuun kee siif dubbisan dhaggeeffachaa bakka duwwaa himootaa guuti.

1. Seerri qoqqoodinsa afaanii gidduu jiru _____isaa akka tasaa kan uumu.
2. Haalonni afaanii walitti dhufeenya _____, _____, _____fi_____ seenaa irraa kan maddaniidha.
3. Garaagarummaa _____hawaasa afaan tokko dubbatuu gidduu jiru waaltessuun barbaachisaadha.
4. Dagaaginniifi waaltinni afaanii dhiibbaa sabummaa akka _____, _____ siyaasaatti tajaajila.
5. Dhimmi loogaa jalqaba kan uumamu _____irraa malee,_____ irraa kan madde miti.

Gilgaala 3: Gochaawwan Dhaggeeffachuun Boodaa

A. Gaaffilee armaan gadii dubbisa dhaggeeffattan irratti hundaa'uun muuxannoo keessan wajjin walqabsiisuun gareen irratti mari'adhaatii dareef ibsaa.

1. Garaagarummaan hawaasaafi hawaasummaa maali?
2. Dhimmoota adeemsa waaltina afaanii fidan ibsi.
3. Itti fayyadamni afaanii siyaas-dinagdeefi hawaasummaa keessatti gahee maalii qaba?

Barannoo Lama: Dubbachuu

Gilgaala 4: Shaakala Dandeettii Dubbachuu

A. Mata dureewwan armaan gaditti isiniif kenname keessaa tokko filachuun barruu keeyyata lama of keessaa qabu seera barreeffamaa eeguun qopheessaa.

1. Afaan
2. Hawaasummaa
3. Barnoota
4. Koovidii 19

B. Mata duree filattan irratti hundaa'uun hima ijoo barruu qopheessitanii afaaniin dareef ibsaa.

C. Waliin dubbii armaan gaditti kenname xumuri.

Obbo Gammachiis guyyaa tokko dhukkubsatee hinbeeku. Gaafa tokko garuu, akka tasaa dhukkubsate. Battaluma sanatti itti cimninaan gara mana yaalaatti geessan.

Dhibee isaas akka armaan gadiitti Ogeettii fayyaatti himate.

Ogeettii fayyaa: Obbo Gammachiis maal taatan?

Gammachiis: maaloo! baay'ee nadhukkuaba.

Ogeettii fayyaa:_____?

Gammachiis: mataa naboowwafata, dugda nakuta, nyaata na jibbisiisa.

Ogeettii fayyaa: Erga isin dhukkubuu jalqabe, ammam isinirra tureera ?

Gammachiis: _____.

Ogeettii fayyaa: Maaliif kana hunda ofirra tursiisuu dandeessan?

Gammachiis:_____?

Ogeettii fayyaa: Mee! Siree kanatti olba'aatii ciisaa.

Gammachiis: Tole! Tole ! Tole!

Ogeettii fayyaa: Obsaa! Obsaa! nifayyitu.

Gammachiis: _____.

Ogeettii fayyaa: Amma qorannoon dhiigaafi bobbaa bahutti xiqqoo alatti eegaa.

Gammachiis: _____.

Ogeettii fayyaa: bu'aan qorannoo keessanii baheeraa, olseenaa!

Gammachiis:_____?

Ogeettii fayyaa: dhibeen keessan taayifoodiidha.

Gammachiis: Dhibeen kun maal maalirraa nama qabuu danda'a?

Ogeettii fayyaa: _____.

Gammachiis: Kanaafuu, bishaan qulqullina hinqabneefi nyaata bulerraa ofeeggachuun qaba.

Ogeettiin fayyaa: Eeyyee! Amma dawaa isiniif ajajame torban tokkoof ganamaafi galgala nyaata booda tokko liqimsaa.

Gammachiis:_____?

Ogeettii fayyaa: Amma dawaa xumurtanitti aannaniifi killee hin-nyaatinaa.

Gammachiis: Kan biraan wantin irraa ofeeggachuu qabu maal maali ?

Ogeettii fayyaa: _____.

Gammachiis: Tole. Galatoomi! Naaf jiraadhu!

Barannoo Sadii: Dubbisuu

Gilgaala 5: Gochaalee Dubbisuun Duraa

A. Osoo dubbisa armaan gadii hindubbisin dura, gaaffilee armaan gadii irratti gareen mari'adhaatii yaada keessan dareef ibsaa.

1. Meeshaan dhalli namaa walii galteef itti fayyadamu maali?
2. Faayidaa afaan hawaasaaf kennu keessaa hamma beektan tarreessuun waliif ibsaa.
3. Biyya tokko keessatti afaan heddummachuun faayidaamoo miidhaa qaba? Maaliif?

B. Jechoota armaan gadii osoo gara dubbisuutti hinseenin dura hiika isaanii tilmaami.

1. Gonfachuu
2. Milkaa'ina
3. labata
4. Xiinxaluu
5. Hariiroo

Gilgaala 6: Gochaalee Yeroo Dubbisuu

A. Gaaffilee armaan gadii osoo gara dubbisuutti hinseenin dura dubbisii qalbeeffadhu; sana booda dubbisicha hubannoon dubbisaa deebisi.

1. Afaan meeshaa walii galtee ta'uunsaa kan ibsame keeyyata meeqaffaa keessatti?
2. Afaanonni yeroo ammaa akka addunyaatti galmaa'anii jiran tilmaaman meeqa ta'u?
3. Wantoonni hawaasni jiruufi jireenya guyyaa guyyaa keessatti afaaniin ibsatu maal maal fa'i?
4. Keeyyata 3ffaa keessatti bamaqaan inni jedhu eenyun bakka bu'a?
5. Yaanni waliigalaa dubbisa kanaa maali?

AFAANIIFI HAWAASA

Seenaan afaanii seenaa dhala namaa irraa adda bahee kan ilaalamu miti. Dhala namaafi afaan isaa addaan baasuun xiinxaluun rakkisaadha. Afaan bu'aa hawaasaati. Kanaafis afaan hawaasa malee; hawaasnis afaan malee jiraachuun manaaba. Kun ammoo, afaaniifi hawaasa jidduu hidhanni cimaan jiraachuu hubachiisa. Afaan tokko hawaasa isaa caasessuu danda'a. Umriifi sadarkaa miseensa hawasichaa ifatti baasee mul'isuuf humna qaba. "Afaan hawaasa waliin walitti dhufeenyi qabu dinqisiisaadha" jedhu hayyoonni dhimma afaanii irrattti qo'annoofi qorannoo adeemsisan. Maaliif yoo jenne tajaajilli afaanii akkuma mata duree dubbichaattiifi eenyummaa dhaggeeffataatti akkasumas, yeroofi iddoo itti dubbatamuun garaagarummaa nimul'isa.

Afaan meeshaa dhalli namaa ittiin walii galuudha. Uumama keessattis kan akka afaanii walta'iinsa milkaa'ina qabu hawaasa gonfachiisu hinturre. Akkasumas, dhala namaa caalaa afaan irratti olaantummaa kan qabu hinjiru. Afaan sochii qaamoleefi mallattooleetti gargaaramuun ittiin walii galuu caalaa mallattoolee sagalee dubbiitti fayyadamuun karaa ittiin waliigalteen hawaasaa taasifamudha. Kunis hawaasni afaan isaatti fayyadamuun aadaa, duudhaa, safuu, seenaafi kkf kan ittiin ibsaatuufi labataa labatatti dabarsaa kan dhufe afaan isaatiini.

Ulaagaalee hawaasni tokko ittiin beekamu keessaa inni guddaan afaan isaati. Kana jechuun sabni tokko saba kana jedhamee kanneen biroo irraa addaan baasuuf kan gargaaru yeroo baay'ee afaan inni dubbatudha. Kanamalees, jiruufi jireenya isaanii guyyaa guyyaa keessatti, jaalala, jibba, gadda, gammachuu, beekumsa, wallaalummaa, gaaffiifi deebii, bal'ina, dhiphina, ilaalchaafi yaada xiinsammuu isaanii akka fedhii isaaniitti ibsachuuf kan gargaaru afaan isaaniiti. Ittifayyadamni afaan tokkoo hawaasa sana keessatti umriidhaan, saalaan, iddoo jireenyaatiin loogaan, ogummaadhaan, akkasumas sadarkaa barumsaatiin garaa garummaa nimul'isa.

Itoophiyaa keessatti afaanota sabaafi sablammootaa hedduutu dubbatama. Isaan keessaa afaanonni 86 kanneen ta'an galmaa'anii jiru. Akka addunyaatti immoo yeroo ilaalamu afaanota 5000-7000 ta'antu galmaa'ee jira jedhamee tilmaamama. Guddinni afaan saba tokkoo guddina hawaasa isaa waliin deema. Bal'inniifi dagaaginni afaan tokkoo guddina hawaas-dinagdeefi aadaa saba sanaa waliin walqabata jechuudha. Dinagdeefi aadaan saba tokkoo yoo guddachaa adeeme wantoota haarawaa dabalamaa deeman moggaasuunis barbaachisaa ta'a. Haalli kun ammoo guddina afaan saba sanaatiif karaa bana jechuudha. Kanaafis guddinni hawaasaafi afaanii hariiroo guddaa qaba kan jedhamuuf.

Akka ilaalcha yeroo ammaatti, baay'inni afaan biyya tokko keessa jiranii akka rakkootti osoo hintaane akka faayidaatti ilaallama. Akka yaada kanaatti afaanonni adda addaa walbira yoo guddatan guddinni isa tokkoo isa biroof nitumsa. Muuxannoon isa tokko irraa argamus guddina isaan kaaniif nigargaara. Akkasumas, afaanota biyya tokkoo kabajuufi dagaagina isaanii gama hundaan gargaaruun lammii biyya sanaa kabajuufi guddisuudha. Kana gochuun hawaasni hariiroo waliin jireenyaafi siyaas-diinagdee waliin akka ijaarratuuf bu'uura cimaa buusa. Kana malees, tajaajila dhaabbilee mootummaa, miti mootummaafi dhaabbilee amantii, keessatti hawaasni afaan isaatiin nitajaajilama.Walumaa galatti, afaan mallaattoolee eenyummaafi meeshaa walqunnamtii sabni tokko qabu keessaa isa guddaadha. Afaaniifi hawaasni adda ba'anii jiraachuu kan hindandeenyeefi hariiroon afaan hawaasa waliin qabu akkumaa aadaa hawaasichaa, walitti dhiyeenya cimaa qabaachuufi guddina hawaasa afaan sanaa waliin deemuu qaba. Dabalataanis, afaan tokko akka fedhii hawaasa isaa guututti guddachuuf, sabichaan dubbatamuu qofa osoo hintaane, afaan barnootaafi hojiin mootummaa ittiin gaggeeffamu akkasumas, afaan barreeffamaa ta'uun hawaasaaf tajaajila barbaachisaa ta'e kennuu danda'uu qaba.

Gilgaala 7: Shaakala Barreessuu

A. Gaaffilee armaan gadii dubbisa olitti dubbiste irratti hundaa'uun deebii isaanii barreessi.

1. Hima ijoo keeyyata 3ffaa ta'uu kan danda'u baasii barreessi.
2. Yaadni walii galaa dubbisa kennamee maali?
3. Dubbisa armaan olii cuunfuun keeyyata tokkotti deebisii barreessi.

B. Jechootaafi gaaleewwan himoota armaan gadii keessatti jala sararamaniif hiika sirrii ta'e barreessi.

1. Afoolli aadaafi duudhaa uummataa dhugoomsuuf shoora olaanaa qaba.
2. Inni harkisaa adaba hinqabu; waabutuu bareera fakkaata.
3. Qabeenya qabdu hunda gabaa geessuun calleessitee liqaa namaa ofirraa qabdu deebiste.
4. Biyyi keenya hariiroo biyyoota ollaa waliin qabdu caalaatti cimsitee itti fufuu qabdi.
5. Boqqolloo gorme tumanii marqaa yoo hojjetan malee waaddiidhaaf hinta'u.
6. "Dhuftus, haftus maayii koo miti" jette Toltuun Latiidhaan.
7. Yeroon ani si eegu haftee, maayii yoo dhufte, maal naafgoota?
8. "Natti hinhammaatin yaa namanaa, ollaan waliif kafanaa" jedhee weeddisa namni ollaan waljibbe.
9. Gurbaa fokkisaan sun intala bareedduu sana fuudhe jedhan.
10. Fedhasaan intalattii fuudhuuf osoo taa'uu, gurra murtee kan biraa wajjin galte.

Gilgaala 8: Hiika Jechootaa

A. Jechoota roga 'A' jala jiran hiika faallaa isaanii roga 'B' jala jiran wajjin walitti firoomsi.

A	B
1. hawwataa	A. fagoo
2. salphina	B. daalachaa'aa
3. arjaa	C. gogaa
4. lataa	D. hamaa
5. qancaraa	E. mukaawuu
6. cululuqaa	F. kabaja
7. tamsaasuu	G. doqna
8. ariifattuu	H. jibbisiisaa
9. kaluu	I. gammaduu
10. mirqaanuu	J. suutumee
	K. walitti qabuu
	L. xobbee

B. Jechoota armaan gadiif hiika walfakkii isaanii filachuun deebisi.

1. Manaaba
   - A. yaalii
   - B. yaada
   - C. abjuu
   - D. tilmaama
2. Caasessuu
   - A. qoqqooduu
   - B. milkeessuu
   - C. ibsuu
   - D. diddiriirsuu
3. Dinqisiisaa
   - A. maalalchiisaa
   - B. kofalchiisaa
   - C. ajaayibsiisaa
   - D. Afi C
4. Walta'iinsa
   - A. adda addummaa
   - B. walqunnamtii
   - C. milkaa'ina
   - D. firummaa
5. Moggaasuu
   - A. haaressuu
   - B. hojiirra oolchuu
   - C. maqaa kennuufii
   - D. ramaduu
6. Tumsuu
   - A. mormuu
   - B. deeggaruu
   - C. ibsuu
   - D. leellisuu

7. Taliila:

A. Beekaa C. qulqulluu

B. Uumaa D. ifaa

8. Kaluu:

A. dhiyoo C. halaala

B. fagoo D. hiixuu

9. Sochii:

A. deemsa C. hojii

B. warraaqsa D. ispootii

10. Mudaa:

A. muudama C. abaarsa

B. eebba D. hanqina

Gilgaala 9: Shaakala Jechoota Tishoo

A. Jechoota armaan gadii walitti fiduun barreessi.

1. Saree + diida= _____
2. Harka + qal'aa= _____
3. Mataa + dura=_____
4. Yoom+ eessa= _____
5. Saba + qunnamtii= _____
6. Adda+ dura= _____
7. Quba+ lama= _____
8. Roga+ sadii= _____
9. Qalbii+ qaba= _____
10. Muka+ tumaa= _____

Tishoo (Diigala): Tishoo jechuun jechoonni hiika qaban lama walitti qindaa'uun jecha hiika qabu tokko kan uumu jechuudha. Jechootni tishoo kunis kan ijaaraman gareewwan jechootaa adda addaa irraati. Isaanis: Garee maqaa, Garee maqibsii, Garee gochimaafi Garee durduubeeti.

- Garee maqaa irraa: Kunis, maqaa+ maqaa irraa kan ijaaramu jechuudha. Fkn.
  Saba+ lammii= sablammii
- Maqaa+ maqibsii irraa: Jecha tishoo maqaa+ maqibsii irraa ijaaramu jechuudha.Fkn.
  harka+ qal'aa= harka qalleeyyii, garaa+ laafaa= gara laafessa
- Gochimaa+maqaa irraa: Fkn. qote + bulaa= qotee bulaa
- Maqaa+ durduubee irraa: Fkn. Miila+jala=miiljala, mataa+ dura= mata duree

B. Fakkeenya jechoota tishoo armaan olii irratti hundaa'uun jechoota tishoo kanneen biroo ijaari.

1. _____
2. _____
3. _____
4. _____

5. _____
6. _____
7. _____
8. _____
9. _____
10. _____

C. Jechoota tishoo ijaarte garee jechootaa isaan irraa ijaaraman addaan baasii ibsi.

1. _____
2. _____
3. _____
4. _____
5. _____
6. _____
7. _____
8. _____
9. _____
10. _____

Gilgaala 10: Shaakala malleen Dubbii

A. Himoota armaan gadii dubbisii qalbeeffadhu.

1. Namni tokko tokko osoo nyaatuu beela'a; kaanimmoo osoo beela'uu quufa; osoo hojjetuus kan deegu hedduudha.
2. Yeroon biyya koo galu nama dhiisii, dacheenuu ka'ee na simate.
3. Ofeeggannoon yoo hinqabamin, qabeenyi fixeensa bariiti; miidhaginnis abaaboo birraati; lamaanuu daftee arcaati.
4. "Osoo beeknuu huuba wajjin nyaanna" jette sareen.
5. Yaada kootu naan labaa
   Akka foolataa sa'aa
   Ofiikoottan haasa'aa
   Foolii isaatu na waamaa
   Akka asheeta birraa
   Akka bareeda durbaa
6. Intalattiin barana qal'attee lilmoo taate.
7. Atumti yaa carraakoo, maalif teessee na ilaaltaa?
   Isa kaaniif yoodardu
   Ana maaliif hinargu?
8. Namichi kun ala faca'aa; mana manca'aadha.
9. "Garagara bunnaa; nagargaari dhullaa" jette cittoon dhullaadhaan.

Yaadannoo Malleen Dubbii

Malleen dubbii dubbiifi barreeffama keessatti hololoonis ta'ee; walaloon dhaamsa dabarsuuf barbaadame sana humnaafi bareedina gonfachiisuudhaan sammuu dubbisaa ykn dhaggeeffataa keessatti fakkii uumee, miidhagee, salphaatti akka hin irraanfatamnetti dhiyeessuudhaan bakka guddaa akka argatu gochuudha. Malleen dubbii bal'inaan beekamaniifi ogbarruu keessatti faayidaarra oolan kanneen armaan gadiiti.

1. **Iddeessaa (Bakka buusa):** Tokkummaa wantoota lama gidduu jiru fudhachuun isa tokko iddoo isa biraa buusuun waldorgomsiisudha. Kana jechuun wanta tokko guutumaan guutuutti amala waan biroo gonfachiisuu jechuudha.

Fkn: Finfinneen galaana.

2. **Akkasaa:** Mala ittiin wantoota lama walcinaa qabuun isa tokko isa biraatiin waldorgomsiisanidha. Kunis jechoota 'akka, fakkaata, gaha, hamma/hanga' jedhanitti dhimma baha.

Fkn: 1. Beektuun akka abbaa ishee cimtuudha.
2. Ilkaan ishee cabbii fakkaata.
3. Namni hundi hamma maqaa isaa hingahu.
4. Anoo numan kurkuraa,
Akka jabbii gurguraa
Anoo numan xallisaa
Akka ilmoo kanniisaa
Amma gaanfi margutti
Amma gaaf naa
darbuutti Tabban bu'ee
ba'utti Akkan kufee
cabutti Amman du'ee
badutti.

3. **Nameessaa:** Mala ittiin wantoota nama hintaane amala namaa goonfachiisuun haala salphaatti akka hubatamu taasisanidha.

Fkn: "Ergan ani du'ee araddaan hinmargin" jette harreen.

4. **Arbeessaa:** Mala ittiin waan tokko dhugaa xiqqoo jiru irraa ka'uun amma wantichi gahuun olitti gud disuun dhiyeessanidha.

Fkn: Namicha dheeraa waaqa gahu tokko arge. (nama dheeraadha; garuu baay'ee olkaasanii ibsuu) agarsiisa.

5. Habalaka: Ergaa dabarsuun barbaadame tokko faallaa isaatti dhimma bahuun salphaatti akka hubatamu taasisuudha.

Fkn: Si jaaladhee du'uufani. (Yoo kan jibbu ta'e).

6. Eemitii: Wanta tokko yaada walii faallaa ta'an lamatti dhimma bahuun ibsuudha.

Fkn: Namni jireenyi itti bade kolfaa boo'a.

7. Atee /ateessa): Wantoota nama hintaanefi namatti hinmul'anne akka waan nama bira jiruuttiittihaasa'uudh.

Fkn. Yaa du'a nafudhu!

8. Anyarsee: mala dubbii yaada tokko ittiin xiqqeessuuf, to'achuufi ceepha'uuf itti dhimma ba'amudha. Kunis, amala badaa hawaasa keessa jiru tokko immoo itti fufiinsa akka hingodhanne dhaabsisuuf gargaara.

Fkn. . Na argaa, na argaan, na dhoksaa, na dhoksaa fida.

Boru hinbeekne qoda bukoon sagal

9. Birqaba: Mala dubbii wantoota lama walbira qabuun ibsuuf itti dhimma ba'amudha. Fkn.

Mar'ataan kottee hinqabuu; barruusaatu jaatamaa,

Alagaan onnee hinqabuu; mar'imaantu raafamaa.

10. Fakkeessummaa: Gosa malleen dubbii ta'ee, yaada ibsuu barbaadame tokko wanta birootiin bakka buusuun ibsudha. Fakkeessummaa keessatti wanti bakka bu'e sun akka bakka buusaa dubbicha keessatti hinargamu.

B. Gaaffilee armaan gadii gosoota malleen dubbii irratti hundaa'uun qubee deebii sirrii qabate filachuun deebisi.

1. Qaawwi funyaan ishee hanga boolla buufaa bal'ata.

   A. eemitii C. arbeessuu

   B. akkasaa D. Bfi C

2. Namni bara kanaa osoo ilaaluu nama hinargu.

   A. habalaka C.anyarsee

   B. eemitii D. bakka buusa

3. Dukkanni isaa ija namatti baasa.

   A. habalaka C. nameessa

   B. birqaba D. Akkasaa

4. Obbo Mootiin arjaadha; qabeenyasaa lafumarra firfirsaa deema.

   A. arbeessuu C. ateessaa

   B. nameessa D.habalaka

5. Kan hawwitu argannaan boosse.

   A. ateessa C. bakka buusa

   B. eemitii D. nameessa

6. Ilkaan Jiituu asheeta boqqollooti.

   A. nameessa C. arbeessuu

   B. anyarsee D. bakka buusa

7. Abbaan Tulluu ilmisaa waa balleessinaan, "gaarii gootee jabaadhu" jedheen.

   A. habalaka C. eemitii

   B. anyarsee D. nameessa

8. Maali ijoolle! Hoolaan hoolaa tiksaa?

   A. birqaba C. fakkee

   B. walitti fiduu D. anyarsee

9. “Yaa tulluu nana, nadhoksi” jedha namni rakkate.

A. nameessa C. akkasaa

B. ukukkubee D. ateessa

10. Amma namaa hingeessuu; cabsa namaa hinteessuu.

A. walitti fiduu C. birqaba

B. anyarsee D. nameessa

C. Malleen dubbii (dubbiiwwan qolaa) armaan olitti ibsaman irratti hundaa’uun himoota itti aananii dhiyaatan dubbii qolaa kam jalatti akka ramadaman adda baasi.

1. Quufee garaan nadhoohuufi.
2. Horri Finfinnee “seenaa dhokate iddootti deebisna” jedhee; ka’ee uummata isaa simate.
3. Fuulli isaa bakkalcha barii fakkaata.
4. Manni keenya farda gulufsiisa.
5. Qorri Hurufa Boombii ol fuudhee nama urgufa.
6. Badhaatuun daamudha; Dammeen immoo kanniisa.
7. Goonni biyya isaaf du’ee jiraata.
8. Adurreen hantuuta hamma arbaa ga’u qabdee liqimsite.
9. “ Baay’een joore; maali galee yoon lammii soore” jedhe Lagni Abbayaa.
10. Osoon beela’uun quufaa; osoon boo’uun kolfa; ani wallaale falasaa.
11. Yaa bara! Ati na gargaari.
12. Of jajjuu loon lamaa, tikseen kudha lama.

13. Abbayyoo attam jirtaree

Jaarsa lammiin Oromoo

Yaasa jaalatu qomoo

Yaasa coomni manasaa

Jaarsa halaalatti arganii

Akka xomboora halkani

Natti urgaa'a waamichikee

Akka cooma waadanii

Akka goota faarsanii

Akka ansoosillaa birraa

Akka foon mataa dirraa

14. Kaan kolfaa boochisa

Kaan nyaataa beelessa

Kaan osoo dhuguu dheebota

Kaan taa'aa deemsisa

Maali egaa mallisaa?

BOQONNAA LAMA

FUUDHAAFI HEERUMA AADAA

Kaayyoowwan: Xumura Boqonnaa Kanaatti:

- Haasawaa namoota biroo dhaggeeffachuudhaan duubdeebii kennita.
- Falmii nigaggeessita.
- Dubbisa dhiyaate dubbistee yaada dubbisa keessaa nimirkaneeffatta.
- Tarsiimolee garaagaraa fayyadamuudhaan dubbistee yaada kee barreeffamaan ibsita.
- Dubbachuufi barreessuu keessatti jechoota teekinikaafi barnootaa nifayyadamta.
- Hima himamsaa, hima gaaffiifi hima ajajaatti fayyadamta.

Barannoo Tokko: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Gilgaala 1: Gochaalee Dhaggeeffachuun Duraa

A. Gaaffilee armaan gadii barreeffama barsiistuu/-saan keessan isiniif dubbisan dhaggeeffachuun dura hojjadhaa.

1. Gaa'ela fedha maatii irratti hundaa'e moo, kan fedha warra walfuudhuu irratti hundaa'e gaggeessuu wayya? Maaliif?
2. Gosoota fuudhaafi heerumaa keessaa kanneen barmaatilee miidhaa fiduu danda'an tarreessuun gareen waliif ibsaa.

Gilgaala 2: Gochaalee Yeroo Dhaggeeffachuu

A. Himoota armaan gadii osoo gara dhaggeeffachuutti hindarbin dura barreeffadhu. Itti aansuun barreeffama barsiisaan/-tuun siif dubbisan sirriitti dhaggeeffachuudhan bakka duwwaa himootaa guutaa deemi.

1. Gosoonni fuudhaafi heeruma _____ Oromoon qabus hedduudha.
2. Barmaatileen _____geessisan dhalachuun isaanii hin oolle.
3. Nuti dubartoonni gaa'ela _____dura hubannoo keenya cimsachuu qabna.
4. _____sirnoota fuudhaafi heerumaa keessaa bal'inaan kan gaggeeffamudha.
5. Sirni fuudhaafi heerumaa kaadhimmachuu itti fufiinsa akka qabaatuufis _____hawaasa hundaa barbaachisaadha.
6. Akaakuu fuudhaafi heerumaa keessaa_____, _____fi_____ kanneen jedhaman mirgoota dhala namaa ukkaamsanidha.
7. Butiin gocha_____ ta'uu isaa irraa kan ka'e addunyaa hundatu balaaleffata.

Gilgaala 3: Gochaalee Dhaggeeffachuun Boodaa

A. Dubbisa dhaggeeffatte irratti hundaa'uun hiika galumsaa jechootni dubbisicha keessatti qaban filadhu.

1. Hundeessuu
   A. mana godhachuu C. daa'ima dahuu
   B. nama argachuu D. murteessuu
2. Ilaallachuu
   A. ijaan ilaaluu C. kaadhima barbaaddachuu
   B. durba kabajuu D. ijibbaachuu
3. Hacuuccaa
   A. kabaja C. jaalala
   B. firooma D. cunqursaa
4. Hinsaaxille
   A. dhugaa baase C. rakkoo dinagdee hinuumne
   B. hattuu qabe D. hindhoksine
5. Ukkaamsuu
   A. gadi qabuu C. ol qabuu
   B. ifatti baasuu D. of dhoksuu
6. Kudhaammatanii
   A. alagoomsatanii C. ofitti qabatanii/ hammatanii
   B. kaadhimmatanii D. firoomsatanii
7. Dukkaneessanii
   A. ifa dhorkanii C. mirga dhorkatanii
   B. balleessanii D. bultii ijaarratanii
8. Boortaadhaan
   A. harkaan qabuu C. firaan fuudhuu
   B. humnaan D. gadduun
9. Bultii ijaarrachuu
   A. mana bulan ijaaruu C. gaa'ela dhaabbachuu
   B. bakka oolmaa barbaaduu D. qabeenya
10. Tumsuu
   A. mormuu C. kabajuu
   B. deeggaaruu D. dhorkuu

B. Gaaffilee armaan gadii hubannoo dhubbisa dhaggeeffattanii irratti hundaa'uun gareen mari'achuun deebii keessan dareef dhiyeessaa.

1. Ergaan waliigalaa dubbisa dhaggeeffattanii maali?
2. Sirna fuudhaafi heeruma aadaa Oromoo keessaa:
   A. kam deeggarta? B. Kam mormita? Maaliif?
3. Naannoo ati jiraattutti sirna fuudhaafi heerumaa aadaa Oromoo jiran tarreessuun ciminaafi hanqina isaan qaban irratti mari'adhaa.

Barannoo Lama: Dubbisuu

Gilgaala 4: Gochaalee Dubbisuun Duraa

A. Jechoota armaan gadii osoo gara dubbisaatti hindarbin dura gareen ta'uun hiika isaanii tilmaamaa.

1. aantee
2. mara
3. bultii
4. bartee

B. Fakkii armaan gaditti dhiyaate mata duree dubbisaa wajjin walbira qabuun irratti mari'achuun; dareef dhiyeessaa.



Fakkii 1



Fakkii 2

Gilgaala 5: Gochaalee Yeroo Dubbisuu

A. Gaaffilee armaan gadii osoo gara dubbisuutti hindarbin dura dubbisii qalbeeffadhu; sana booda dubbisicha hubannoon dubbisaa deebisi.

1. Akaakuuwwan fuudhaafi heeruma aadaa maal maalfa'i?
2. Sirni fuudhaafi heerumaa kan qeerroofi qarreen fedhii isaanii irratti hundaa'anii walfuudhan isa kami?
3. Durbi tokko aseennaa yemmuu dhaqxu maal maal qabattee deemti?
4. Adeemsa fuudhaafi heerumaa keessaa faallaa Bembeentoo ta'uu kan danda'u kami?
5. Keeyyata dhumaa keessatti ergaa xumuraa dhiyaate baasii barreessi.

FUUDHAAFI HEERUMA AADAA

Gaa'elli dhala namaa biratti sirna kabajamaafi iddoo guddaa qabudha. Innis aadaa hawaasaa kan nama lama walitti fiduun maatii uumudha. Akka aadaa hawaasaatti Qeerroofi Qarree gidduutti gaa'elli kan raawwatamu yemmuu ta'u; hariiroon saalqunnamtiifi ijoollee horachuu sana irraa eegalee akka jalqabutu amanama. Gaa'elli addunyaa mara keessa jirus haala aadaa, jireenya hawaasaa, amantiifi biyyoota adda addaa irratti hundaa'uun seera garaagaraa qaba. Seerri kunis, firooma dhiigaa (aantee), gosa, umurii, sadarkaa jireenyaa, akkaataa raawwii cidhaa… irratti hundaa'a.

Uummanni Oromoo aadaa, duudhaa, seenaafi eenyummaasaa haala garaa garaatiin ibsata. Aadaa uummatichaa boonsaa kana tarreessanii bira gahuun hanga urjii waaqarraa heddummatullee kanneen keessaa aadaa nyaataa, hojii, uffannaa, fuudhaafi heeruma, ayyaaneffannaa, walgargaarsaafi kanneen biroo akka fakkeenyaatti eeruun nidanda'ama. Isaan keessaa aadaa fuudhaafi heerumaa yemmuu ilaallu hawaasni Oromoo haala walfakkaatuun gaa'ela isaa raawwata. Kaan naqataan, kaan hawweedhaan, sabbatmarii (irra dhaabaan), aseennaa, bembeetoo, butii, dhaalaafi gariin immoo walgaratti fayyadamuun bultii ijaarratu (warroomu). Uummata Oromoo birattis namoota umriin isaanii gaa'elaaf gahe firooma dhiigaa kan hinqabneefi saala walii faallaa ta'an lama gidduutti gaa'elli raawwata. Erga gaa'elli gaggeeffamee booda gurbaan fuudhe abbaa warraa yemmuu jedhamu; intalli heerumte immoo haadha warraa jedhamti.

Akaakuuwwan fuudhaafi heerumaa olitti tarreeffaman cufti karaa uummatichi ittiin gaa'ela gaggeeffataa ture ta'ullee, aadaan warroommii Oromoo durii inni caalaatti leellifamuufi kabajamaan naqataan walfuudhuudha. Akka Oromootti sirni fuudhaafi heerumaa naqataan bultii ijaarrachuu fedha gurbaa fuudhuufi durba heerumtuu hanga tokko ofkeessaa qabaatullee

, irra jireessi fedhii maatii irratti hundaa'a. Adeemsi kun kabaja yookiin olaantummaa warra gurbaafi warra intalaaf iddoo guddaa kenna. Kunis, abbaan/ haati abaluu ilma fuusifate/-te ykn. intala heerumsiifate/-te jedhamanii hawaasa keessa jiraatan biratti gurra argachuufi.

Haata'u malee, adeemsi naqatanii fuudhuu(heerumuu) haala sirriin itti hinfayyadamne taanaan faayidaa isaarra miidhaa isaatu caala. Akka bartee hawaasatti fedhiifi beekamtii warra walfuudhuutiin ala dhidhiibbaan dubbiin xumuramutu bartee yeroo dheeraa ture. Kun ammas bakkaafi namoota muraasa biraa gonkuma badeera jechuun hindanda'amu. Kunimmoo gariin haatolu malee sababa dursa beekamtii warra dhimmi ilaallatuun ala bu'uurameef bultiin gama kanaan ijaarame hundi milkaa'uu dhiisuu mala. Gama biraatiin immoo, adeemsi isaa yeroo dheeraa fudhachuurra darbee, jalqabuma irraa maqaafi faayidaaf bakka waan kennuuf gabbara humnaa akkasumas, qabeenyaa hedduu baasuu of keessaa qaba; kunimmoo rakkoo xiinsammuu, hawaasummaafi dinagdee fiduu danda'a.

Kana malees, karaan gaa'elli hundeeffamu keessaa hawwachuu (jaladeemtuun) sirna fuudhaafi heerumaa kan fedhii qeerroofi qarree walfuudhuuf jiran irratti hundaa'uun kan raawwatudha. Adeemsa kana keessatti gurbaan tokkoofi intalli takka garaan walitti nahee waljaalachuun walfuudhuu yoo barbaadan qaama biroo osoo of gidduu hingalchin waliigalanii adeemsa jiru hunda waliin xumurachuun walfuudhanii abbaa warraafi haadha warraa ta'anii waliin jiraachuu jalqabu jechuudha.

Aseennaa (addibaanni) immoo sirna fuudhaafi heeruma aadaa ta'ee, kan intalli takka beekamtii gurbaa, warra isaafi warra isheetiin ala fedhiin jaalala gurbaa tokko irraa ishee qabe irratti hundaa'uun deemtee mana warra gurbaatti seentu jechuudha. Fakkeenyaaf, wantoonni isheen qabattee dhaqxu: hidda biqiltuu kalaalaa jedhamu mataatti marattee, uffata aadaa uffachuudhaan mudhii ishee sabbataan hidhattee, siinqeefi okolee harkatti qabachuun gara mana gurbichaa deemti. Adeemsi kunis, bakkaa bakkatti adda addummaa qabaatullee, raawwiinsaa walfakkaata.

Dabalataanis Bembeentoon adeemsa dhiirri tokko obbolaawwan dubaraa lama fuudhu jechuudha. Kunis yeroo walfakkaatutti osoo hin taane, isheen duraan heerumte akka tasaa yoo duute deebi'ee obboleettii ishee kan fuudhu ta'a. Dhaalli immoo faallaa kanaa yommuu ta'u; abbaan warraa tokko yoo du'e obboleessi isaa haadha warraa isaa fuudha. Walumaagalatti, aadaan fuudhaafi heerumaa aadaa dhalli namaa gaa'ela dhaabbachuun adeemsa jiruufi jireenya lammataa itti eegaludha. Aadaan kunis biyyaa biyyattiifi sabaa sabatti akkasumas, haalota adda addaa irratti hundaa'ee garaagarummaa qabaachuu danda'a. Biyyuma tokko keessattillee aadaan fuudhaafi heerumaa naannoodhaa naannootti akkasamus, godinaa godinatti garaa

garummaa qabaachuu danda'a. Haaluma kanaanis, aadaa fuudhaafi heeruma naannoo Oromiyaa yommuu ilaallu bu'uurrisaa tokko ta'ullee adeemsa irratti godinaa godinatti adda addummaa qaba. Sirna kana keessatti akkuma raawwii irratti garaagarummaan mul'atu darbee darbee barmaatileen miidhaa geessisaniifi sarbamuu mirga namoomaa hordofsiisan mudachuu waan maluuf ofeeggannoon raawwachuun barbaachisaadha.

Gilgaala 6: Gochaalee Dubbisuun Boodaa

A. Gaaffilee armaan gadii kan sirrii ta'e 'dhugaa' kan sirrii hintaane 'soba' jedhii deebisi.

1. Uummanni Oromoo aadaa fuudhaafi heerumaa beekamaa ta'e hinqabu.
2. Aseennaan sirna fuudhaafi heerumaa gabbara xiqqeessuuf yaadamee raawwatudha.
3. Kaadhimmatanii fuudhuun fedhii maatii irratti hundaa'a.
4. Sirna fuudhaafi heerumaa keessaa hawwachuun fedhii warra walfuudhuu irratti hundaa'a.
5. Adeemsa fuudhaafi heerumaa keessatti gabbarri rakkoo dinagdee fiduu danda'a.

B. Jechoota armaan gadiitiif jecha hiika walfakkaatan qabu filadhuu deebisi.

1. Aantee
   - A. alagaa
   - B. dhiira
   - C. fira dhiigaa
   - D. saayiba
2. Eeruu
   - A. kaasuu
   - B. maqaa
   - C. filachuu
   - D. saaxiluu
3. Cufti
   - A. hundi
   - B. marti
   - C. gosni
   - D. AfiB
4. Leellifamuu
   - A. waamuu
   - B. kadhatamuu
   - C. jajamuu
   - D. kaadhimmamuu
5. Bartee
   - A. amaleeffannaa
   - B. barnoota
   - C. kalaqa
   - D. qaroomina
6. Kalaalaa
   - A. sabbata
   - B. gosa biqiltuu
   - C. uffata ammayyaa
   - D. meeshaa aannanii

7. Warroommii

A. jaalala
B. warra ofii
C. fuudhafi heeruma
D. fira ofii

8. Lammii ofii

A. Hidda ofii
B. Alagaa
C. biyya
D. nyaapha

9. Milkii

A. Carraa badaa
B. carraa gaarii
C. hammeenya
D. naatoo

10. Ciicoo

A. meeshaa aannanii
B. meeshaa bunaa
C. meeshaa bishaanii
D. meeshaa nyaataa

Barannoo Sadii: Dubbachuufi Barreessuu

Gilgaala 7: Shaakala Dandeettii Dubbachuufi Barreessuu

A. Dubbisicha irra deebi'uun saffisaan dubbisi. Itti aansuun yaada waliigalaa dubbisicha irraa hubatte cuunfuun afaaniin dareef dhiyeessi.

B. Akaakuuwwan fuudhaafi heeruma aadaa dubbisa olii keessatti ibsaman tarreessuun:

a. Tokkummaa isaanii
b. Garaagarummaa isaanii
c. Faayidaa isaanii
d. Miidhaa isaanii irratti gareen mari'achuun yaada irratti walii galtan afaaniin ibsaa.

Arrabsoo Sirba Gaa'elaa

Sirboota gaa'elaa Uummata Oromoo keessatti arra bsoon baay'ee beekamaadha. Arrabsoowwan kunneen akaakuu garaagaraa ofjalatti qabu. Shamarran yeroo maraa dhimmoota saala waliin walqabateen arrabsamu. Keessumaayyuu, amaloota hawaasni durbarraa hineegamne kanneen akka durbummaa dhabuu, sagaagalummaa, mana maatii ofiitti osoo hin heerumin da'uu fa'aa irratti xiyyeeffata. Warri dhiiraa immoo qabeenya, umriifi amala yaraa qabaachuu irraa kan ka'e arrabsamu.

Walaloowwan sirboota gaa'elaa irra caalaan isaanii durba arrabsu. Qe'ee warra gurbaa fuudhuutti sirbi gaa'elaa weeddifamu akka jirutti intala heerumtu sanaafi obbolaa ishee warra dubaraa kan arrabsudha. Darbee darbee qabeenyaafi sadarkaa jireenya hawaasummaan walqabatee maatiiwwan isheefi firoonni ishee warra fuudhuun ni arrabsamu.

Bifuma walfakkaatuun, qe'ee intala heerumtuutii sirbi gaa'elaa weeddifamu gurbaa fuudhu sana kan arrabsu ta'ee, obbolaafi firoottan isaa waarra shamarraniitu irra caalaa arrabsama. Gama lamaaninuu, darbee darbee arrabsoo kana keessa abaarsi makamee nimul'ata. Sirboota gaa'elaa keessatti arrabsoo wanti adda taasisu jira. Innis, arrabsoon akkuma jirutti waan safuutiin kan guutameedha. Jechoonni saalaa walaloowwan sirba gaa'elaa keessa jiran akka malee maqanii ibsamanii mul'atu. Yoomessa gaa'elaatiin ala warri dhiiraas, warri dubaraas waan safuu akkasitti hindubbatan. Baay'ee nama qaanessa. Guyyaa sirba gaa'elaa sana garuu, wanti nama qaanessu tokkollee hinjiru. Bakka maanguddoonni jiranitti, bakka dhiironniifi dubartoonni naanna'anii daawwatanitti amma sagaleen isaanii danda'e olfuudhanii weeddisu. Yeroo kana sirba gaa'elaa keessatti, safuun nidhaabbatti jechuun nidanda'ama. Kan arrabsames, hingaddu; kan arrabses hingaabbu. Aadaafi yoomessa isaatu eeyyama. Arraba kana keessaa immoo safuu hawaasatu barsiifama. Arrabsoon kun irra keessa yoo ilaalame malee, gadi fageenyaan yoo xiinxalame waan hawaasni gochuu qabuufi gochuu hinqabnetu keessa jira. Waan akkaafi waan akka malee weedduun bashannansiisaa ilaalcha hawaasaa ibsu. Kanaafi, arrabsoo kanaan kan namni walitti hindhukkubsanneef.

Walumaagalatti, arrabsoon gaa'elaa aadaafi safuu hawaasaa ibsuuf kan dhiyaatudha. Innis arrabsoon bifa weedduun kan dhiyaatu ta'ee sirna gaa'ela hawaasaa keessatti aadaa, duudhaafi safuu hawaasichaa ibsuuf yoomessa murtaawaa ta'e keessatti dhiyaata. Arrabsoon gaa'elaa bakkaafi yeroo sirni fuudhaafi heerumaa gaggeeffamutti malee bakkuma argameefi yeroodhuma barbaadan hunda kan itti fayyadaman akka hintaane hubachiisa. Kanaafuu, adeemsa arrabsoo gaa'elaa keessatti waljibbuufi, gadoo walitti qabachuun hinmul'atu.
(Madda:Wiirtuu Jiildii -12, irraa akka qabiyyee barnootaaf ta'utti citee kan fudhatamedha.)

C. Gaaffiiwwan armaan gadii barruu arrabsoo gaa'elaa jedhu dubbiste irratti hundaa'uun qubee deebii sirrii qabate filachuun deebisi.

1. Barruun olii keeyyata meeqa irraa ijaarame?

   A. Keeyyata lama
   B. Keeyyata afur
   C. keeyyata shan
   D. keeyyata sadii

2. Hima ijoo keeyyata 2ffaa kan ta'e kami?

   A. Arrabsoon gaa'elaa hawaasa gidduutti miidhaa hawaasumma fida.
   B. Sirboota gaa'elaa keessaa arrabsoo wanti adda isa taasisu jiraachuu.
   C. Walaloowwan sirboota gaa'elaa irra caalaan isaanii durba arrabsu.
   D. Walaloowwan sirboota gaa'elaa irra caalaan isaanii dhiirota arrabsu.

3. Dubbisa armaan olii keessatti jireenya hawaasummaa irratti hundaa'uun kan arrabsamu eenyu?
   A. Maatii gurbaa fuudhuu
   B. Obboleewwan gurbaa fuudhuu warreen dubara ta'an
   C. Maatii intala heerumtuu
   D. Afi B deebiidha.
4. Sababni arrabsoo gaa'elaa keessatti namoonni walitti aaruu hindandeenyeef maali?
   A. Firooma itti aanee dhufu waan sodaataniif
   B. Yoo walitti aaran jaarsa biyyaa waan sodaataniif
   C. Arrabsoon gaa'elaa seera mootummaa keessatti eeyyamamaa ta'ee waan jiruuf
   D. Aadaafi safuu hawaasaa barsiisuuf waan dhiyaatuuf
5. Yoomessa arrabsoo gaa'elaa kan ibsu isa kami?
   A. Yeroo jala bultiifi guyyaa cidhaa mana warra intala heerumtuufi mana warra gurbaatti.
   B. Guyyaa durba ilaallatan mana warra intala ilaallataniitti.
   C. Gaafa cidhaa mana warra gurbaa qofaatti.
   D. Guyyaa hunda bakka barbaadanitti itti dhimma ba'uun nidanda'ama.
6. Yeroo arrabsoon gaa'elaa arrabsamu safuun nidhaabbatti jechuun maal jechuudha?
   A. Lafaa ol kaati jechuudha.
   B. Jechoonni safuu agarsiisan hinlagataman jechuudha.
   C. Namootni arrabsoo arrabsan dhaabbatanii arrabsu jechuudha.
   D. Jaarsaafi jaartinis arrabsoo keessatti hirmaatanii arrabsu jechuudha.
7. Akka dubbisa armaan oliitti arrabsoo arrabsuu irratti irra caalaa kan hirmaatu eenyu?
   A. Gurbaa fuudhuufi intala heerumtu
   B. Maanguddoota naannoo warra gurbaa fuudhuufi intala heerumtuu
   C. Dubaroota obboleewwaniifi hiriyoota gurbaa fuudhuu akkasumas, intala heerumtuu
   D. Namoonni hunduu itti hirmaatanii arrabsuus ta'ee, arrabsamuu nidanda'u
8. Jechoonni saalaa walaloowwan sirba gaa'elaa keessa jiran akka malee maqanii ibsamanii mul'atu yoo jedhu maal jechuu barbaadeti?
   A. Arrabsoo irratti garmalee xiyyeeffatanii qindaa'anii dhiyaatan jechuudha.
   B. Jechootatu waan qophaa'aniif dhiisanii nama arrabsuuf dhimma itti ba'ame jechuudha
   C. Jechoonni walaloo arrabsoo gaa'elaa keessa jiran karaarraa maqfamanii arrabsoof oolfaman jechuudha
   D. Jechoota irra deddeebi'amantu arrabsoo gaa'elaa keessatti mul'ata jechuudha
9. Arrabsoo gaa'elaatiin namni walitti hindhukkubsatu jechuun maal jechuudha?
   A. Arrabsoon gaa'elaa dhukkuba hinqabu jechuudha
   B. Osoo walitti aaranuu safuu sodaatanii waliif dhiisuu jechuudha
   C. Safuufi aadaa irraa barachuuf waanta'eef akka arrabsootti hinqabatamu jechuudha.
   D. Arrabsoon hinjiru yoo ta'e, gaa'elichi milkaa'uu hindanda'u waanta'eef

10. Kaayyoon dubaroota irratti arrabsoon gaa'elaa akka cimu taasisan maal fa'i?

A. Olaantummaa dubartootaa agarsiisuuf yaadameeti

B. Olaantummaa dhiirotaa agarsiisuuf yaadameeti

C. Olaantummaa dubartootaa ittiin too'achuuf yaadameeti

D. Amaloota dubararraa hineegamne kanneen akka durbummaa dhabuufi gaa'elaan dura sagaagaluu fa'aa ittiin qeequuf yaadameet

D. Mata dureewwan armaan gaditti siif kennaman keessaa tokko filachuun barruu seensa, qaamafi yaada guduunfaa qabu barreessi.

1. Nyaata aadaa
2. Ayyaana Irreechaa
3. Sirna Gadaa
4. Tapha kubbaa miilaa

Barannoo Afur: Caasluga: Himootaafi Gosoota isaa

Gilgaala 8: Shaakala Himootaa

A. Himoota armaan gadii dubbisuun garaagarummaa isaan gidduu jiru hubadhu.

a. Barnoonni furtuu rakkinaati.

b. Namichi kun akkam furdata!

c. Odaan Nabee eessatti argama?

d. Ka'ii balbala cufi!

Yaadannoo

Himni qindoomina jechootaa ta'ee; ergaa dabarsuu kan danda'udha. Himni yoo xiqqaate mathimaafi gochima kan qabu, yaada guutuu kan dabarsu, hawaasa afaanicha dubbatu biratti fudhatama kan qabuufi tuqaaleedhaan kan goolabamudha. Afaan Oromoo keessatti gosoota himootaa adda addaatu jiru. Gama tajaajila isaan kennan irratti hundaa'uun yoo ilaalaman: hima himamsaa, hima gaaffii, hima ajajaafi hima raajeffannoo jedhamanii beekamu. Himoonni kunniin tokkoo tokkoon isaanii sirnoota tuqaalee waliin deeman qabu.

A. Hima Himamsaa/Addeessaa

Himni kun akaakuu himaa odeeffannoo dabarsuuf tajaajiludha. Himni kun kanneen tuqaadhaan goolabaman keessaa tokko.

Fakkeenyaaf, Jiituun barattuu cimtuudha.

Namni cimee hojjetu, milkaa'uun isaa hinoolu.

B. Hima Gaaffii

Himni gaaffii hima waa'ee waan tokkoo odeeffannoo barbaaduuf tajaajiludha. Hima kana gaaffii agarsiisuu isaa kan mul'isus mallattoo gaaffii dhumarraa qabaachuu isaati. Kana malees, jechoota akka: maal, yoom, attamitti, eenyuufi kkf. of keessaa qaba.

Fakkeenya, Barattoonni maaliif hafan?

Gosoota nyaata aadaa Oromoo maalfaa beekta?

C. Hima Ajajaa

Himni kun ergaa ajaja of keessaa qabu dabarsuu irratti kan xiyyeeffatudha. Kunis, dheekkamsa, affeerraa, kadhaafi kkf. kan of keessaa qabudha. Himni ajajaa mallattoo raajeffannoo yookiin tuqaadhaan xumurama.

Fakkeenya, Boru kitaaba fidaa koottaa.

Ka'ii mana kanaa ba'i!

D. Hima Raajeffannoo

Himni raajeffannoo yaada nama ajaa'ibsiisuufi yaada nama gaddisiisu kan of keessaa qabu; ta'ee yeroo hunda waan miira namaa tuqu ibsuuf kan tajaajiludha.

Fakkeenya, Uggum! Yaa Rabbi nu baraari!

Baaccuun akkam bareeddi!

B. Himoota armaan gaditti dhiyaatan tajaajila isaan kennan irratti hundaa'un gosa himaa kam akka ta'aniifi tuqaalee isaan fudhachuu qaban addaan baasii ibsi.

1. Hojiin bu'uura guddinaati
2. Finfinneen yoom hundeeffamte
3. Safuu Maali tun kan qullaa deemtu
4. Jiituun akkam bareeddi
5. Gaafa barnoota xumurte maal ta'uu feeta
6. Jabaadhuu hojjedhu
7. Abbabaa Biqilaa hangafa atileetota biyya keenyaati
8. Jeneraal Taaddasaa Birruu yoom dhalatan

C. Jechoota kanaan gadii keessaa filachuun himoota itti aanan guutuu taasisi.

nama	haadha warraa	ofittoo
kabajamaa	abbaa warraa	aadaa
bu'aa bayii	jibbullee	qoosaa
maal nadhibdeen	Jabaatanii	cimanii
jaalatullee	mana barumsaa	deemtee

1. Ummanni Oromoo uummata _____bal'aa qabudha.
2. Ani nama_____!akkanaa argee hinbeeku.
3. Dhiirri erga fuudhee booda_____jedha jedhama.
4. Jiruufi jireenyi _____hedduu ofkeessaa qaba.

5. Gaa'elli dhala namaa biratti sirna _____fi iddoo guddaa qabudha.
6. Ka'i! ciree nyaadhuu;_____deemi.
7. Ati Magaalaa Shaashamannee_____beektaa?
8. _____barannaan, barnoonni jireenya gadadoo keessaa nama baasa.
9. Hojiin_____hojjetamu bu'aa isaarra miidhaa isaatu caala.
10. Gurbaan intala_____yoo intalli fedhii itti heerumuu hinqabdu ta'e rakkisaadha.

Yaadannoo sirna Tuqaalee

Sirna tuqaalee jechuun mallattoolee barreeffama tokko keessa galuun yaada barreeffamichaa guutuu taasisudha. Sirni tuqaalee gosoota adda addaa kan ofkeessaa qabu ta'ee, isaan keessaa muraasa isaanii akka armaan gadiitti ilaaluu dandeenya.

Tuqaa (.): Barreeffama keessatti tuqaan tajaajiloota armaan gadii qaba.

- Himni tokko xumuramuu agarsiisuuf.
  Fakkeenya, Irbaata koo nyaadhe.
- Kottoonfannaa agarsiisuuf.
  Fakkeenya, Hubachiisa= Hub.
  Yookiin=Ykn.
- Gabaajee agarsiisuuf.
  Fakkeenya, Biiroo Barnoota Oromiyaa = B.B.O
  Dhaabbata Fayyaa Addunyaa = Dh.F.A
- Herreega keesstti lakkoofsa guutuufi haftee adda baasuuf.
  Fakkeenya, 86.5

Mallattoo Gaaffii (?): Barreeffama keessatti tajaajiloota armaan gadii qaba.

- Dhuma hima gaaffii ta'ee agarsiisuuf tajaajila.
  Fakkeenyaaf, Yoom eebbifamta?
- Yaada tokko irratti shakkiin jiraachuu agarsiisuuf hammattuu keessa kaawwama.
  Fakkeenya, Taaddasaa Birruu bara 1920tti (?) dhalate.

Mallattoo Raajeffannoo (!): Barreeffama keessatti tajaajiloota armaan gadii qaba.

- Dhuma hima raajeffannoo ta'e agarsiisuuf gala.
  Fakkeenya, nama gaarii akkamii seete!
- Jecha gaalee yookiin gaalima caasaan walgitan booda gala.
  Fakkeenya, Dhaabi! Ati kan gamasii ilaalladhu.
- Hima ajaja cimaa ibsu booda gala.
  Fakkeenya, Usi! Waatokkollee hindubbatin!
- Xiyyeeffannaa yaada tokkoo agarsiisuuf gala.
  Fakkeenya, ni injifanna!

Sarara xiqqaa (-): Sararri xiqqaan tajaajila armaan gadii qaba.

- Jecha jechoota lama irraa uumame gidduutti iddoo sagaleen keessaa hafetti gala.

  Fakkeenya, saba + quunnamtii = Sab-quunnamtii

- Qarqara yookiin dhuma sarara barreeffamaa irratti jecha addaan cite agarsiisuuf.

Fakkeenya, Barreeffama tokko dubbisnee yaada waliigala isaa huba-Chuuf yaada ijoo barreeffamichaa addaan baafachuun barbaachisaadha. Jechi tokko kan addaan citee sarara itti aanutti ce'u birsaga irrattidha.

Tuttuqaa/Fuftuu (…): Barreeffama keessatti yaanni tokko citee hafuu agarsiisa. Iddoo yaada osoo hin barreeffamiin hafetti bakka buuti jechuudha.

Fakkeenya, Afaan ibsituu aadaa, duudhaa, seenaafi…uummataati.

Buufata xiqqaa (;): Yaadota guutuu lama gidduu boqonnaan jiraachuu agarsiisuuf tajaajila.

Fakkeenya, Boontuun konkolaataa bitte; Kuulaniin immoo mana nyaataa banatte.

D.Sirna tuqaalee irratti hundaa'uun qubee deebii sirrii qabate filadhu

1. Mallattoolee armaan gadii keessaa jechoota tisheessuuf kan tajaajilu kami?
   A. Fuftuu C. mallattoo raajeffannoo
   B. Sarara xiqqaa D. qoodduu
2. Faayidaa tuqaa kan hintaane kami?
   A. Xumura hima himamsaa galuu C. yaada deebii barbaadu ibsuu
   B. Jechoota gabaajee taasisuu D. lakkoofsa guutuufi haftee adda baasuu
3. Mallattoon himoota adda addaa lama gidduu galuun hima tokko taasisuu danda'u kami?
   A. **:** C. **,**
   B. **;** D. **!**
4. Hima ajaja cimaa agarsiisu booda mallattoon galuu danda'u kami?
   A. ! C. -
   B. ? D. ( )
5. Sirni tuqaa, barreeffama keessatti yaadni tokko citee hafuu agarsiisu isa kami?
   A. Sarara xiqqaa C. buufata xiqqaa
   B. qoodduu D. fuftuu

Gilgaala 9: Falmii gaggeessuu

A. Mata dureewwan armaan gaditti dhiyaatan keessaa filachuun seerota falmiif barbaachisan hordofaa gareen falmii gaggeessaa.

A. Gaa'ela fedha maatii irratti hundaa'e gaggeessuu moo, kan fedha warra walfuudhuu irratti hundaa'e gaggeessuu wayya?

B. Sirna fuudhaafi heerumaa aadaa keessaa naqataan walfuudhuu moo, hawwii/jaladeemtuun/ walfuudhuu wayya?

C. Kalaqa biyya keessaa cimsinee itti fayyadamuu; kalaqa biyyoota alaa fudhachuun itti fayyadamuu.

BOQONNAA SADII

DUBARTOOTAAFI MISOOMA

Kaayyoowwan: Xumura Boqonnaa Kanaatti:

- Miidiyaalee garaagaraa dhaggeeffachuudhaan ilaalcha dubartootaa, dhimmoota dubartootaa garaagaraa, waa'ee dubartootaafi misoomaa haasa'an madaalta.
- Yaada murtaa'aaf saffisaan dubbista.
- Waa'ee dubartootaafi misoomaa afgaaffii qopheessuun afaaniin gabaasta.
- Cuunfaa barreeffamaa/afee dhiyaatee keeyyata tokkoon dhiyeessita.
- Himoota salphaa, dachaafi xaxamaa ijaaruun itti fayyadamta.

Barannoo Tokko: Dhaggeeffachuu

Gilgaala 1: Gochaalee Dhaggeeffachuun Duraa

A. Gaaffilee armaan gadii dubbisa barsiisaan/-tuun isiniif dubbisan dhaggeeffachuun dura gareen irratti mari'adhaa.

1. Gaheen dubartootaa maal maal fa'i jettee yaadda?
2. Naannoo ati jiraattutti dubartootaaf ilaalcha akkamiitu hawaasa keessa calaqqisa?
3. Hirmaannaa dubartootaa gama humdaan cimsuuf koorniyaa idileessuun gahee eenyuti?

Gilgaala 2: Gochaalee yeroo Dhaggeeffachuu

B. Jechootaafi gaaleewwan armaan gadii dubbisa Barsiisaan/-tuun siif dubbisan dhaggeeffachuu osoo hineegalin barreeffadhu. Itti aansuun yeroo siif dubbifamu sirriitti dhaggeeffachaa hiika jechootaafi gaaleewwan kanneen gituu danda'an barreessi.

1. maksuuf
2. burquu
3. shoora guddaa
4. dubbii ijoo
5. balfamaa

Barannoo Lama: Dubbachuu

Gilgaala 3: Shaakala Dandeettii Dubbachuu

Barsiisaa/-tuun keessan dubbisicha irra deebi'anii siif dubbisu. Atimmoo callisaan dhaggeeffachaa, gaaffilee itti aananan hima sirrii ta'e "dhugaa" kan sirrii hintaane "soba" jechuun afaaniin deebisi; sababa dhugaa yookiin soba jetteefis ibsi.

1. Hirmaannaan dubartoonni misooma keessatti qaban akka biyya keenyaatti gadi aanaadha.
2. Miidiyaan rakkoo hirmaannaa dubartoonni misooma keessatti qaban maqsuuf qooda bahuu qaba.
3. Dubartoonni biyya keenyaa misooma keessatti malee, guddina saayinsiifi teekinooloojii keessatti hirmaannaa hinqaban.
4. Afrikaa keessatti fakkeenya dubartoota aangessuun kan ibsaman Keeniyaafi Taanzaaniyaadha.
5. Biyyoota garagaraa keessatti dubartoota misooma irratti hirmaachisuu malee, aangessuun ammallee hinjalqabamne.

Barnnoo Sadii: Dubbisuu

Gilgaala 4: Gochaalee Dubbisuun Duraa

A. gaaffilee armaan gadii osoo gara dubbisuutti hindarbin dura gareen irratti mari'achuun deebii keessan afaaniin deebisaa.

1. Guddina misooma biyya tokkoo keessatti hirmaachuun gahee garee hawaasa isa kamii ta'uu qaba?
2. Bu'uurri guddina dinagdee biyya tokkoo maal ta'uu danda'a jettee yaadda?
3. Akka biyya keenyaatti dubartoota hojii misoomaa irratti hirmaachuun biyyaaf bu'aa buusan tarreessuun ibsaa.

Gilgaala 5: Gochaalee Yeroo Dubbisuu


A. Jechoota armaan gadii gara dubbisuutti osoo hindarbin dura barreeffadhu; dubbisicha sakatta'aan dubbisuun hiika isaanii tilmaami.

1. haguugamuu
2. qixa hundaan
3. milkaa'ina
4. hirmaannaa
5. gita
6. dagaaguu

B. Jechoota gilgaala 4A jalatti hiika galumsaa kenniteef hiika galmee jechootaa isaan qabaachuu danda'an baasuun barreessi.



Fakkii 1



Fakkii 2



Fakkii 3

Fakkiiwwan armaan olii erga ilaaltee booda dubbisa itti aanu dubbisi.

DUBARTOOTAAFI MISOOMA

Guddina biyya tokkoo keessatti hirmaannaan dubartootni misooma keessatti taasisan shoora olaanaa qaba. Hojiiwwan misooma hawaasaa gama barnootaan siyaasaan, dinagdeefi hawaasummaa keessatti qoodni dubartootni bahan daran olaanaadha. Dubartoonni

Daa'imman dahuufi guddisuu, jiruufi jireenya maatii gaggeessuu, hojiilee misooma adda addaa keessatti guutummaan hirmaachuu caalaayyuu baadiyyaa keessatti hojii qonnaan;

magaalaa keessatti immoo daldalaafi hojiiwwan humnaa irratti dhiirota waliin hiriiruudhaan ifaajeen isaanii hedduudha. Qoodni dubartoonni addunyaaf gumaachan yeroo hedduu olaantummaa dhiirotaan haguugamaa kan ture ta'ullee,

kana qofaa osoo hintaane, hojiiwwan hooggansaa sadarkaa adda addaa irratti gaheen dubartootaa kan warra dhiirotaatii gadi miti. Hojiin misoomaa hirmaannaan dubartootaa keessa hinjirre galma barbaadame gaha jedhanii amanuun dhugaa jiru haaluudha. Biyyoota guddachaa jiranitti baadiyyaas ta'ee, magaalaa keessatti hojiiwwan mana keessaa: qophii nyaataa, kunuunsa daa'immaniifi alattis oomisha adda addaa irratti hirmaannaan isaanii dachaa warra dhiirotaa ta'a. Biyyoota guddatan keessattis karooraafi raawwii hojii biyya tokkoo keessatti gaheen dubartootaa qixa hundaan dhiirotaa gadi miti. Milkaa'ina guddina misooma biyya tokkoof qoodni dubartootaa kan dhiirotaa yoo durse malee, hinxiqqaatu. Misoomni kan dagaagu, biyyis kan guddattu lammiin biyya sanaa naamusa gaariifi dandeettii hojii uumuu horatee waldanda'uun cimee yoo hojjetedha. Nama naamusa, jaalala biyyaafi dandeettii hojii uumuu gahaa qabu hawaasa keessaa addunyaaf gumaachuu irratti immoo qoodni dubartootaa gita hinqabu.

Haata'u malee, dubartoonni qooda olaanaa qabaatan illee, biyyoota misoomaan boodatti hafan keessatti mana keessaa eegalee hanga sadarkaa biyyaatti qoodni dubartoonni murtoo kennuufi dinagdee hoogganuu keessatti qaban kan dhiirotaa waliin yemmuu madaalamu baay'ee gadi aanaadha. Kunimmoo, guddina dinagdeefi hawaasummaa biyya tokkoorratti karaa hundaan dhiibbaa uumuun isaa ifa. Muuxannoo kanaan dura ture irraa kan hubatamu hojiiwwan misoomaa dhiirotaan kan karoorfamaniifi raawwataman ta'uu isaaniiti. Dubartoonni itti hirmaatu yoo jedhaman illee humna isaanitti fayyadamuuf malee qoodni isaan hojicha keessatti qaban murteessaafi barbaachisaadha jedhamee miti. Kunimmoo sababa masluufummaafi ofittummaa warra dhiirotaa irraa kan madde malee, hojii irratti gahumsa dhabuu dubartootaa miti.

Haata'u malee, yeroo ammaa dubartoonni hojii kamiyyuu irratti dhiirotaan walqixa hirmaachuun bu'aa guddaa buusaa kan jiran ta'uun bal'inaan amanamaa dhufee jira. Hojiiwwan misoomaa addaan baasuu, karoorsuufi hojiirra oolchuu keessatti dubartoonni gahee qabaachuu qabu. Kana malees, misooma biyya tokkoo caalaatti guddisuuf barachuu qabu. Carraa barnootaa bal'inaan yoo argatan beekumsaafi dandeettii duraan qaban caalaatti cimsatu. Beekumsaafi hubannoo gonfataniin biyya tajaajiluu keessatti kaka'umsa horatu; gahee isaaniis qixaan nigumaachu jechuudha. Adeemsa kana keessatti misoomaafi guddina hawaasummaa cimsuufis qooda guddaa fudhatu. Gumaachi isaan

guddina biyyaa keessatti taasisanis iddoo olaanaa qabaachuun milkaa'ina isaanii ariifachiisa. Dimshaashumatti, hirmaannaa dubartootaatiin ala guddinni misooma biyya tokkoo nimirkanaa'a jedhanii yaaduun of mooksuudha. Kanaafuu, dhaloonni yeroo ammaa dogoggora saala ilaalchisee baroota darban keessa ture hubachuun walqixxummaa saalaatti amanuu qaba. Gahee dubartoonni misooma keessatti qaban hubachuufis ilaalcha dogoggoraa fooyyessee hirmaannaa isaan adda durummaan siyaasa, dinagdeefi hawaasummaa biyyaa keessatti qaban cinaa dhaabbatee deeggaruun barbaachisaadha.

Barannoo Afur: Barreessuu

Gilgaala 6: Gochaalee Dubbisuun Boodaa

A. Dubbisa armaan olitti dubbiste irra deebi'uun saffisaan dubbisi. Itti aansuun gaaffilee siif dhiyaataniif deebii sirrii ta'e barreessudhaan deebisi.

1. Yaada dubbisa armaan olii cuunfuun keeyyata tokkotti deebisii barreessi.
2. Mata dureewwan siif kennaman keessaa tokko filachuun barruu seenessaa qaama barreeffamaa guutuu qabu tokko barreessi.
   A. Dr. Kabajaa Abbabachi Goobanaa
   B. Atileet Komaandar Daraartuu Tulluu

B. Himootni armaan gadii duraa duuba sirriin hinbarreeffamne. Himoota kanneen sirreessuun barruu keeyyata lama qabu ijaari.

Mata duree keeyyatichaa: Kunuunsa Qabeenya Uumamaa

Keeyyata 1ffaa ijaaruuf himoota kanneen qindeessi.

1. Isaanis: biyyee, qilleensa, bosona, laggeen, haroowwan, albuudaafi bieensaota bosanaa maqaa dhahuun nidanda'ama.
2. Wantoonni lubbuu qabaniifi lubbuu hinqabne qabeenya uumamaati.
3. Qabeenya uumamaa jechuun lafa irra jiraannuufi wantoota lafa irra jiran huda.
4. Isaan kunis, jireenya dhala namaatiif barbaachisoodha.a

Keeyyata 2ffaa itti aanu ijaaruuf himoota armaan gadii qindeessi.

1. Bosonnii barbadoofnaan haalli qilleensa jijjiiramee caamsaa buusuudhaan beela fida.
2. Kun ta'uu baannaan, qabeenyi uumamaa nibarbadaa'a.
3. Qabeenyawwan uumamaa akka hinbarbadoofne goonee itti fayyadamuufi labata dhufutti dabarsuun barbaachisaadha.
4. Bineensonni dinagdee biyyaatiif bu'aa guddaa argamsiisanis biyyaa nigodaanu.
5. Biyyeen akka salphaatti lolaan dhiqamu ykn bubbeen haramu ta'a.

6. Walumaagalatti, madaalliin naannoo akka hnjijjiiramnetti eegumsi godhamuufii baannaan lafa kanarra jiraachuun rakkisaa ta'uusaa beekuun murteessadha.
7. Kanamalees, laggeeniifi haroowwan nigogu.

Barannoo Shan: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 7: Hiika walfakkeenya jechootaa

A. Jechootni armaan gaditti dhiyaatan dubbisa olii keessaa bahan. Jechoota roga "A" jalatti kennaman hiika isaanii roga "B" jala jiran wajjin walitti firoomsi.

A	B
1. Haaluu	A. gowwoomsuu
2. Ifaajee	B. si'aayina
3. Milkaa'ina	C. beekumsa
4. Shoora	D. gargaarsa
5. Kaka'umsa	E. dhamaatii
6. Gumaacha	F. dandeettii
7. Mooksuu	G. dhibaahummaa
8. Qaroomina	H. gahee/qooda
9. Masluufummaa	I. tattaaffii
10. Gahumsa	J. galma ga'insa
	K. dhugaa dhoksuu

B. gaaffilee armaan gadiitiif qubee deebii sirrii qabate filachuun deebisi.

1. _____namaa ilaalanii carraa jireenya namaa tilmaamuun nidanda'ama jedhama.
   A. fuula C. barruu
   B. garaa D. ija
2. Durbi yeroo ammaa _____hin aaddattu.
   A. qarree C. rifeensa
   B. aadaa D. qeensa
3. Namni tokko tokko jibbuma xiqqoorraa ka'ee haaloo namatti qabachuu jaalata. Hiikni jecha jala muramee,
   A. jaalala C. jibba
   B. gadoo D. gaabbii
4. Haasawaan isaanii waan isatti hin tolleef mataa maree isaan biraa kute. Hiikni himoota jala muramanii walduraa duubaan:
   A. gammadee/ fiige C. lolee/ sokke
   B. Jibbee/ taa'e D. jibbee/ deeme

5. Cimanii hojjetan malee harkamaratanii taa'uun kiila hinlixan. Hiikni kiila lixuu maali?

A. lafa qotanii midhaan baay'ee galchuu
C. loon baay'ee horsiisuun sooromuu
B. daldaalanii qarshii hedduu argachuu
D. biqiltuu dhaabanii bu'aa irraa argachuu

6. Sooressaan ammuma kana mana keenya cinaa lufe.

A. mana keenya ga'e
C. gara mana keenyatti dhufe
B. mana keenya lixe
D. darbe

7. Sa'a damboobee gaadiifi soogidda malee elmatu.

A. sa'a garraamii
C. sa'a buubaa
B. sa'a aannan qabdu
D. sa'a gu'e

8. Soorettiin jireenya qananii keessatti guddatte.

A. jireenya badaa
C. jireenya ulfaataa
B. jirenya gaarii
D. jireenya qaalii

9. Namichi kun gaaddidduu hinqabu; kanuma nama bira ga'e argu.

A. dafee dafee deema
C. osoo hin argin nama biraan ba'a
B. halaalaa mul'ata
D. nidukkanaa'a

10. Barana oomishni garmalee waantoleef midhaan gabaatti hafe.

A. baay'ee qaala'e
C. gabaa bule
B. baay'ee bushaa'e
D. homtuu hingalle

Barannoo Ja'a: Seerluga/Caasluga

Gilgaala 8: Caasluga: Himootaafi Caasaa Isaanii

A. Himootni armaan gaditti tarreeffaman caasaan isaanii garaagara. Himoota kanneen dubbisii hubadhu.

1. Caalaan boru Adaamaa deema.
2. Daraartuun ganama shaayii dhugde; Tulluun garuu buna dhuge.
3. Aadaa Oromoo erga jaalattee, Afaan Oromoo sirriitti baradhu.
4. Mana barumsaa yemmuu deemtuufi yemmuu galtu, natti gori.

Himoota armaan olitti barreeffaman keessaa himni 1ffaa irra jiru gochima 'deema' jedhu qofa of keessaa qaba. Kanaaf himni kun hima salphaa jedhama. Himni 2ffaan gochima 'dhugde'fi 'dhuge' jedhu qaba. Gama biraatiin ciroo of danda'aa lama irraa ijaarame. Kanaaf, hima dachaa jedhama.Himni lakkoofsa 3ffaa irratti argamu ciroo hirkataa tokkoofi of danda'aa tokko irraa ijaarame. Himni kun hima xaxamaa jedhama. Himni lakkoofsa 4ffaa irra jiru ciroo hirkataa lamaafi of danda'aa tokko of keessaa qaba; himni kun immoo hima dachaa xaxamaa jedhamee waamama.

Hubadhu: Himoonni Afaan Oromoo unka yookiin caasaa isaaniirratti hundaa'uun bakka afuritti

qoodamu. Isaanis: Hima salphaa, hima dachaa, hima xaxamaafi hima dachaa xaxamaa jedhamu. Himni salphaan mathima tokko ykn isaa oliifi gochima tokko qofa irraa ijaaramuu danda'a. Himni dachaan ciroo of danda'aa lamaafi lamaa ol irraa ijaaramuu danda'a. Karaa biraatin, gochima lama of keessaa qaba jechuudha. Himni xaxamaan hima ciroo hirkataa tokko qofaafi ciroo of danda'aa tokko yookiin tokkoo ol of keessaa qabudha. Himni dachaa xaxamaan immoo hima ciroo hirkataa tokkoo oliifi ciroo of danda'aa tokko ykn tokkoo ol of keessaa qabudha.

Himoota armaan gadii unka isaanii irratti hundaa'uun gosoota isaanitti addaan baasii caasaalee isaan irraa ijaaramanis ibsi.

1. Seenaan Birbirsa Gooroo geessee deebite.
2. Yemmuu Caffee Araaraa deemtu, nawaami wajjin deemnaa.
3. Boossus, maraattus, kan du'e hingaluu obsi!
4. Eebbaafi Eebbiseen mana barumsaa deeman.
5. Inni yoo bahus, yoo galus, waa'ee barnoota isaa haasa'a.
6. Hammamiyyuu yoo rakkatte, lammii kee hinganin.
7. Joortee hinjoowwarinii, taa'ii biyya keetti hojjedhu.
8. Koottuu buna dhugi.
9. Gaaddisaan Gaaddisee fuudhe.
10. Qorumsan darba yoo jette, jabaadhuu qo'adhu.

BOQONNAA AFUR

GARAAGARUMMAA KEESSATTI TOKKUMMAA

Kaayyoowwan: Xumura Boqonnaa Kanaatti:

- Dubbattoota garaagaraa dhaggeeffachuudhaan xiinxala dhiyeessita.
- Tarsiimoolee dubbisuu: saffisaan, sakattaafi gadifageenyaan dubbisuudhaan hiika yaada addaa baasta.
- Barreessuufi dubbachuu keessatti ibsa mammaaksotaa fayyadamta.
- Hiika walfakkiifi faallaa jechootaaf kennita.
- Ciroowwan adda baasuun ibsita.

Barannoo Tokko: Dhaggeeffachuu

Gilgaala 1: Gochaalee Dhaggeeffachuun Duraa

A. gaaffilee armaan gadii osoo gara dhaggeeffachuutti hindarbin dura gareedhaan irratti mari'adhaa.

1. Haasawaan maali?
2. Ati haasawaa gaggeessitee yookiin haasawaa keessatti hirmaattee beektaa?
3. Ayyaanni uummattoonni Itoophiyaa hedduun wajjin kabajan kam fa'i?
4. Duudhaaleen jiraattonni magaalaa Finfinnee waliin hordofan jiraa? Yoojiraate maalfa'i?
5. Bu'aan kabajni Ayyaana Irreecha Finfinnee gama dinagdeefi hawaasummaatiin sabaafi sablammoota magaalchaatiif buusu maali?

Gilgaala 2: Gochaalee Yeroo Dhaggeeffachuu

A. gaaffilee armaan gadii barreeffama Barsiisaan/-tuun siif dubbisan dhaggeeffachuu osoo hineegalin dubbisii barreeffadhu. Yeroo siif dubbifamu sirriitti dhaggeeffachaa deebii Gaaffilee barreeffattee deebisaa deemi.

1. dhangi'ame
2. kuulamanii
3. kililchuu
4. dugdaafi garaa
5. aannaniifi bassoo

Gilgaala 3: Gochaalee Dhaggeeffachuun Boodaa

A. Dubbisa dhaggeeffatte irratti hundaa'uun gaaffilee armaan gaditti dhiyaatan deebii isaanii gabaabsii barreessi.

1. Mata dureen haasawaa dhaggeeffattee maal akka ta'eefi dhimma inni irratti xiyyeeffate gabaabsii barreessi.
2. Gosoota Oromoo dur Finfinnee jiraachaa turan tarreessuudhaan, Hora Finfinnee eenyu akka dursee saaqe ibsi.
3. Magaalaan Finfinnee garaagarummaa sabaafi sablammootaa haala kamiin keessummeessaa akka turteefi jirtu ibsi.
4. Kabajni Ayyaana Irreechaa Hora Finfinnee jiraattota magaalichaatiif bu'aa maalii buusa?
5. Yaadoleen lamaan haasawaa dhaggeeffatte keessatti walmorman maalifi maal turan? Yaada isa kamtu fudhatama qaba jettee yaadda? Maalif ?

Barannoo Lama: Dubbachuu

Gilgaala 4: Shaakala Dandeettii Dubbachuu

A. Haasawaa Abbaan Gadaa kabaja Ayyaana Irreecha Finfinnee ilaalchisee taasise dhaggeeffatteerta. Amma immoo, haasawaa taasisuun dura qajeelfamoota sirna haasawaa armaan gaditti dhiyaatan sirriitti qalbeeffadhu.

Qajeelfamoota sirna haasawaa

1. Mata duree haasawaa kee adda baafadhu. Waandubbachuuf barbaaddu irratti yeroo bal'aa fudhuutii yaadi. Itti aansuun qabxiiwwan gurguddaa haasawaaf sigargaaran qabadhu.
2. Haasawaa keef ragaa kitaaba ykn. namoota irraa argatte bu'uureffadhu.
3. Haasawaa taasisuuf dursa waan barreeffattee qabatte irra deebi'uun dubbisi.
4. Yaadannoo qabatte duwwaa ilaaludhaan, yaada qindeeffatte hunda walduraa duuban dubbachuu danda'uu kee irra deddeebi'ii shaakali.
5. Yaada kee sodaa tokko malee ibsi.
6. Seensa haasawaa keetii irratti hirmaattota nagaa gaafachuun fuula ifaan simadhu. Dhuma irratti haasawaa goolabuu kee ibsuudhaan hirmaattota galateeffadhu.

Haasawaa dhaggeeffatteefi qajeelfamoota sirna haasawaa siif kennaman qalbeeffadhu. Itti aansuun mata dureewwan armaan gaditti siif kennaman keessaa tokko filachuun barattoota daree keetiif haasawaa taasisi.

A. Cimanii qo'achuu
B. Barataa cimaa/ Barattuu cimtuu
C. Misooma bunaa
D. Bu'uraalee misoomaa

Barannoo Sadii: Dubbisuu

Tarsiimolee Dubbisuu

Dubbisuun adeemsa wantoota barreeffaman dubbisuun hiika itti kennuuti. Gama biraatiin, karaa barreessitoonnifi dubbistoonni ittiin walqannamanidha. Namni baratee wantoota barreeffaman dubbisuu danda'u, suuta suutaan akka sadarkaa barnoota isaatti dandeettii dubbisuu fooyyeffataa deema. Dandeettii dubbisuu fooyyeffachuufis tarsiimolee dubbisuu beekanii itti fayyadamuun barbaachisaadha. Kaayyoo dubbisaniif irratti hundaa'uun tarsiimolee dubbisuu bakka afuritti qooduun ilaaluun nidanda'ama. Isaanisi:

- Sakatta'aan dubbisuu
- Saffisaan dubbisuu
- Gadi fageenyaan dubbisuufi
- Bal'inaan dubbisuu

Sakatta'aan Dubbisuu: Adeemsa dubbisa dhiyaate tokko keessaa odeeffannoo murtaa'aa ta'e argachuuf jechoota barreeffamicha keessa jiran ijaan butaa dubbisuuti. Yeroo sakatta'aan dubbisan ariitiin ijaa baay'ee guddaa ta'uu qaba. Kana jechuun jechoota barreeffama keessa jiran tokkoo tokkoon dubbisuu osoo hintaane, qabxiilee murtaa'oo barbaadaman ijaan irra fiigaa barbaaduu jechuudha.

Saffisaan Dubbisuu: Barreeffama dhiyaate tokko sarara sararaan dubbisuu yoota'u, yeroo gabaabaa keessatti kan raawwatamudha. Kaayyoon saffisaan dubbisuu yaada dimshaashaa yookiin ergaa wiirtuu ta'e argachuuf gargaara. Sakatta'aan dubbisuufi saffisaan dubbisuu keessatti yeroon jiru gabaabaadha. Itti fayyadama yeroo irratti walfakkaatanillee; yeroo sakatta'aan dubbisan ariitiin ijaa baay'ee guddaadha.

Gadifageenyaan Dubbisuu: Yaadaafi hiika dubbisichaa sirriitti hubachuuf afee dhiyaate xiyyeeffannoon dubbisuudha. Kaayyoon tarsiimoo kanaa odeeffannoo hunda keessa gadi bu'anii beekuuf dubbifama. Kunis, hima himaan, keeyyata keeyyataan ta'uu danda'a. Tarsiimoo dubbisuu kanaatti fayyadamuun qo'achuufi gaaffilee gaafataman hubatamanii deebisuuf gargaara.

Bal'inaan Dubbisuu: Barreeffamoota dhedheeroo bashannanaafi beekumsa bal'aa argachuuf gargaaran dubbisuuf kan ooludha. Tarsiimoon kun barattootni dubbisuu irratti ofdanda'anii akka dubbisan gargaara. Fakkeenyaaf, barreeffamoota dhedheeroo kanneen akka: walaloo, asoosamaafi kkf. dubbisuuf bal'inaan dubbisuutti dhimma ba'ama.

Gilgaala 5: Gochaalee Dubbisuun Duraa

A. Gaaffilee armaan gadii osoo gara dubbisuutti hin darbin dura gareen irratti mari'achuun deebii keessan afaaniin deebisaa.

1. Garaagarummaa keessatti tokkummaa jechuun maal jechuudha?
2. Wantoota sabaafi sablammoota biyya keenyaa garaagara taasisaniifi tokko taasisan walbira qabuun ibsaa.

Gilgaala 6: Gochaalee Yeroo Dubbisuu

A. Dubbisa armaan gadii saffisaan dubbisaa Gaaffilee itti aanan deebisi.

1. Garaagarummaan sabaafi sablammoota biyya keenyaa keeyyata 1ffaa keessatti ibsame garaagarummaa akkamiiti?
2. Sabaafi sablammoota biyya keenyaa garaagarummaan isaan osoo hindaangessin diina alaa itti dhufe injifachuufi hojii misooma waloo irratti hirmaachuun kan ibsame keeyyata meeqaffaa keessatti?

GARAAGARUMMAA KEESSATTI TOKKUMMAA

Uummattoota biyya keenyaa gidduu garaagarummaafi tokkumma hedduutu jira. Garaagarummaan jirus akkuma bal'ina lafaafi baay'ina sabaafi sablammoota biyya keenyaa danuudha. Baay'ina lakkoofsa uummataa hordofee garaagarummaa hedduun jiraachuun waanuma hinoolledha. Kunis garaagarummaa bifaa, afaanii, aadaa, duudhaa, amantii, hawaasummaafi kkf dha. Innis adda addummaa uumamaati; malee fedhii dhuunfaa yookiin ilaalcha gareerraa kan madde miti. Garaagarummaa uumamaa kana akka kennaa rabbiifi miidhagina uumamaatti marabbaa jechuun walhubachuun barbaachisaadha. Garaagarummaa uumamni nama badhaase kana ilaalcha olaantummaafi gadaantummaa hinqabneen dinqisiifachuun waliin jiraachuun miidhagina. Faayidaa tokkummaan garaagarummaa keessaa biyyaaf qabu qalbeefachuun irraa fayyadamuunis haxxummaadha; qaroominas.

Biyya keenya keessatti sabaafi sablammoota 86 ta'antu argamu. Saboonni kunniin garaagarummaa danuu haaqabaatan malee, tokkummaa isaan boonsuufi yeroo adda addaatti biyyoota addunyaa ajab jechisiise baroota dheeraaf waliin qabaachaa turaniiru. Darbees guyyaa garaagarummaa keessatti tokkummaafi walqixxummaa issanii irratti ibsatan waltajjii akka biyyaatti niqabu. Tokkummaafi walbira dhaabbachuun sabaafi sablammii biyya keenyaa kunis biyyoota hedduu biraatti akka fakkeenya gaariitti ilaalama.

Haata'u malee, darbee darbee maqaa garaagarummaa jedhu kana miira sodaatiin ilaaluun akka

meeshaa waraanaatti itti fayyadamuus kan barbaadan hinjiran jechuu miti. Garaagarummaan afaanii, aadaa, seenaa, eenyummaa, amantiifi kanneen biroo tokkummaa biyyaa diiga jedhee osoo hinrafin kan abjootus hindhibu. Kanaaf garaagarummaa akka faayidaafi tokkuummaatti ilaaluun sodaa ta'ee yeroo hunda maqaa tokkummaa jedhu faarsuun qaama tokko qofa mul'isuu yaaluun hanqina ilaalchati. Haqni jiru garuu, garaagarummaan uumamaa akka miidhaginaatti ilaalamee tokkummaa uummataa garaagarummaa keessatti jiru amanuu, dinqisiifachuufi bu'aa isaarraa fayydamuun beekumsa.Bu'aa garaagarummaa keessatti tokkummaan uummata biyya keenyaa yeroo adda addaatti biyya keenyaaf argamsiise hedduudha. Sabaafi sablammoonni yeroo adda addaatti garaagarummaan sabummaa, aadaafi afaanii osoo isaan hindaangessin roorroo biyyoota alaa tokkummaan ofirraa qolachaa turaniiru. Fakkeenyaaf, Yaalii weerara bara 1888 Xaaliyaaniin Itoophiyaa irratti gaggeessite irratti uummanni hundi garaagarummaa keessatti tokkummaa mul'ise. Yeroo sanatti uummanni biyya kanaa diina isaa kan jilbeeffachiise afaan, aadaa, amantii, eenyummaafi sabummaa ofii qabatee kaayyoo tokkoof yeroo loletti diina salphisee tokkummaa isaa mirkaneeffateera. Tokkummaafi gurmuun

walqabatanii diina ofirraa faccisuun uummata biyya keenyaa kun immoo, firaaf injifannoo; diinota keenyaaf sodaafi mata bowwoo yeroo dheeraa ta'uun isaa haqa hinhaalamnedha.

Kanamalees, uummata biyya keenyaa garaagarummaa sabummaafi kanneen birootiin osoo hindaangeffamin waliin ta'uun hojiilee misoomaa irratti hirmaannaa waloo taasisuun tokkummaa garaagarummaa keessatti mul'atudha. Hirmaannaan misooma waloo hiyyummaa keessaa bahuuf waliin taasisan baay'eedha. Kanneen keessaa gumaachi, kutannoofi tokkummaan uummatichi ijaarsa hidha haaromsaa guddicha Laga Abbayaa irratti agarsiise tokkummaa uummata biyya keenyaa kan durii caalaa addunyaan akka hubatu taasiseera. Kanaafi, bu'aan tokkummaa garaagarummaa keessaa miidhaa garaagarummaan fidurra nicaala kan jedhameefis.

Kanaafuu, garaagarummaafi tokkummaan jiruufi jireenya biyya tokkoo keessatti dhimmoota waliin deemanidha. Garaagarummaan uummata biyya tokkoo gidduutti mul'atus garaagarummaa uuman gonfachiise ta'ee tokkummaa uummatichaaf galtee ta'uu qaba malee madda waldiddaa ta'uu hinqabu. Uummanni biyya keenyaas baroota hedduuf garaagarummaa isaa karaa nagaatiin qabatee dhimmoota tumsa waloo barbaadan irratti waliin ka'ee injifannoo gaggaarii galmeessaa tureera. Akkuma mammaaksi Oromoo " yoo walii galan alaa galan" jedhu, dhaloonni yeroo ammaa haqa kana hubachuun garaagarummaa ofii qabatee tokkummaa waliiniirratti walii galee gurmuun hojjechuufi aadaa boonsaa akkasii dhaloota dhaalchisuun tokkummaa uummata biyya keenyaa itti fufsiisuun barbaachisaadha.

Gilgaala 7: Gochaalee Dubbisaan Boodaa


A. Gaaffilee armaan gadii irratti gareen mari'achuun deebii keessan afaaniin dareef ibsaa.

1. Miidhaa gochi shororkeessummaa biyya irratti fiduu danda'u tarreessuun waliif ibsaa.
2. Ijaarsa biyyaa keessatti gahee sabdaneessummaan qabu tarreessaa.
3. Waa'ee garaagarummaafi tokkummaa ilaalchisee, miidiyaalee ykn. toora intarneetii irraa odeeffannoo argattan qinduussuun dareef gabaasaa

Barannoo Afur: Barreessuu

Gilgaala 8: Shaakala Dandeettii Barreessuu

Yaadota armaan gaditti garaagarummaa mul'isan hubadhu.



Jechootaafi gaaleewwan Caatoo armaan olii keessatti kennaman bu'uureffachuun barruu keeyyata shan qabu barreessi.

Barannoo Shan: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 9: Shaakala Fayyadama Jechootaa

A. Jechoota roga 'A' jala jiran hiika faallaa isaanii roga 'B' jala jiran wajjin walitti firoomsi.

A.	B.	
1. Waldiddaa	A. mo'atamuu	K. walmiidhuu
2. Diiga	B. muraasa/xiqqoo	L. shakkii
3. Haxxee	C. gatidhabeessa	
4. Injifannoo	D. goota	
5. Haqa	E. ijaara	
6. Qaroomina	F. dhara	
7. Danuu	G. waliigaltee	
8. Lugna	H. gowwaa	
9. Kaamettii	I. wallaalummaa	
10. Qaalii	J. boosettii	

B. Jechoota armaan gaditti kennamaniif hiika walfakkii isaanii filadhu.

1. Ona:
   - A. mana citaa
   - B. hallayyaa
   - C. mana namni keessa hinjiraanne
   - D. hiyyeessa
2. Baakkuu:
   - A. sa'a aannan hinqabne
   - B. sa'a jabbiin jalaa duute
   - C. sa'a lakkuu dhalte
   - D. sa'a maseena
3. Marabbaa:
   - A. araara
   - B. waliigaltee
   - C. jibba
   - D. kadhaa
4. Bir'achuu:
   - A. gammaduu
   - B. sodaachuu
   - C. jaalachuu
   - D. diduu
5. Adiyyoo:
   - A. duwwaa
   - B. guutuu
   - C. adii
   - D. hir'uu
6. Gurmuu:
   - A. dugda
   - B. tokkummaa
   - C. deeggarsa
   - D. qolee
7. Waltajjii:
   - A. fagoo
   - B. yaa'ii
   - C. giddu gala
   - D. cinaa
8. Saayiba:
   - A. hiriyaa
   - B. moggoo
   - C. maamila
   - D. jaalallee
9. Qaanii:
   - A. saalfii
   - B. ija jabina
   - C. leeyyoo
   - D. Afi C
10. Makoodii:
    - A. gugee
    - B. handarii
    - C. bullaallaa
    - D. hunda

Barannoo Ja'a: Caasluga: Ciroowwan

Gilgaala 10: Shaakala Ciroowwanii

A. Fakkeenyota armaan gaditti kennaman sirriitti qalbeeffadhu.

A. Waakkenneen waan dhukkubsateef, wal'aaname.

B. Erga waraabessi darbee, sareen dutte.

C. Yemmuu ollaan kee mana aarsitu, nigubdi seetee?

D. Isheen barnootaan cimtuu waan taateef, qabxii olaanaa fidde.

E. Bishaan Qabbanaa kan qulqulluu ture, erga boora'ee bubbuleera.

F. Feeneet isheen barumsaan tokkoffaa baate sun firoottan ishee hundarraa badhaasa fudhatte.

Himoota armaan olii keessatti ciroowwan adda addaatu argamu. Hima (A) keessatti Waakkenneen waan dhukkubsateef, (B) keessatti erga waraabessi darbee, (C) keessatti yemmuu ollaan kee mana aarsitu, (D) isheen barnootaan cimtuu waan taateef, kanneen jedhan hundi isaanii ciroo hirkataadha. Himoota olii kana keessatti (A) wal'aaname, (B) sareen dutte, (C) mana gubdi seetee? (D) qabxii olaanaa fidde warreen jedhan ciroo ofdanda'aa jedhamu. Himoota (E)fi (F) keessatti warri jala muraman ciroo firoomsee yemmuu ta'an, hima (E) keessatti erga boora'ee bubbulee jiraafi (F) irratti badhaasa fudhatte kan jedhan ciroo guuttuun daangaa malee gale gochima keessatti argamu gochima mataa ta'e guutuu taasisa.

B. Himoota armaan gadii keessatti ciroo hirkataa si'a tokko ciroo of danda'a immoo si'a lama jala sararuun agarsiisi.

1. Waan cimtee qo'atteef, daree ishee keessaa tokkoffaa baate.
2. Dameen inni biyya alaa ba'e sun, akka biyyi jijjiiramte dhaga'e.
3. Aadaa keenya guddisuun dirqama hunda keenyaati.
4. Atileetonni warri ciminaan shaakalan sun, injifachuun isaanii dhaga'ame.
5. Intalli Aadde Jiituu isheen barumsaan cimtuun sun, barsiistuu taate.
6. Barnoota keetti yoo cimte, bakka garaa kee ga'uu wanti sidhorku hinjiru.
7. Namni ofitti amanamummaa hinqabne, waanuma namni hundi jedheen amana.
8. Osoo gootummaa qabaattee, maaliif diina dheessitee galta?

Ciroon: tuuta jechootaa gochima ofirraa qabanidha. Kun immoo ciroo jedhamuuf gochimni jiraachuun dirqama ta'uu agarsiisa jechuudha. Ciroowwan bakka lamatti qoodamu. Isaanis: Ciroo hirkataafi Ciroo ofdanda'aadha. Ciroo hirkataan kan ofii isaatii guutuu hintaanedha. Yaadni ciroo hirkataa ciroo ofdanda'aa irratti kan hirkatudha. Ciroo ofdanda'aan akkuma maqaa isaa ofdanda'ee dhaabachuun ergaa guutuu kan dabarsudha. Gochima mataa isaa kan guutuu isa taasisu qaba jechuudha. Ciroo hirkataan jechoota: waan, silaa, yoo, osoo, yemmuufi kkf. jedhamaniin walitti hidhamanii barreeffamuu nidanda'u.

BOQONNAA SHAN

QAREEYYII

Kaayyoowwan: Xumura Boqonnaa Kanaatti:

- Yaadrimee qareeyyii ibsita.
- Gooroowwan qareeyyii tarreessita.
- Jechamoota gosoota garagaraa hibboowwaniifi haasawwan arraba nama qaban adda baasta.
- Ergaa/dhimmoota ijoo garagaraa gosoota waa'ee qareeyyii qaaccessita.

Barannoo Tokko: Yaadrimee Qareeyyii

Gilgaala 1: Shaakala Yaadrimee Qareeyyii

A. Gaaffilee armaan gadii gareen mari'achuun afaaniin deebisaa.

1. Ogafaan maali?
2. Akaakuuwwan ogafaanii beektan tarreessuun waliif ibsaa.
3. Maalummaa qareeyyii ibsuun faayidaa inni hawaasa keessatti qabu tarreessaa.

B. Gaaffilee armaan gadiif qubee deebii sirrii ta'e filadhu.

1. Akaakuu afoola kan ta'e kami?
   - A. jechama
   - B. hima
   - C. bar walaloo
   - D. do'ii/diraamaa
2. Kanneen armaan gadii keessaa bifa gaaffiifi deebiitiin kan dhiyaatu kami?
   - A. geerarsa
   - B. hibboo
   - C. mammaaksa
   - D. baacoo
3. Unka isaanii irratti hundaa'uun kan adda ta'e kami?
   - A. mammaaksa
   - B. arrabqabduu
   - C. jechama
   - D. oduu durii
4. Haasawaa keessatti dubbii fiduuf yookiin fixuuf kan dhimma itti ba'amu kami?
   - A. baacoo
   - B. ciigoo
   - C. mammaaksa
   - D. weedduu
5. Ijoolleen dandeettii ariitiin jechoota qindeessanii dubbachuu akka shaakalan kan caalaatti cimsu isa kami?
   - A. hibboo
   - B. arrabdoota
   - C. geerarsa
   - D. durdurii

C. Gaaffilee armaan gadiif deebii gabaabaa barreessuun deebisi.

1. Akaakuuwwan qareeyyii tarreessuun ibsi.
2. Wantoota qareeyyii akaakuuwwan ogafaanii kanneen biroorraa adda taasisan barreessi.
3. Garaagarummaafi tokkummaa oduu duriifi hibboo gidduu jiru barreessi.

Yaadrimee Qareeyyii

Hawaasni tokko ogafaanitti fayyadamee aadaa, duudhaa, safuu, seenaa, eenyummaa isaa ibsata. Kunis, dubbii afaaniitiin yeedaloon kennameefii, yookiin osoo hinkennamiin kalaqaafi oguma dhimma hawaasummaa adda addaa irratti xiyyeeffachuun kan dhiyaatudha. Haaluma kanaan uummanni Oromoo ogafaan isaatti dhimma ba'uun jiruufi jireenya ofii gaggeeffachaa tureera; ammas jira. Walumaagalatti, ogafaan ogumaafi jireenya hawaasa tokkoo ibsuuf humna guddaa kan qabudha. Boqonnaa kana keessatti dhimmi ogafaanii ka'umsa haata'uuf dhiyaate malee, qabiyyeen boqonnaa

kanaa inni ijoon gooroowwan ogafaanii keessaa mata duree "Qareeyyii" jedhu kan ilaallu ta'a. Ogafaan Oromoo keessaa gooroon inni guddaan tokko Ogafaan Seeneffamaati. Ogafaan kunis, himamsaan haadhiyaatan malee, amalli addaa ittiin beekaman inni guddaan unka isaanitiini. Ogafaan haala kanaan qindaa'aniifi dhiyaatan kun qareeyyii jedhamanii beekamu. Qareeyyiin akka himaatti yookiin akka seeneffamaatti dhihaatu. Kana jechuun unka walaloofi hololoo qaba jechuudha. Qareeyyiin gosa ogafaanii gabaabinaan qindaa'uun sammuu qaruuf kan fayyadanidha. Isaanis, unka/ caasaa gaggabaaboo ta'aniin qindaa'uun gosoota ogafaanii kanneen biroorraa adda ta'u. Jechoota muraasatti gargaaramuun ergaa bal'aa dabarsuus danda'u. Qareeyyiin haala salphaan waan walxaxaa ta'e dabarsuun sammuu namaa bal'isee akka yaadu kanneen taasisanidha. Gooroowwan qareeyyii itti aananii kan dhiyaatan ta'u.

Barannoo Lama: Mammaaksa

Gilgaala 2: Shaakala Mammaaksaa

A. Mammaaksota roga 'A' jala jiran hiika isaanii roga 'B' jalaa wajjin walitti firoomsi.

A	B
1. Hantuunni du'a feete, afaan adalaa arraabdi.	A. Mi'a walfakkaatu walbiratti fannisu.
2. Kan sangaan iyyuu male, qacceen iyyiti.	B. Ijji gamnaa dura boossi.
3. Kan kannisni arge argi; jedhe bookeetti ulee.	C. "Kan sangaan koo arge argi" jedhe namichi dhaltii camadee.
4. Duutuun duruu duute; duunaan maqaa fuute.	D. Re'een quufte cidha qeerransaa dhaqxi

5. Akka sangaattin gooba jetteet raachi bokoktee duute.
6. Walfakkaattuun walbarbaaddi.

E. Sa'a ganni ajjeese, bonni maqaa fuudhe.
F. Akka abaluun sirbaan morma nama jal'isa. .

B. Filannoowwan armaan gadii keessaa mammaaksota jalqabaman xumuruu kanneen danda'an filadhu.

1. Ormi boo'ee gala;_____ warratti hafa.
   A. eebbi
   B. gammachuun
   C. gaddi
   D. jaalalli
2. Reeffa firaa_____.
   A. nihammatu
   B. sagal awwaalu
   C. Sagal garagalchu
   D. niboo'uuf
3. Manni abbaan gube_____hinqabu.
   A. cilee
   B. daaraa
   C. abidda
   D. birmannaa
4. "Kan dhiqantu nama dhiqa" jette_____
   A. boosettiin
   B. kaamettiin
   C. waciitiin
   D. saamunaan
5. Kan teessumatti jibban _____
   A. kaatee namatti sirbiti
   B. ka'ee namatti kolfa
   C. ciisee nama arrabsa
   D. ka'ee namaan lola
6. "_____banaa dhiisanii hattuu naan jedhan" jette adurreen.
   A. Farsoo
   B. Foon
   C. Aannan
   D. Marqaa

Yaadannoo Mammaaksaa

Mammaksi gosa qareeyyii keessaa isa tokko ta'ee, bu'aa bayii jiruufi jireenya dhala namaa kan ibsudha. Mammaaksi yaada sabni tokko haqa jedhee kan muuxannoo jireenyasaa keessatti itti jiraataa tureefi dhaloota itti aanuuf nitajaajila jedhee waan amanu himoota gaggabaaboottii gargaaramuun dubbii afaaniin daddabarsuudha. Oromoon "Ittoon soogidda malee, dubbiin mammaaksa malee hinmi'aawu" jedha. Kana jechuun mammaaksi kan dubbii mi'eessu ta'uu hubachiisa. Mammaaksi dubbii ittiin eegaluuf yookiin ittiin goolabuuf gargaara. Mammaaksi jechoota gabaabaafi miidhaginaan beekama. Mammaaksi akkaataa dubbii bifa gabaabaa ta'een yaada bal'aa xiinxaluuf kan nama dandeessisudha.

Gabaabumatti, iyyaafannoofi xiyyeeffaannoo dandeettii afaaniin mul'isu fayyadama. Amalli addaa mammaaksi ittiin beekamu keessaa haala himaatiin kan qindaa'u ta'uufi iddoo barbaachisaa ta'e qofaatti qabiyyee haasawaa sana waliin walsimsiisuun kan dhihaatu ta'uu isaati. Ergaa isaa hubachuuf aadaafi seenaa hawaasichaa beekuu yookiin afaanichaan muuxannoo bal'aa qabaachuu barbaada. Qabxiin inni biroon mammaaksi yemmuu himamu fakkeenyummaan isaa qabiyyee haasaa
yookiin kaayyoo dubbii sanaa waliin walsimuu qaba. Qabiyyeen dubbii: tuffii, gamnummaa, gowwummaa, dhugaa/haqa firooma, obsa, gaabbii, wallaalummaa, diinummaa, hiriyummaa , k.k.f waliin walqabata.

Fakkeenya, Gaabbii: Gaabbiifi eegeen boodarra deemti.

Gowwummaa: Gowwaa kofalchiisaniit, ilkaan lakkaawu.

Haqa: Dhugaan niqal'atti malee, hincittu.

Haxxummaa: "Kan si qaretu namorode" jette albeen.

Qusannoo: Olkaa'an malee, olka'anii hinfuudhan.

Tuffii: Kan qaban qabaa hinguunne, gadhiisan dirree guutti.

Obsa: Obsaan aannan goromsaa dhuga.

Roorroo: Akaayiin osoo gubattuu kolfiti.

Waliigaltee: Marabbaan jiraannaan mandheen mixii cidha galcha.

Firooma: Yoofunyaan dhahan, ijji boossi.

C. Fakkeenya siif kenname irratti hundaa'uun qabiyyee mammaaksota armaan gadii barreessi.

Fakkeenya, "Osoo saree gaariin illee bukoo koo dhugdee jennaan; osoo niitiin qadaaddata beektullee maqaa naballeessitee" jette sareen. Ergaan mammaaksa kanaa tuffii agarsiisa.

1. Haati hattuun ilmoo hinamantu
2. Abbaa gabaabaa ijoolleen hiriyaa seeti.
3. Gowwaa al tokko arrabsi; lammata innuu of arrabsa.
4. Ijoollummaan lammata hindeebitu.
5. Wallaalaan bishaan keessa dhaabatee, dheebota.
6. "Kan garaa malee, kan maqaa yoom nadhibe"! jedhe waraabessi.
7. Yoo waliigalan alaa galan.
8. Bishaan darbuuf jiru sin nyaatin; namni du'a ga'e sin abaarin.
9. Foontu fooniif rifata.
10. Keessa keessa adurreen bineensa.

Barannoo Sadii: Hibboo

Gilgaala 3: Shaakala Hibboowwanii

A. Hibboowwan 'A' jala jiraniif deebii isaanii 'B' jala jiran wajjin walitti firoomsi

A	B
1. Cuuphee siliqimse.	A. daawitii
2. Ibidda baattii nama hingubdu.	B. qoonqoofi garaa
3. Ofilaaltee, anas ilaalte.	C. waraqaa
4. Sulula qal'oo, araddaa bal'oo.	D. marqaa
5. Yoo miiccan niciccita.	E. kibriitii

B. Hibboowwan armaan gadiif deebii sirrii ta'e filachuun deebisi.

1. Ija kuma qaba; garuu nama hinargu

   A. daabboo C. fuullee ijaa/ kishaafa

   B. biddeen D. tirikaa

2. Osoo boossuu kofalti; osoo ootuu mar'atti.

   A. Masiinqoo C. daa'ima

   B. jabbii D. adurree

3. Aayyoo gabaabduun teessu lafaa hinkaatu; dhooftu namaa hinnaatu.

   A. haadha C. gufuu

   B. hattuu D. yaada

4. Manni isaanii nifagaatti; midhaan isaanii nimi'aawa; ijoolleen isaanii nama nyaatti.

   A. saree C. goondaa

   B. kanniisa D. leenca

5. Waaqa jala jira; hintaa'u fiigaa oola.

   A. Aduu C. duumessa

   B. Rooba D. dukkana

Yaadannoo Hibboo

Hibboon gooroowwan qareeyyii keessaa tokko ta'ee, waldorgommii gareewwan lama gidduutti uumuun kan taphatamudha. Keessattuu ijoolleen galgala galgala hibboo walgaafachuun akka irriibni dafee isaan hinqabne, akka hinmukoofneefi naannoo isaanii ilaalchisee hubannoo akka horatan gargaara. Akkasumas, sammuun daa'immanii dandeettiiwwan waayaaduufi herreguu, akka dagaagfatan kan taasisudha. Uummata Oromoo biratti hibboo gosa lamatu beekama. Isaanis: Hibboo hibibii/hibbakkaafi hibboon tar ykn hibboon teenaa jedhamuun beekamu.

Lamaan isaanifuu maqaan kun kan moggaafameef waan gaafatamaan jedhee jalaa qabu irratti hundaa'eeti.

Hibboon yeroo itti taphatamu, akkaataa ittiin jalqabamu, namni gaafatamuus akkaataa itti deebisu, dhumarrattis akkaataa ittiin xumuramu qaba. Fakkeenyaaf, namni hibboo hibibii gaafatu "Hibboo" yoo jedhu kan gaafatamu ammoo "Hibib"/ "Hiph", "Hibbakka" jechuun deebisa. Itti aansuun gaafataan gaaffii dhiheessa. Gaafatamaan deebii deebisuuf haaldureewwan raawwataman jiru. Haaldureewwan gaaffiifi deebii hibboo kunis deebii gaaffii gaafataman salphaatti barbaaduuf gaafatamtoota hibboo gargaara.

Fakkeenyaaf, A, nama hibboo gaafatu B, immoo nama hibboo gaafatamu yoo ta'e,

A: Hibboo?

B: "Hib"/ "Hibib"/"Hibbakka"

A: wajjin nyaannaa, maaf huuqqatta?

B: Nan qoradha; nan soqadha.

A: Qorattus, soqattus.

B: Lafarratti moo, Waaqarratti?

A: Lafarratti.

B: Ala gala moo, mana gala?

A: Mana gala.

B: Yoo dhahan nixiixaa? Yoomuran nidhiigaa?

A: Yoo dhahan hin xiixu; yoo muranis hindhiigu.

B: Yoo beeke deebii kenna; yoo wallaale gabaa/biyya kenna.

A: Deebii sirriin yoo deebi'e argatte jedha; hindeebisne yoo ta'e "gabaa /biyya/ naaf kenni" jedhamee gaafata.

B: biyya erga kennee booda akka hinarrabsamne "Afaan kee dammaan qabe" jedhee himata.

A: arrabsuu dhiisee deebii hibboo sanaa itti hima. Yoo deebii wallaale, lafas kennuu dide garuu, gaafataan arrabsoo hima gaggabaaboon qindaa'een arrabsa.

Fakkeenyaaf,

Anaaf dhadhaadhaan faffatu

Siif faandoodhaan faffatu

Gabaa Gimbiitiin sidhaqee

Tamboo si naqee

Qobboo balbalaa ta'i
Fardeen sittii haarigattu

Xuwwee galgalaa ta'i
Dubarri siin haadhiqattu
Gufuu gugguuftuu jala ba'i
Utuu dhudhuuftu ganna ba'i
Qooxii hindaaqqorra ciisii
Albaatii gadi dhiisi
Hundee migiraa
Nuwalii firaa
Fardi hin dannabsu
Kanarra si hin arrabsu
Waraabessi si haa sallaqsu

Erga jedhee yookiin jettee arrabsitee booda deebii itti hima yookiin itti himti.

Fakkeenyaaf, hiibboowwan Oromoo armaan gadii yoo xinxalle qabiyyeen isaanii haala adda addaatiin kan qindaahame ta'uu isaat hubanna.

- Wajjin nyaanna maa huqqatta?
- Mana guddaa gamaa balballisaa lama.
- Garaa baatee haadha dhiitti.
- Ija kuullattee gabaa baati.
  Waa ja'a dinqa (Gaaffii)!
- Hiddii soorama malee gabbatu
- Bishaan ooficha malee yaa'u
- Lafa osoo hindhifamiin diriire
- Waaqa utubaa malee dhaabatu
- Hummoo dhukkuba malee aadu
- Qoree qaraa malee qaramu

Haalli kunis akkasumatti dabareen itti fufa. Kaayyoon hibboon tar immoo daa'imman miseensa maatii hawaasa naannoo isaanii barsiisuu irratti xiyyeeffata. Adeemsa isaa keessatti gaafataan "Hibboon teenaa?" jedhee yeroo eegalu; gaafatmaan immoo "Teenaa" jechuun jalaa qaba.

Hibboon yeroo hundaafi bakka hundatti hintaphatamu. Hibboon yeroo hedduu guyyaa caalaa galgala taphatama. Sababni isaa immoo, hibboo bal'inaan kan taphatan daa'imman waan ta'eef, guyyaa yoo taphatan taphatti goranii hojii itti ramadaman dagatu jedhamee waan yaadamuuf guyyaa caalaa galgala manatti akka taphatantu jajjabeeffama. Kanaaf, daa'imman guyyaa hibboo taphatti hojii itti kenname akka hindaganneef jecha " yoo guyyaa hibboo taphatan gaanfatu namatti biqila" jechuun ijoollee akeekkachiisu (sodaachisu). Kana malees, namootni gurguddaan seera hibboo itti himuun qajeelchu malee, daa'imman waliin hibboo hintaphatan.

Sababni isaa, taphni hibboo arrabsoo ofkeessaa waan qabuuf, akka Aadaa Oromootti daa'mman namoota gurguddaa arrabsuun safuufi kabaja cabsuudha.

Walumaa galatti, faayidaan hibboo:

Dandeettii sammuu ijoollee guddisa

Dandeettii Afaanii dagaagsa

Hubannoo namootaa niguddisa

Safuu Hawaasaa barsiisuuf gargaara

Bashannanuuf gargaara

Fakkeenya hibboo armaan gadii hubadhu.

1. Harkaan facaasanii, ijaan guuru.
2. Godoo gaaraa balballi lama

Deebii: 1ffaan Barreeffama, 2ffaan funyaan

C. Hibboowwan armaan gadiitiif deebii isaanii barreessuun deebisi.

1. Arbuu rarraate, qilee afaan bante!
2. Adiin qorkeen, Waaqan morke.
3. Jiraan du'aa baata; du'aan jiraa baata.
4. Miila afur qaba; deemee laga hince'u.
5. Ninyaata akka namaa; ilkaan isaa shantamaa.
6. Yoo laalan nixiqqaata; yoowaaman ni'owwaata.
7. Miila malee fuudhee namaan deema.
8. Eeleen bal'atte; bukoon qal'ate; maatiin baay'ate.
9. Ilkaan hinqabdu; dheedhii nyaachuu hindadhabdu.
10. Laga labeen, ulee qajeelaa dhabe.
11. Ollaa walii taa'anii, walhin argan.
12. Deemnaan nama waliin deemti, teenyaan nama waliin teessi.
13. Uleedha jedhanii hinqabatan, gaaddisa jedhanii jala hintaa'an.
14. Abbaan eeboo dhibbaa laga dhaabatee sirba.
15. Namtichi diimaan tokko hallayyaa keessaa lallaba.
16. Kan shantamni dhaabe, shantamni hinbuqqisu.
17. Gamanaa aadee, gamatti nyaata.
18. Jaartiin tokko qoraan baattee gaaraa gadi adeemti.
19. Yeroo ciisu akka reeffa, yeroo aadu akka leencaa.
20. Ol utaalee, gad sicuqqaale.
21. Jaartiin mataa arrii nama walitti naqxe.

Barannoo Afur: Jechama
Gilgaala 4: Shaakala Jechamootaa

Yaadannoo Jechamaa

Jechamni qareeyyii jechoota, gaaleewwaniifi ciroowwan ergaa haala idilee keessatti qabaniin alatti ergaawwan biroo dabarsuu danda'anidha. Ergaan jechama tokkoo walitti dhufeenya jechootaarraa yookiin sanaan alaa irraa argamuus nidanda'a. Jechamootni Afaan Oromoo hedduun isaanii ergaa jechootni isaan irraa ijaaraman dhuunfaatti qaban irraa adda. Jechamootaafi ergaa isaanii sirriitti beekuufis beekumsa aadaafi afaanichaa qabaachuun barbaachisaadha. Jechamni Afaan Oromoo bakka garaagaraatti qooduun nidanda'ama. Qooddiiwwan kanneen keessaa amma kan ilaallu:

Jechama qaama namaa bu'uureffatu

Akaakuun jechama qaama namaa bu'uureffatuu irracaalaajechoota qaamolee namaa bakka bu'an bu'uura taasifachuun ergaa kan dabarsudha.

Fkn. Gurra guddata	Ija laafti
Gurra qaba	Garaa nyaate
Arraba dheerata	Afaanifi funyaan
Nyaara haaddatte	Dugdaafi garaa

Jechama lubbu-qabeeyyii biroo bu'uureffatu

Jechamni lubbu- qabeeyyii biroo bu'uureffatu maqaa lubbu-qabeeyyii namaan ala ta'an dayeeffachuun kanneen dubbatamanidha.

Fkn. Saree taate	waraabessa afaan bu'e
Ayyaana saree dhalate	Ayyaana leencaa dhalate
Qeerransa taatee na eegde	Bofa taate

Jechama lubbu-maleeyyii bu'uureffatu.

Jechamni lubbu-maleeyyii bu'uureffate immoo lubbu-maleeyyii adda addaa dayeeffachuun kan dubbatamudha.

Fkn. Dhadhaa abidda bu'e	Bishaan tume
Bishaan dhangala'e	Bishaan taate
Dhagaa liqimse	Fixeensa ganamaa

Qoree dhoqqee keessaa

Gilgaala 4: Shaakala Jechamootaa

A. Jechamoota roga 'A' jalatti kennaman hiika isaanii 'B' jala jiran wajjin walitti firoomsi.

A	**B**
1. Dhadhaa abidda bu'e	A. naasise
2. Nyaara haaddatte	B. nihata/ nihatti
3. Bishaan taasise	C. heerumte
4. Dhagaa liqimse	D. safuu gatte
5. Qarree haaddatte	E. waljaalatu
6. Harkaan deema	F. deesse
7. Lama taate	G. waan hindeebine
8. Saree ta'e	H. matta'aa kenna
9. Leelloo qaban	I. nisalphate
10. Harkatu deema	J. gara jabaate

B. Jechamoota armaan gaditti kennamaniif hiika sirrii kan ta'e filadhu.

1. Ibiddi ba'eef

A. heerumte C. eebbifamte

B. carraa argatte D. ibiddi boba'eef

2. Afaan ishee damma

A. hamtuu C. jaalatamtuu

B. haasaa tolti D. obsa qabdi

3. Abidda qabsiiste

A. qoraan bobeessite C. nyaata bilcheessite

B. Wallolchiiste D. mana ho'iste

4. Madaa mogolee

A. dhibee miilaa C. kan nama rakkisu

B. kan dafee fayyu D. kan nama hindhukkubne

5. Ijaafi adaamii

A. fira walii C. qoricha ijaa

B. michuu walii D. waliif diina

6. Hirbuu nyaate

A. waadaa cabse C. imaanaa nyaate/dagate

B. liqii fudhate D. Afi C

7. Eekeraa fakkaata

A. miila salphata C. Furdaadha

B. gaaddidduu hinqabu D. huuqqataadha

8. Sanyiin isaa cirracha

A. Gosa dhagaatii
B. B. Namaa hin na'u
C. baay'eedha
D. Qacceen isaa jabaadha

9. Tulluu qaari'e

A. Tulluu kore
B. Fagaate
C. Dhokate
D. tulluu jala xile

10. Gaangee taate

A. Saggaarte
B. Hammaatte
C. Maseente
D. Halaakt

11. Guduruudha

A. Daa'ima
B. Beekaadha
C. Gurraacha
D. Wallaalaadha

12. Harka qabe

A. harka fuudhe
B. tumse/ gargaare
C. sarbe
D. nagaa gaafate

13. Ilkaaniin bula

A. kolfa jaallata
B. fakkeessee
C. dhugaa dubbata
D. ogeessa ilkaaniiti

14. Lafa guure

A. jaallatame
B. walhore
C. baay'ate
D. dulloome

15. Madaa jaldeessaa ta'e

A. dafee fayyuu dide
B. baay'ee diimate
C. dafee fayye
D. holole

C. Jechamoota armaan gadiitiif hiikaa isaanii barreessi.

1. abidda kaa'e
2. abbaa hirphaa
3. abbaa walaloo
4. ceekuurra taa'e
5. eeboo waaqaa
6. dubbiin waraanuu
7. faara hinqabu
8. fuula itti agarsiise
9. aada kute
10. haara galfate
11. dugdaafi garaa
12. Ija malee hafte
13. qoree dhoqqee keessaa
14. mataa lama
15. Aannaniifi garaa ta'an
16. Odaa jala jiru
17. ulee jiituu
18. gara laafessa
19. gogaa qeerransaa
20. harkatu daaraa hare

Barannoo Shan: Ciigoo

Jechamni qareeyyii jechoota, gaaleewwaniifi ciroowwan ergaa haala idilee keessatti qabaniin alatti ergaawwan biroo dabarsuu danda'anidha. Ergaan jechama tokkoo walitti dhufeenya jechootaarraa yookiin sanaan alaa irraa argamuus nidanda'a. Jechamootni Afaan Oromoo hedduun isaanii ergaa jechootni isaan irraa ijaaraman dhuunfaatti qaban irraa adda. Jechamootaafi ergaa isaanii sirriitti beekuufis beekumsa aadaafi afaanichaa qabaachuun barbaachisaadha. Jechamni Afaan Oromoo bakka garaagaraatti qooduun nidanda'ama. Qooddiiwwan kanneen keessaa amma kan ilaallu:

Jechama qaama namaa bu'uureffatu

Akaakuun jechama qaama namaa bu'uureffatuu irra caalaa jechoota qaamolee namaa bakka bu'an bu'uura taasifachuun ergaa kan dabarsudha.

Fkn. Gurra guddata — Ija laafti

Gurra qaba — Garaa nyaate

Arraba dheerata — Afaanifi funyaan

Nyaara haaddatte — Dugdaafi garaa

Jechama lubbu-qabeeyyii biroo bu'uureffatu

Jechamni lubbu- qabeeyyii biroo bu'uureffatu maqaa lubbu-qabeeyyii namaan ala ta'an dayeeffachuun kanneen dubbatamanidha.

Fkn. Saree taate — waraabessa afaan bu'e

Ayyaana saree dhalate — Ayyaana leencaa dhalate

Qeerransa taatee na eegde — Bofa taate

Jechama lubbu-maleeyyii bu'uureffatu.

Jechamni lubbu-maleeyyii bu'uureffate immoo lubbu-maleeyyii adda addaa dayeeffachuun kan dubbatamudha.

Fkn. Dhadhaa abidda bu'e — Bishaan tume

Bishaan dhangala'e — Bishaan taate

Dhagaa liqimse — Fixeensa ganamaa

Qoree dhoqqee keessaa

Barannoo Shan: Ciigoo

Ciigoon gooroowwan qareeyyii keessaa tokko yoota'u; dubbii dachaati. Ciigoon karaa ittiin ergaa dhokataa tokko isa mul'ataa tokkoon golganii dabarfatanidha. Afaan Oromoo keessatti, ciigoon jechaafi gaaleedhaan yookiin himaan dubbatamuu danda'a. Akkasumas, walaloofi hololoon uumamuu danda'a. Ciigoon yeroo hedduu himoota toora lama lamaan haata'an malee, baay'inni himootaa yeroo hunda lama ta'uu dhiisuu mala. Yaa'insi sagalee himoota

tooraan jiranii waliini.Ciigoon bifa kamiinuu dhiyaatus caacculeewwan sadii of keessaa qaba. Isaanis: Jecha dachaa, soorgoofi sookoo jedhamuun beekamu. Jechi dachaa ciigoo keessatti bifa gaalee ykn Cirootiin kan argamu yoota'u; ciigoo sana keessatti hiika tokkoo ol kan qabudha. Ciigoo keessaa jecha hiika tokkoo ol qabu argachuuf tooftaalee armaan gadiitti fayyadamuun barbaachisaadha.

1ffaa, Aadaa hawaasa afaanichaa beekuun barbaachisaadha.

2ffaan Ciigoo dhiyaate sagalee olkaasuufi gadi buusuun dubbisuu/ dubbachuu,

3ffaan Haala keessatti dubbatameefi dhugaa waliigalaa hawaasa keessa jiru beekuu,

4ffaan Jecha dhiyaate addaan baasuufi walitti fiduun dubbisuudha. Soorgoon ergaa jechi dachaa tokko

kallattiidhaan dabarsudha. Sookoon immoo lubbuu ciigoo tokkoo yemmuu ta'u; bakka inni hinjirretti ciigummaansaa nihafa jechuudha.

Fakkeenya: Nutti haatolu jennee

Harree manaa baafne

Dubbiin dachaa= Harree manaa baafne

Soorgoon = beeylada harree jedhamtu

Sookoon = haxoofnee ganne

Gilgaala 5: shaakala Ciigoowwanii

Fakkeenya olitti kenname irratti hundaa'uun ciigoowwan armaan gaditti dhiyaatan keessaa dubbii dachaa, soorgoofi sookoo baasuun barreessii ibsi.

1. Nama garaa bal'aa coomni maal godhaafii?
   Kan nyaata jaalatuuf, arraba kennaafii.
2. Jireenya baadiyyaa anuu beeka dansaa,
   Jaalala magaalaa, akkamittan obsa?
3. Albuuda Oromoo, Taaddee ilma Birruu,
   Karaa kee qabatee, namuu irraa hingoru.
4. Wayyaan ati bitte isa hojjaa qabuu,
   Ani kanan barbaadu isa garaa qabu.
5. Daadhiis ta'ee farsoo hundarraa of eegaa,
   Qulqulluu bishaanii isa wayya dhugaa.
6. Muka mukarraan koranii
   Nama namarraan baranii

7. Garbuu biyya Arsii, buna biyya Jimmaa
Ni nyaatta nidhugda, siifan fidaa ammaa
8. Namni biyya keenyaa, harkaan waa kutataa,
Kan biyya sanaa immoo arrabaan cirataa?
9. Yaa madda walaabuu,
Uumaan seera hindhabu
10. Midhaan adda addaa walitti makanii
Qotanii bulanii sanyii maaf yarsanii ?
11. Miila laman qabaaf muka lama hinkortu,
Tokkuma filadhu hamma garaa hirtu
12. Aduu calaqqiftuu obboleettii ji'aa
Dukkana balleessi namuu ifa fe'aa,
13. Sangaan keenya xindii sadii,
Kottuu fudhu hinoolinii
Boru lafa siif haa qotanii,
14. Homaa hinsodaatinii, fedhii kee guuttadhu
Gadi jettee hinbulinii, Waaqjiraa jabaadhu.
15. Maal hojii dhuftanii, ani isin hindubbisu,
Argaa fiddan malee, gadi sin hindhiisu.

Barannoo Ja'a: Arrabqabduu/ qajeelchituu

Arrabqabduu/ qajeelchituu

Arrabqabduun yaada sammuu keessatti uumamu shaakaluuf kan itti fayyadamanidha. Salphaatti bashannansiisuuf bu'aa qaba. Kunis sagaloota ykn jechootarratti ciminaafi saffisa guddaatti fayyadamuun dhiyaata. Arrab-qajeelchituun sagalootaan taphachuudha; birsagaaleen jechootaa haala adda addaan dubbifamuun hiika garaagaraa qabaatu. As irratti, ciminni guddaan sagaloota sana ariitiin dubbisuu (dubbachuu) danda'uudha. Gooroon qareeyyii kun yeroo hedduu tapha ijoollee ta'uun beekama.

Fkn. 1. Oyiruu gamaa qoteen kudhan galche.
Shan nyaadheen shan sanyiif kaawwadhe .
2. Kanan jedhe hinjenne hinjedhu.
Kanan hinjenne, jedhe hinjedhu.
Kan jette naan jedhe fidaa.
Hinjennen jedhaan.
Mee jette naan haajedhu.

3. Gaafataan	**Gaafatamaan**
Huummoon Maal baatti ?	Albeefi qarabaa
Morma ishee	Shaf
Morma ishee	Shaf
Dhumarratti, Mormakee!	deebiisaan maaljedha?
4. Gaafataan	**Gaafatamaan**
Binii binoo	Bineensa
Eenyufaa?	qamalee
Eenyufaa?	jaldeessa
Dhumarratti maal nyaatta?	Deebiisaan maal dubbata ?

BOQONNAA JA'A

GAHEE MAANGUDDOOTAA

Kaayyoowwan: Xumura Boqonnaa Kanaatti:

- Yaada ijoo dubbisaa dhaggeeffachuun walitti fidda.
- Falmii keessatti qooda fudhachuun murtii loojikaawaa ta'e kennita.
- Afee/dubbisa dubbistee gabaabsuun barreessita.
- Iyyannoo Xalayaa hojii barreessita.
- Hiika jechootaa garee jechoota keessaa kennita.
- Gochimoota darbeeyyii adda baasuun fayyadamta.

Barannoo Tokko: Dhaggeeffachuu

Gilgaala 1: Gochaalee Dhaggeeffachuun Duraa

A. Gaaffilee armaan gadii osoo gara dhaggeeffachuutti hindarbin dura gareen irratti mari'adhaa.

1. Maanguddummaan maali jettee yaadda?
2. Naannoo ati jiraattutti maanguddoonni hojiiwwan akkamii irratti hirmaatu?
3. Gahee maanguddoonni hawaasa naannoo isaanii keessatti qabaachuu danda'an tarreessuun ibsi.
4. Kabajni maanguddootaaf taasifamuu qabu maalfa'i jettee yaadda?

B. Jechoonni armaan gadii dhaggeeffachuu keetti gufuu akka hintaane, dursii hiika isaanii tilmaami.

1. Jaaraa
2. Finna
3. Dilbii
4. Lafa agabuu bulchuu
5. Araara
6. Bullukkoo

Gilgaala 2: Gochaalee Yeroo Dhaggeeffachuu

A. Osoo dhaggeeffachuutti hindarbin dura himoota dhiyaatan barreeffachuun dubbisi. Itti aansuun afee/dubbisa Barsiisaan/-tuun kee siif dubbisan sirriitti dhaggeeffachaa iddoo duwwaa himootaa guuti.

1. Ganda malkaa Gafarsaa kanatti _____achumatti _____.
2. Obbo Jiraataan nama _____fi _____hawaasaa ganamaa hamma galgalaatti uffatanii ittiin jiraatanidha.
3. Namoota lafa isaanii_____,ofiifis agabuu bulaniif gorsa maanguddummaa kennu.
4. Namni buleessi kun jaarsa _____ti.
5. Bullukkoo Abbaa Gadaa uffatanii _____ fi_____ jiidhaa harkatti qabatanii eebbisu.

Gilgaala 3: Gochaalee Dhaggeeffachuu Boodaa

A. Gaaffilee armaan gadii dubbisa dhaggeeffatte irratti hundaa'uun deebii sirrii ta'e filachuun deebisi.

1. Obbo Jiraataan lafa dhaala warra isaanii irraa argatan maal godhan?
   - A. Ormaaf qoodan
   - B. Abbootii qabeenyaatiif kennan
   - C. dholoota isaanitiif dabarsan
   - D. Ormatti gurguranii fixan
2. Maanguddoon kun maaliin beekamu?
   - A. namoota araarsuun
   - B. naannoo kunuunsuun
   - C. dhaloota duudhaa barsiisuun
   - D. hunda
3. Obbo Jiraataan namoota lafa isaanii agabuu bulchuun, ofiis agabuu bulan maal godhu?
   - A. nidheekkamu
   - B. seeraan himatu
   - C. akka seeran itti fayyadaman gorsu
   - D. ofiif misoomsuuf
4. Laphee namootaa seenanii jaalala diigame deebisanii ijaaru yaadni jedhu maal ibsa?
   - A. namoot hammatanii
   - B. namoota waldhaban araarsu
   - C. namoota gargar qoodanii
   - D. Ogeessa Fayyaati
5. Maanguddoon kun ijoollee wajjin maal hojjechaa yeroo isaanii dabarsu?
   - A. biqiltuu dhaabaa
   - B. fiilmii ilaalaa
   - C. daagaa ijaaraa
   - D. afoola itti himaa
6. Qabiyyeen dubbisa dhaggeeffattee maalta'uu danda'a?
   - A. araara buusuu
   - B. gahee maanguddootaa
   - C. seenaa barsiisuu
   - D. seenaa Obbo Jiraataa

B. Deebii gaaffilee armaan gadii hubannoo dubbisa dhaggeeffatte muuxannoo kee wajjin walqabsiisuun barreessi. Sana booda deebii barreessite kan garee biraa waliin walbira qabuun ilaali.

1. Wantoota dubbisa dhaggeeffatte keessatti ibsaman keessaa isa kamtu irra caalaatti gahee maanguddootaa ta'uu danda'a? Maaliif?
2. Maanguddoonni naannoo keessan jiraatan gahee maanguddummaa isaanii bifa walfakkaatuun ba'aa jiruu? Yoo ba'aa hinjiran ta'e sababni isaa maali jettee yaadda?
3. Bu'aa maanguddoonni hawaasa keessa jiraataniifi biyyaaf gumaachan tarreessuun ibsi.
4. Afee/dubbisa dhaggeeffatte cuunfuun yaada mataa keetiin gabaabsii keeyyata tokko barreessi.

Barannoo Lama: Dubbachuu

Dubbachuun dandeettiiwwan afaanii arfan keessaa tokko. Kaayyoon dubbachuu ija jabina horachuufi dandeettii yaada ofii tartiibaan qindeessanii sodaa tokko malee ibsachuuti. Mata duree kana jalattis dandeettii dubbachuu gabbifachuu shaakalta.

Falmii

Barannoo kana keessatti maalummaafi qajeelfamoota sirna falmii addaan baasuun xiinxalta. Kanaafuu, mata duree falmii filachuun falmii gaggeessi. Falmii gaggeessuun dura yaadannoo waa'ee falmiifi qajeelfamoota sirna falmii boqonnaa lama keessatti kennaman keessa deebi'uun qayyabachuun barbaachisaadha.

Gilgaala 4: Falmii Gaggeessuu

A. Mata dureewwan falmii armaan gaditti isiniif kennaman keessaa tokko filadhaa. Itti aansuun seeraa falmii hordofuun falmii gaggeessaa.

1. Aadaafi afaan sabaafi sablammootaa kabajuun faayidaa moo miidhaa isaatu caala?
2. Mirga walqixxummaa barattoota dhiiraafi shamarranii kabajuufi kabachiisuu irratti mana barnootaa moo, hawaasa mana barnootaatiin alaatu caalaatti gahee qaba?
3. Namoonni baratan biyya keessatti hojjechuu moo biyyoota guddatan deemanii hojjechuun duroomuu wayya?

Barannoo Sadii: Dubbisuu

Gilgaala 5: Gochaalee Dubbisuun Duraa

A. Gaaffilee armaan gadii osoo gara dubbisuutti hindarbin dura gareen irratti mari'achuun afaaniin deebii kennaa.

1. Jireenya kee keessatti rakkoon fala barbaadu si mudate jiraa? Yoo jira ta'e, akkamitti furmaata argatte?
2. Naannoo keessanitti namoonni yoo waldhaban, rakkoo isaan gidduutti uumame akkamitti furatu?
3. Mata duree boqonnaa kanaafi fakkiiwwan armaan gaditti dhiyaatan walbira qabuun waan irraa hubattan ibsaa.



Fakkii 1



Fakkii 2

Gilgaala 6: Gochaalee Yeroo Dubbisuu

A. Osoo gara dubbisuutti hindarbin dura gaaffiiwwan kennaman dubbisi. Itti aansuun dubbisa dhiyaate saffisaan dubbisaa deebii gaaffilee kanneenii deebisi.

1. Gahee maanguddoonni hawaasa keessa jiraataniif gumaachan adda baasi.
2. Dubbisichi keeyyata meeqarraa akka ijaarame ilaali.
3. Dubbisa kana keessatti maanguddoonni aadaafi seenaa barsiisuufi dhaloota dhaalchisuun kan bal'inaan ibsame keeyyata meeqaffaa keessatti?
4. Hima ijoo keeyyata 4ffaa adda baasi.

GAHEE MAANGUDDOOTAA

Addunyaa kana irratti dhalli namaa umriifi sadarkaa adda addaa keessa darba. Umriin dhalli namaa keessa lufu kun daa'imummaa hanga gadamoojjiifi jaarsa qulqulluutti ta'uu danda'a. Sadarkaafi umriiwwan dhalli namaa dabarsu keessatti gaariifi yaraan keessa darban akkuma jiru; gaheen namarraa eegamu jira. Namni kamuu maatii isaarraa eegalee hanga biyyaatti gahee/ shoora/ uummataaf gumaachu adduma addaan qaba. Gumaacha kana keessaa immoo gahee maanguddoota irraa eegamu ilaaluun barbaachisaadha.

Hawaasa biyya keenyaa biratti gaheen maanguddoota irraa eegamu bakka guddaa qaba. Maanguddoonni jaarsummaadhaan rakkoowwan hawaasummaa adda addaa hiikuu danda'u. Jaarsummaan garaagarummaa hawaasa gidduutti gama adda aaddaatiin uumamu osoo hinbabal'atin furuu danda'a. Uummata gidduutti waldhabdeen yoo uumame warri waldhabe maanguddootatti himatanii dhugaa soqatu/ barbaaddatu/. Jaarsoliin dubbii buusanii baasuun lafa haqni itti haqaaqame bira gahu; kan yakketti dabdee muruun; kan yakkameef haqa duraa dabe qajeelchu. Hawaasa keessatti namni yoo wal ajjeese maanguddootatu warra miidhameef gumaa muree; warra ajjeechaaf walgaadu gidduutti araara buusa.

Maanguddoonni yeroo baay'ee warra umriin buleeyyii ta'uun mudannoofi muuxannoo jireenyaarraa waan hedduu beeku; waan fuulduraa niraagu; hamtuufi toltuu adda baasanii dhalootaaf himu. Aadaa, duudhaa, seenaafi safuu hawaasaa jechaanis ta'ee, gochaan dhaloota dhaalchisu; gorsaan biyya utubuus ta'ee, cimsuu keessatti gaheen maangudoonni gumaachan dorgommii hinqabu.

Sabni tokko sabummaan isaa kan ittiin beekamufi eenyummaa isaatiin kan leellifamu afaan, aadaa, duudhaafi seenaa ofii isaa yoo qabaatedha. Afaan, aadaa, duudhaa, seenaafi ogumni saba tokkoo ibsituu falaasama, qarooma, xiinsammuufi mul'ata sabichaati. Qabeenyaa kana haala itti fufiinsa qabuun qindeessanii itti fayyadamuufi tursanii dhaloota dhaalchisuun guddina sabaafi biyyaatiif galtee taasisuun murteessadha. Guddinni afaan, aadaafi seenaa saba tokkoo bu'uura jijjiirama biyya tokkootiif shoora olaanaa qaba; aadaa, seenaafi eenyummaa saba tokkoo tiksee dhalootaaf dabarsuu irratti immoo gaheen maanguddootaa hundaa oli. Haalota darban bu'uura har'aa taasifachuun kan danda'amu yoo aadaafi seenaa kaleessaa maanguddoota irraa barachuufi fudhachuun danda'amedha. Keessumattuu saboonni yeroo dheeraa dhiibbaa alagaa jala turan aadaa, seenaa, afoolaafi ogbarruu isaanii barreeffamaan dhalootaaf dabarsuu irratti hireen isaanii dhiphaa ture. Uggura kana jala darbuun xurreen tokkichi ittiin aadaafi seenaa ofii baruu danda'an karaa maanguddoota isaaniti. Kanaaf, ammas taanan guddina aadaa, afaaniifi seenaa saba tokkoos ta'ee biyyaa irratti gaheen maanguddoonni lafa buleeyyiifi qaroo hawaasaa ta'an gumaachan tasumaa dagatamuu kan hinqabnedha.

Maanguddummaan umrii qofa irratti kan hundaa'u fakkaatullee, namoonni umriin sadarkaa maanguddoo ta'uu hingeenyellee gochoota gaggaarii maanguddoota irraa eegamu raawwatanii yeroon argaman nimul'ata. Kanarraa wanti hubatamu maanguddummaan yeroo hunda umrii qofaan kan daanga'u akka hintaanedha. Gama biraatiin immoo namni kamuu umrii maanguddummaa keessa waan jiruuf gahee maanguddummaa isaa haala irraa eegamuun ba'a jechuus miti. Hojiiwwan gaggaarii namoota dhuunfaa irra darbee biyyaaf bu'aa buusu raawwachuurra; gochaawwan hammeenyaa nama dhuunfaas ta'ee, biyya miidhu kanneen raawwatan darbee darbee gonkuma hinjiran jechuu miti.

Haata'umalee, maanguddoonni yeroo kamuu dhugaa bu'uura godhachuun Waaqa bakka bu'anii waldhabdee namoota dhuunfaatii hanga sadarkaa biyyaatti hawaasa gidduutti uumamuu danda'u karaa nagaatiin hiiku. Akkasumas, maanguddoonni nagaa biyyaa mirkaneessu amantaa jedhutu irraa eegama. Maanguddoonni eenyuufuu osoo hinloogne dhugaa qofa waltajjii taasifachuun haqa dabe qajeelchu. Akkas taanaan gahee maanguddummaa isaanii qixa sirriin bahuu isaaniif galanni uumaa biraas ta'ee, namoota biraa qaban guddaa ta'a. Sana

yoo hintaane garuu, bu'aa buusuufi madda waangaarii ta'uun hafee; maqaa maanguddummaa qabatanii daba daldaaluu irraa kan ka'e madda rakkoo ta'uun seenaan illee isaan komatamaa hafuun hinoolu.

Walumaagalatti, nagaa namoota dhuunfaa, hawaasa bal'aafi biyyaa buusuu keessatti maanguddoonni gahee/ shoora olaanaa qabu. Walitti bu'iinsa tasa mudatu karaa nagaa furuufi nagaa hawaasa isaanii eegsisuu irratti gaheen maanguddootaa guddaadha. Guddina aadaafi seenaa sabootaa akkasumas, biyya tokkoo mirkaneessuu keessatti maanguddoonni gahee bakka bu'ummaa hinqabne qabu. Maanguddoonni galmee seenaa qofa osoo hintaane guuboo manneen kitaabotaa buleeyyiidha. Kanaaf, dhaloonni hammaa maanguddoota nagaa buusuu irratti qooda gaarii qaban kanneen kununsuufi irraa barachuun barbaachisaadha. Dabalataanis, maddoota odeeffannoo aadaafi seenaa kan ta'an maanguddoota irraa aadaafi seenaa barachuus ta'ee galmeessanii cimsuufi dhaloota booddee dhufaniif dabarsuun dirqama seenaan irraa eegudha.

Gilgaala 7: Gochaalee Dubbisuun Boodaa

A. Hubannoo dubbisa armaan olii irraa argatte irratti hundaa'uun gaaffilee itti aanan kan sirrii ta'e 'dhugaa' kan sirrii hintaane 'soba' jedhii afaaniin deebisi.

1. Gaheen maanguddummaa umrii qofa irratti hundaa'a.
2. Akkuma namoonni dhugaaf dhaabbatan jiran, kan maqaa qofatti hirkatanii dhugaa hawaasa keessa jiru kanneen dabsanis jiru.
3. Dhalli namaa jireenya isaa keessatti umriifi sadarkaa adda addaa keessa darba.
4. Dhaloonni aadaa, seenaafi eenyummaa ofii barachuurratti shoorri maanguddootaa kan barnoota ammayyaatii gadi.
5. Ergaan waliigala dubbisa kanaa maanguddoota biyya keenyaa kunuunsuun barbaachisaadha kan jedhudha.

B. Dubbisa dubbiste irratti hundaa'uun gaaffilee armaan gadiif deebii sirrii ta'e filadhu.

1. Waldhabdeen hawaasa tokko gidduutti mudate osoo hinbabal'atin malli ittiin hiikamu kami?
   - A. seeratti dhiyeessuu
   - B. adda adda ba'anii jiraachuu
   - C. jaarsummaan hiikuu
   - D. dhokfatanii darbuu
2. Bu'uurri beekumsa maanguddootaa dhaloota hubannoo qabsiisuu kan ta'e maali?
   - A. Muuxannoo jireenyaa
   - B. Barnoota ammayyaa
   - C. mudannoo maanguddootaa
   - D. Afi C

3. Tooftaan hawaasni yeroo dheeraaf carraa barreeffamaa hinargatin afoolaafi ogbarruuwwan isaa ittiin waliif dabarsaa ture kami?

A. Maanguddoota gaafachuun C. galmee seenaa irraa dubbisuun

B. Falaasama beektotaa hordofuun D. biyyoota guddatan qorachuun

4. Adeemsa murtoo kennuu keessatti kan xiyyeeffannoo argachuu qabu kami?

A. cimina dubbii warra walhimatuu C. firummaa

B. haqa D. ragaa dhiyaate

5. Maanguddoonni "Waaqa bakka bu'anii waldhabdee namoota gidduutti uumamu hiiku amantaa jedhutu irraa eegama" yaanni jedhu maal jechuudha?

A. aangoo guddaa qabu jechuudha C. dhugaa murteessu jechuudha

B. waan hunda beeku jechuudha D. akka waaqaatti kabajamu jechuudha

Barannoo Afur: Barreessuu

Xalayaa Barreessuu

Xalayaan meeshaalee qunnamtii ta'ee; barreeffamaan ergaa dabarsuuf kan tajaajiludha. Xalayaan gosoota adda addaatti qoodamuu danda'a. Gosoonni xalayaa hedduun jiraatanillee, isaan keessaa kanneen armaan gadii haa ilaallu.

A. Xalayaa Dhuunfaa /kan firaa/

B. Xalayaa hojii

A. Xalayaa Dhuunfaa/firaa

Xalayaa dhimmoota dhuunfaa adda addaa ilaalchisuun firaaf ykn hiriyaaf barreeffamudha. Fkn. Odeeffannoo dhuunfaa kennuuf akkasumas, nagaa walii dhaamuuf, nama biraa gaaffachuuf, affeeruufi kkf barreeffamuu danda'a.

B. Xalayaa Hojii

Dhimmoota hojii ilaalchisuun dhaabbileewwan mootummaa ykn mitimootummaaf kan barreeffamudha. Kunis, dhimmoota hojiin walqabatu irratti waajjiraalee irraa gara namoota dhuunfaafi wajjiraaleefi waajjiraalee gidduutti odeeffannoo hojii waljijjiiruuf kan barreeffamudha.

Fkn: Iyyannoofi dhimmoota adda addaa, qajeelfamootaafi ajaja garagaraa akkasumas, gaaffiifi yaada maxxansiistootaa ta'uu danda'a.

Qaamolee Xalayaa

Xalayaan qaamolee adda addaa ofkeessatti qabachuu danda'a. Qaamoleen kunniinis keessa xalayaafi dugda poostaa irratti barreeffamuu kan danda'udha. Qaamolee kanneen tokkoo tokkoon isaanii akka armaan gadiitti ilaaluun adda baafachuun barbaachisaadha.

A. Keessa Xalayaa

1. Teessoon qaama xalayaan irraa ergamu walakkaarraa gara mirgaatti siqee barreeffama.
2. Teessoon qaama xalayaan ergamuufii walakkaarraa gara bitaatti siqee barreeffama.
3. Nagaa gaafachuun xalayaa dhuunfaa irratti barreeffama.
4. Jechoota kabajaa mul'isaniifi idilee ta'an xalayaa hojiitiif fayyadamna.
5. Qaamni xalayaa bakka itti yaanni tartiibaan ibsamudha.
6. Guduunfaan xalayaa bakka itti yaada hawwii gaariin dhaamamudha. Mallattoo barreessaa kaahuufi maqaa barreessuun barbaachisaadha..

B. Dugda Poostaa irratti

1. Teessoon nama xalayaa erguu gara bitaatti barreeffama.
2. Teessoon nama xalayaan ergamuufii gara jalaa ta'ee mirgaatti barreeffama.

Fakkeenya dugda poostaa armaan gadii irra jiru ilaali.



Gilgaala 8: Shaakala Xalayaa Barreessuu

A. Gosoonni xalayaa bakka gurguddoo lamaan armaan gaditti qoodamaniiru.

Maqaa kutaawwan kanaa bakka duwwaa irratti barreessuun agarsiisi.

1. Ergaa /Dhaamsa xalayaa
2. Guyyaa xalayaan itti barreeffame
3. Maqaafi mallattoo nama xalayaa barreessee
4. Dhaamsa kabajaa, nageenyaafi maqaa nama xalayaan barreeffameef

_____(A)

_____(B)

_____(C)

_____(D)

B. Xalayaan haala kanaan barreeffamu xalayaa akkamiiti ?

C. Qaamolee xalayaa armaan gaditti kennaman haaluma walfakkaatuun bakkeewwan duwwaa irratti \barreessuun agarsiisi.

1. Teessoo nama xalaayaan barreeffameef
2. Maqaafi mallattoo nama xalayaa barreessee
3. Dhaamsa/ Ergaa xalayaa
4. Guyyaa xalayaan itti barreeffame
5. Teessoo nama xalayaa barreessee
6. Dhaamsa kabajaa/nageenyaafi maqaa nama xalayaan barreeffameef.

_____A

_____B

_____

_____ _____

_____C

_____

_____

_____D

_____

_____

_____

E_____

_____

_____

_____

_____F

E. Gosoota xalayaa armaan gadiif kaayyoo isaanii barreessi.

A	B
Gosa Xalayaa	Faayidaa/Kaayyoo
1. Xalayaa Hiriyaa	A._____
2.Xalayaa Affeerraa	B. _____
3.Xalayaa Gaddaa	C. _____
4.Xalayaa Gammachuu	D. _____
5. Xalayaa Odeeffannoo	E. _____
6 Xalayaa Iyyannoo	F. _____

F. Gosoota xalayaa armaan olitti kaa'aman akka waliigalaatti bakka lamatti qooduu dandeenya. Isaanis: Xalayaa dhuunfaa ykn hiriyaafi xalayaa hojiiti. Gosoota xalayaa A jala jiranii xalayaa kan dhuunfaafi hojii jalatti qooduun barreessi.

Xalayaa Firaa	Xalayaa Hojii
1._____	1._____
2._____	2._____
3._____	3._____
4._____	4. _____

7. Xalayaa Iyyannoo hojii Barreessuu

- Akka namaYuunivarsiitii irraa eebbifamee hojii barbaadda jirtuutti of fudhu.
- Waajjirri/dhaabbanni tokko gosa barnootaa keetiin beeksisa hojii baase.

Kanaafuu, xalayaa iyyannoo qacarrii hojii ibsu qaama guutuu qabuun iyyata barreessi.

Barannoo 5: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 9: Hiika Galumsa Jechootaa

A. Jechoonni armaan gadii dubbisa keessaa bahan. Jechoota 'A'jalatti kennaman hiika galumsaa isaanii'B'jala jiran wajjin walitti firooomsi.

A	B
1. xurree	A. darbuu
2. hiree	B. dhugaa jal'ate
3. looguu	C. kallattii sirrii gadi dhiise
4. haqa dabe	D. dhugoomsuu
5. dirqama	E. danqamuu
6. haqaaqame	F. itti gaafatamummaa
7. lufuu	G. walcaalchisuu
8. ugguramuu	H. walitti bu'insa
9. waldhabdee	I. daandii
10. mirkaneessuu	J. qooda

B. Jechootaafi gaaleewwan armaan gaditti kennaman dubbisicha irra deebi'uun sakatta'aan dubbisii hiika galumsa isaanii barreessi.

1. dhugaa soquu
2. walgaaduu
3. furuu
4. dhaalchisuu
5. raaguu
6. falaasama
7. qaroo hawaasaa
8. buusanii baasuu
9. keessa lufuu
10. lafa buleeyyii

Barannoo Ja'a: Seerluga/Caasluga: Gochima

Yaadannoo Gochimaa

Jechi 'Gochima' jedhu gaalee 'Gochaa hima' jedhu irraa ijaarame. Kana jechuun gocha tokko kallattiin kan ilaallatudha. Gochimoonni garee ramaddii jechootaa keessaa isa tokkodha. Garee jechoota Afaan Oromoo biroorraa dhuma himootaarratti argamuun isaanii caasaan adda ta'uu agarsiisa. Gochimootni Afaan Oromoo keessatti argaman hedduudha. Isaan keessaa gochima darbeeyyiifi faaldarbeeyyiin armaan gaditti ibsamaniiru. Fakkeenyota itti aanan sirriitti qayyabadhu.

1. Barattuun mana barumsaa deemte.
2. Caalaan bofa ajjeese.
3. Taliileen Roobaadhaaf qubeessituu kennite.
4. Badhaasaan haadhaaf wandaboo bite.

Gochimoota Darbeeyyii

Himootni armaan olii kun gochimoonni isaanii darbeeyyiidha. Fakkeenyota kana keessatti gochimoonni raawwataman mathima irraa gara aantimaatti kan darbanidha. Gochaa raawwatamuuf mathimniifi aantimni jiraachuudha. Hima tokko keessatti mathimni lama jiraachuu danda'u. Fakkeenya himoota 1ffaafi 2ffaa keessatti jechoonni barattuu, Caalaa jedhaman mathima. Himoota

kanneen keessatti mana barumsaafi bofti immoo aantima kallattiidha. Jechoonni deemteefi ajjeese jedhan gochimoota. Himoota kana keessatti aantimni walitti dhufeenya kallattii mathima wajjin qaba. Himootni 3ffaafi 4ffaan gochima darbeeyyii qabu. Kunis, aantima

kallattiifi aantima alkallattii of keessaa qabu jechuudha. Jechoonni Roobaadhaaf, haadhaaf jedhan aantima alkallattiidha. Isaan kun kallattiin mathimaan walitti dhufeenya hinqaban. Jechoonni qubeessituufi wandaboo jedhan immoo aantima kallattii ta'u. Mathimaan walitti dhufeenya kallattii qabu jechuudha. Kanaafuu, himoota 1ffaafi 2ffaa irratti gochimoonni isaanii darbeeyyii yemmuu ta'an; himoota 3ffaafi 4ffaa irratti immoo gochimoota dachaa darbeeyyii jedhamu.

Gochima Faaldarbeeyyii

Akkuma maqaa isaa irraa hubatamutti gochima raawwii kallattii agarsiisa. Gochaan raawwatame tokko mathimarratti kan hafedha. Kana jechuun aantima kallattii hinqabu jechuudha. Fakkeenya

1. Barattoonni hedduun qorumsa darban.
2. Daraartuun kolfite.

Himoota armaan olii kana keessatti gochimoonni darbaniifi kolfite jedhan gocha kallattiin mathimaan raawwatamedha. Kanaafuu, gochimni darbaniifi kolfite jedhan faaldabeeyyii ta'u jechuudha.

Gilgaala 10: Shaakala Gochimootaa

A. Himoota armaan gadii fakkeenya siif kennamerratti hundaa'uun gochima darbeeyyii ykn faaldarbeeyyii jechuudhaan deebii isaanii barreessi.

1. Bosonni baay'een manca'e.
2. Gamtaan konkoolaataa bite.
3. Guddataan abbaa isaatiif konkooltaa bite.
4. Mucaan nirafe.
5. Caaltuun buna danfiste.
6. Milkiin hartuudhaan mana qulqulleesse.
7. Firaa'ol taa'ee muge.
8. Manni Bortolaan ijaarame.

B. Gochima armaan gaditti siif kennaman gargaaramuun himoota gochimni isaanii darbeeyyiifi faaldarbeeyyii ta'an ijaari.

1. utaalte
2. rafe
3. ijaare
4. dhaabe
5. gale
6. dubbiste
7. barsiise
8. nyaate
9. barreessite
10. qale

BOQONNAA TORBA

ASOOSAMA DHEERAA

Kaayyoowwan: Xumura Boqonnaa Kanaatti:

- Yaadrimee Asoosama Dheeraa ibsita.
- Caacculee Asoosama dheeraa tarreessitee ibsita.
- Amaloota Asoosama Dheeraa adda baasta.
- Gocha kutaa Asoosama Dheeraa tokko keessaa raawwii isaa irra deebitee barreessita.

Barannoo Tokko: Dubbachuufi Dubbisuu

Gilgaala 1: Gochaalee Dubbisuun Duraa

A. Gaaffiiwwan armaan gadii gara dubbisuutti osoo hindarbin dura gareen irratti mar'adhaa.

1. Asoosamni maali?
2. Asoosama dubbistee beektaa?
3. Maqaa kitaabilee asoosama dheeraa beektan tarreessuun mata duree isaanii kan yaadattan

Gilgaala 2: Gochaalee Yeroo Dubbisuu

B. Dubbisa asoosamaa siif dhiyaate yeroo dubbistu gaaffiwwan armaan gadii xiinxalaa dubbisi.

1. Qindoomina jaargocha asoosama kanaa qayyabachaa dubbisi.
2. Namfakkiiwwan asoosamicha keessa jiran adda baasi.
3. Yoomessa asoosamichaa adda baasi.
4. Mata dureen asoosama dubbistee maal akka ta'e adda baasi.

ASOOSAMA

Iddoon dhaloota koo Wallagga gama Lixaa, magaalaa Biilaa jedhamtu. Haala ani itti guddadhe keessa waan nama gammachiisu baay'een hinjiru. Abbaan koo waggaa saddeetiifi walakkaatti haadha kootti nadhiisee murtoo ofiitiin du'e. Yeroo sana obboleettii koo, kuulaniin, umriin ishee waggaa 6 ture. Hanga lubbuun turetti jaalalaan nuguddise. Abbaan keenya, Soolaan Disaasaa, yeroo manatti galee nu argu, utuu hinse'iin aarii isaa- xiiqii- quuqaqama isaa keessaa baha. Nuwaliin odeessa- nuwaliin kolfa- nuwaliin taphata ture. Qabeenya baay'ee hinhoranne – abbaan keenya buna daldalee maallaqa argatu falmii lafaatti fixe. 'Lafa warri keenya irratti hafan, lafa hundhuura irratti buufanne- lafa irraa nyaanne, irraa dhugnee, irra taphannee guddanne ormaaf laadhee hintaa'u' jedhee utuu ciniinnatee falmuu, Biilaadhaa hanga Finfinneetti magaalaa Daanyaan buufate cufatti utuu marmaaruu, dhumarratti harka duwwaa hafe. Lafti isaa nafxanyaa ciqaa-shuumii, Birasaaw Mollaaf raggaasisame. Sana booda, aariin abbaa koo itti caale. Anaafi kuulanii biratti waan nagaa qabu of fakkeessuu yaaluyyuu ani garuu irrattan beekan ture. Yeroo tokko tokko utuu hinse'iin quba isaa ciniina. Hidhii nyaata. Hidhiiwwan isaa walitti qadaadee, funyaaniin hafuura gadadoo baafata. Dabree dabree halkan ennaa inni aadullee nan dhaga'an ture.

Booda keessa, lafa seeraan dhorkame sana humnaan fudhachuuf itti seene. Magaalaa irraa walakkaa sa'atii deemsisa- lafti sun, Dhaqee mana citaa irratti ijaare- abbaan koo. Oduun isaa battaluma ciqaa-shuumicha, Birasaaw Mollaa bira gahe. Yeroo Birasaaw nacci-labaashota lama fudhatee, abbaa koo qabsiisuuf itti qajeelu, inni immoo karaatti riphee eeggatee eeboo itti gad-lakkise. Eeboon abbaa koo sarbaa Birasaaw keessa darbee lafa waraane. Nacci labaashonni lameen, lubbuu baafachuuf of irra deebi'anii baqatan. Booda garuu, xurumbaa afuufanii, magaalaafi baadiyyaa birmachiisanii itti dacha'an. Namoonni gariin, ciqaa-shuumicha dhiigaan laaqame, madaa isaa hidhanii, wasaasaa baatanii gara magaalaa Biilaatti deebi'an. Kaan hedduun immoo, abbaa koo hidhanii-xagaranii fiduuf nacci-labaashota hordofanii gara lafa warra isaa durii-bakka inni mana itti ijaarratetti qajeelan. Yeroo achi ga'an garuu, seenaan xumuramee isaan eege. Abbaan koo mana haaraa ofii ijaarrate keessatti ofrarraasee argame. Abbaan koo du'ee utuu waggaa tokkollee hinturin, lafti qotee-bulaaf labsame. Mootummaanis nijijjiirame. "Silaa utuu hin duune ta'een" jedhe yeroo sana. Amma garuu…

Haati koo eega gadda abbaa kootii xumurtee booda yeroo dheeraa hinturre, kan dhiira biraa wajjin walbarte. Maannaaloo Balaay jedhama. Namni kun, dargagummaa isaatti hojii barbaacha Marraabeeteedhaa Gimbii dhufe. Waggoota hedduuf buna funaanaa naannawa sana jiraate. eega horii harkatti qabatee booda, dura Biilaa booda Najjoo jiraate. Biilaadhaa namoota baayyee waan beekuuf eega Najjootti galeeyyuu irraa hincinne. Yeroo sana keessa egaa kan inni haadha koo waan gargaaru fakkaatee, maallaqaan ofdagachiisee itti hiiquu jalqabe. Utuu waa hinturin, akka tasaa ulfoofteef. Kun firoota abbaa koo hunda rifaasise. Utuu ulfi ishee hinguddatin, gorsanii Maannaaloo harkaa baasuuf yaallan didde-haati koo. Booda yeroo firri cufti mana ishee lagatu, anaafi Kuulanii manatti dhiistee, dhokattee isa wajjiin Najjootti galte. Utuu fira hineyyamsiisin seera Aadaa diigde; safuu cabsite. Ijoollee afur Maannaaloof deessee, waggoota kudha-lama Najjoo keesssa waliin jiraatan. Jireenyi isaanii garuu, akka bara duraa sana hin hoo'ine. Maannaaloon, gara boodaa, ennaa horiin harkatti baayyachaa deemu, mana dhugaatiitti dhiisifachun, machaa'ee manatti galuu jalqabe. Haadha koo jeequun, arrabsuufi reebuunis itti aanee dhufe.

Aniifi obboleettiin koo, Kuulaniin waggoota kudhaniif mana wasiila keenyaa, mana Aabbo Waltajjii Disaasaa jiraanne. Booda Kuulaniin haadha-manaa Aabbo Waltajjii, Aadde Margee wajjin walii-galuu dhabdee, haadha keenya bira, Najjoo deemte. Garuu yeroo xiqqoodhaa booda hiree haadha kootu ishee mudate. Maannaaloon oggaa machaa'ee manatti galu, Kuulaniis haadha kootti ida'ee arrabsuu, rukutuu dhiituu jalqabe. Haati koo duraan, utuu naannessitee hinyaadin, firoota isheefi firoota abbaa koo irraa kutattee waan isatti galteef, rakkoo ishee himachuu qaaneffattee-yeellaatee, liqimsitee teesse. Haala akkanaatiin yeroon itti dhibaa'ee… guyyaan akka torbaniii itti dheeratee, torban baatii itti ta'ee, baatiin waggaa itti fakkaatee utuu tirattuu gaaf tokko immoo wanni isheen gonkumaa hineegin uumame.

Haati koo namoota ollaa wajjin du'a-ga'ii baadiyyaa deemtee bulte. Maannaaloon qunduftii quuffatee-qunduftiitti fe'amee bitintiraa halkan iyya hindaaqqootti dhihaate mana gahe. Kuulaniii irraa kan hafe ijoolleen martinuu rafanii turan. Kuulaniin irbaata kennuufiif jettee jilbawwan isheerratti gombifamtee mugaa isa eegaa turte.

Akka waraabessaa qofaa gungumaa balbala rukute Maannaaloon. Nibanteef. Gola hirriibaatti dabree taa'e. Bishaan harkaa kennuufiif faana deemte.Yeroo isheen hirbaata dhiyeessituuf, 'Nawajjin nyaatta malee'jedhee dirqisiisnaan bira gadteesse. Hanga hafuurri ishee citutti afaan

kaayaadhaan ukkaamse. Saalfattee hanga hirbaanni ka'utti obsite. Eega hirbaata jalaa fuutee booda, ennaa bishaan harkaa fiddeefii dhuftu, harka isaa dhiqatee harka ishee qabate. Haalli isaa itti bitaacha'ee jennaan gadi dhiifachuuf ennaa duubatti harkifattu humnaan butee ofcinaa ishee buuse. Yemmuu inni afaan isaa isa fooliin isaa akka foolii siicoo qunduftii lafa sochoosu afaan isheetti qadaadu asii-achi wixxifattee amma sagaleen ishee danda'u iyya keessaa fuute. Wanni garaa ishee keessaa gaggaragalee oldhufee afaan isheetti guutee jennaan uffata isaa irratti gad-dhiiste. Fuula isaatti tufte. Otuma waldhaansoo waliin qabanii, walgangalchanii ammas lammata caraante. Iyyi isheefi iyyi haadha koo durumaanuu gurra olla waan quubseef, martinuu amala isaaniiti jedhee osoo itti hinbirmatin hafe. Obboleeyyan ishee, ijoollee mana ciciisan immoo sodaatanii bakkuma jiranitti riphanii hafan.

Kuulaniin utuu olii-gad wixxifattuu harkawwan isaa keessaa futtaafattee yeroo gara fuul-duraatti utaaltu, Maannaaloon miila ishee qabannaan takaalamtee fuula isheetiin lafatti rukkutamte. Yeroo achii olkaatee waan afaan ishee keessaa gad-tuftu, ilkaan ishee tokko dhiigaan maramee lafa bu'e. Maannaaloon kana argeellee osoo xiqqoo hinrifatiin, harkisee siree irra ishee buuse. Qaama bineensummaa machiin utaalchisuun gudeeda isheetti seene. Ibidda fedhii saalaa dhugaatiin itti afarsee keessa isaatii belbelsu ittiin dhaamsate. Qaama ishee cicciree- lubbuu ishee dararee – ulfina ishee caccabsee – abdii ishee unkuteessee – horoomaa ishee baasee, ofii dugdaan ciise . . .

Boorumtaa isaa yeroo haati koo manatti deebitu Maannaaloonis Kuulaniinis hinjiran. Utuu isheen gad hintaa'iin ijoollee waan ta'e hunda walharkaa fuudhanii itti himan. Silaa gurri dhaga'uu hindiduutii, harkawwan ishee lamaaniin mataa qabattee, akka mukaa gogdee dhaabattee dhaggaaffatte. Dura, waan gootus; waan jettus harkaa bade, bakka dhaabattetti fajajdee hafte. Badii kana hundaaf sababaan ishee ta'uu murtee, galgaluma gaaf-sanaa karaa boroo baatee wadaroodhaan mukatti ofrarraaste. Garuu, battalatti namoonni ollaa arganii ishee oolchan. Iyyanii itti birmatanii, wadaroo irratti kutan. Oduun isaa immoo akka waan raadiyoon tamsaasee, Najjoodhaa ka'ee magaalaa Biilaa keessa faca'e. Firoonni abbaa koo gaafa waan Maannaaloon Kuulanii irratti raawwate dhaga'an

akka rifatan, gaafa abbaan koo ofajjeesellee kan rifatan natti hinfakkaatu. Gaadanii Maannaaloo ajjeesuuf yeroo isaan halkan Najjoo seenan, inni immoo isaan dursee jalaa bahe. Horii isaa

hanga danda'e guurratee isa hafe immoo gatee naannoo sana gad-lakkisee bade. Silaayyuu eega gaafa gocha sana raawwatee as, halkan tokkollee mana hinbulle.

Obboleettiin koo Kuulaniin, halkanuma gaafa sanaa, uffata isheefi qaama ishee dhiigaan laaqameen manaa ba'uu ishee malee achi buuteen ishee otuu hinbeekamiin hafe. Haati koofi firoonni abbaa koo gama gama isaaniin iyyaafatanii, iyyaafachiisanii qoratanii dadhaban – 'Kuulanii achitti arge' yookaan ' waa'ee ishee achii dhaga'e' kan jedhu, nam tokkollee hinargamne.

Haati koo akka garaan ishee ramacametti ijoollee afur qabattee qofaa ishee dirree irratti hafte. Okkotee sooftee, ibiddatti waadamtee araqee baasuun ijoollee sana guddisuu jalqabde. Ijawwan namoota eeboo tuffiifi jibbaa itti darbatanii waraanan obsitee – afaanneen namoota qeeqa, arrabsoofi yakka irra tuulaa oolan dandeessee, morma gad – cabsattee, qalbii cabeen-hamilee daakameen jiraachuu itti fufte.

Ani wasiila koo, Waltajjii Disaasaa bira taa'ee barnoota koo itti fufeyyuu waa'een haadha koo yeroo mara keessa koo jeeqa ture. Namoonni ganda keenyaa immoo daranuu natti hammeessan. Oggaa na argan waa'ee ishee yookaan waa'ee obboleettii koo, Kuulanii, natti kaasu. 'Obboleettiin kee sun bakki isheen buute barameeraa?. . .' jedhanii nagaafatu, yookaan nagaa nadubbisanii yeroo ani bira darbu hidhii xuuxu… waa'ee haadha koo yookaan obboleettii koo akka ta'e shakkii hinqabun ture. Sababa haati koo firoota abbaa koo irraa cittee hafteef, anis wasiila kootti dubbachuu sodaadhee, yeroo dheeraaf utuu ishee hinargiin ture. Gaaf-tookko isheen dhuftee na argatte.

Aduu gara dhihaatti aggaamte, utuun mana barnootaatii bahuutti jiruu, dubartii fuulli ishee xalaa'ee ijawwan ishee cimmaa yaasan, kan rifeensi mataa ishee arriin dhaale tokkon balbala mooraa mana barnootaa duratti arge…Faara gudunfitee bitaa-mirga ilaalti… ijawwan ishee boollawwan isaanii keessa gad-faagatan fajajanii ijoollee yaa'aa jiran keessa waa barbaadu. Yeroon argu, dura haadha koo ta'uu ishee hinbarre. Yeroon baru garuu nan rifadhe – baay'een rifadhe – qaamatu naroma'e – hafuuratu naciccite. Isheen immoo, hamma ani ishee waamuttiyyuu na hinbarre. Yeroo ana ta'uu bartu, faarri ishee daranuu gudunfame…ijawwan ishee daranuu xixiqqaatan. . . hidhiwwan ishee
banamaniyyuu sagalee baasuu dadhaban, ni ollatan…

Utaaleen itti marame. Qaama dafqi itti goggogen suunfadhe. Foolii ani ijoollummaa kootti suufee rafaa turetu natti dhufe –irraa oljechuu hindandeenye. Imimmaan ishee morma kootti coccobe – imimmaan koo immoo harma isheetti gad-cobe…akkanatti yeroo hagamii akka turre hinbeeku. Booda, ofirraa olnaqabdee fuula koo keessa ilaalte. Guddachuu koo natti himte. Waan gammadde natti fakkaata. Akka nafudhattee galtu barbaadeen ture.

" Amma guddadheera. Hojjedhee sigargaaruu danda'a" n jedhe.

"Maal hojjettee nagargaarta?" jette –sagalee dadhabaadhaan.

"Waanuma fedhe. Buna ciree, yookaan qonnaa qotee…yookaan immoo…"-utuunhin dubbatiinan fuula ishee ilaale. Imimmaan ishee keessaan na ilaalaa jirti. "Ba'aa namaaf baadheeyyuu taanaan…"

"Barumsa kee hoo?" jette.

Nan callise waa'ee barnootaa kan wasiilli koo, Aabbo Waltajjiin deddeebise natti himaa turetu yaadatti nadhufe. ... Ati barumsa kee dhiisnaan waan abbaan kee gaafa ati dhalatte irraa jalqabee hawwa ture hundi karaatti hafuu isaati. Abdii isaa bishaan nyaachifte jechuudha.

"Barumsa kee hindhiistu. Karaa guddina jalqabdee gadi hindeebitu,"

Nan jette – haati koo. . .

Maddi Asoosama Dheeraa, **"GODAANNISA"** *Muddee 1992–tti maxxanfamee, Fulbaana 2020 A.L.A.-tti Haaressame maxxanfame irraa fudhatame. Fuula (18---24)*

Gilgaala 3: Gochaalee Dubbisuun Boodaa

A. Asoosama armaan olitti dubiste irratti hundaa'uun gaaffilee armaan gadii kan sirrii ta'e 'dhugaa' kan sirrii hintaane 'soba' jedhii afaaniin deebisi.

1. Seenessaan asoosama dubbistee maqaa isaa ibsudhaan seenessuu eegale.
2. Seeneffama kana keessatti Soolan lafa falmachaa ture seeraan deeffateera.
3. Barreessaan asoosama kanaa jireenya gaddisiisaa keessa taa'ee barreesse.
4. Soolan Disaasaa Nacci-labaashotaan ajjeefame.
5. Kuulaniin abbaa buddeenaa isheetiin gudeedamte.

A. Jechoota roga 'A' jalatti kennaman hiika galumsaa isaanii 'B' jala jiran wajjin walitti firoomsi.

A	**B**	
1. caraante	A. daddarbamaa	K. dhugaatii lallaafaa
2. qunduftii	B. hoollachuu	L. ustee
3. riphanii	C. deddeebi'uu	
4. yeellaatee	D. adamsanii	
5. bitintiraa	E. iyyite	
6. ramacamte	F. aariidhaan gubatte	
7. xagaranii	G. qaanoftee	
8. gaadanii	H. dhokatanii	
9. marmaaruu	I. jabeessanii hidhanii	
10. rom'uu	J. dhugaatii araqee	

B. Hubannoo asoosama dubbistee irratti hundaa'uun deebii sirrii ta'e filadhu.

1. Asoosessaafi haati isaa turtii yeroo dheeraan booda eessatti walargan?
   A. lafa gabaatti C. laga bishaanitti
   B. mana barumsaatti D. karaarratti
2. Maqaa meeshaalee asoosama kana keessatti ibsamanii kan hintaane kami?
   A. xurumbaa C. qaruuraa
   B. wadaroo D. eeboo
3. Kuulaniin eenyu?
   A. haadha Maannaaloo C. Obboleetti seenessaa asoosamaa
   B. Haadha manaa soolan D. haadha manaa ciqaa-shuumii
4. Caacculee asoosamaa kan hintaane isa kami?
   A. jaargocha C. ija
   B. yoomeessa D. mata duree
5. Namfakkiin asoosama kana keessatti hin ibsamne kami?
   A. Aadde Jiituu C. Aabbo Waltajjii
   B. Aadde Margee D. Birasaaw Mollaa
6. Seenaan asoosama kanaa eessaa eegale?
   A. Najjoo C. Marraabeetee
   B. Biilaa D. Gimbii
7. Maqaan kitaaba asoosamni kun irraa fudhatamee maal jedhama?
   A. Godaannisa C. Qara eeboo
   B. Dhaamsa Abbaa D. Dungoo Halkan sanaa

8. Seenaa asoosama kanaa keessatti eeboodhaan kan waraaname eenyu?
   A. Birasaaw Mollaa C. Ciqaa-shuumii
   B. Nacci-labaashii D. Afi C
9. Ka'umsa rakkoo asoosama kanaa kan ta'e kami?
   A. Wal himannaa dhimma lafarratti ka'e
   B. Wal himannaa dhimma haadha manaafi abbaa manaa gidduutti ka'e
   C. Wal himannaa dhimma daldala bunaa irratti ka'e
   D. Wal himannaa dhimma dhaala qabeenyaa maatii irratti ka'e
10. Barreessaan Kitaaba Asoosama seenaan kun irraa fudhatamee eenyu?
   A. Gaaddisaa Birruu C. Isaayyaas Hordofaa
   B. Abrahaam Tasfaayee D. Dhaabaa Wayyeessaa

Yaadannoo Asoosama Dheeraa

Asoosamni damee Ogbarruu keessaa tokko yoo ta'u; ta'insoota jiruufi jireenya dhala namaa bu'uureffachuun sababaafi bu'aa irratti hundaa'ee kan seeneffamudha. Bu'uurri asoosamaa dhugaa hawaasa keessatti argamudha.

Asoosama bakka lamatti qoodnee ilaaluu dandeenya. Isaanis: Asoosama dheeraafi gabaabaa yoo ta'an; maalummaa asoosama gabaabaa kutaalee darban keessatti baratteerta. Kutaa kana keessatti immoo maalummaa, caacculeefi amaloota asoosama dheeraa kan barattu ta'a.

Asoosamni dheeraan waan namoonni dhalootaa hanga du'aatti keessa darban seenessa. Namfakkiiwwan bakka bocamanitti, dhugaa jiruufi jireenya dhala namaa kan bakka bu'anidha. Yaada isaaniifi gocha isaanii kan dhugummaan agarsiisu seeneffama fuulleffannaa tokko qabuufi itti fufiinsa qabu kan agarsiisudha. Dheeraa ta'uu isaa irraa kan ka'e wanta isa keessatti raawwate tokkoo tokkoon yaadachuun nama rakkisa. Hubachuudhaafis yeroo dheeraa namatti fudhata.

Barannoo Lama: Caacculee Asoosama Dheeraa

Gilgaala 4: Shaakala Caacculee Asoosama Dheeraa

A. Asoosama armaan olitti dubbiste irratti hundaa'uun gaaffiiwwan armaan gadii barreessuun deebisi.

1. Namfakkiiwwan/qooddattoota/ asoosamicha keessa jiran barreessi.
2. Walitti bu'iinsa salphaa asoosama kana keessatti mul'ate barreessi.
3. Walitti bu'iinsa ulfaataafi walxaxaa ta'e adda baasii barreessi.

4. Seenaa asoosama dubbistee keessatti, safuufi aadaa hawaasa naannoo asoosamni kun irratti xiyyeeffatee kan cabse eenyu akka ta'e barreessuun ibsi.
5. Yoomeessa asoosama kanaa barreessi.
6. Ergaa waliigala asoosama dubbistee gabaabsii barreessi.

Caacculee Asoosama Dheeraa

Asoosamni dheeraan caacculeewwan adda addaa ofkeessaa qaba. Caacculeewwan kunniin ibsa isaanii waliin armaan gaditti kanneen dhiyaatan yoo ta'u; tokkoo tokkoon isaanii dubbisuun qayyabadhu. Jaargocha: Asoosama tokko keessatti seenaan asoosamichaa qindaa'ee akka dhiyaatu kan taasisudha. Namfakkii: Asoosama keessatti qooddattoota barreessaan yaada isaa waliin akka deemuu danda'anitti kalaqee dhiyeessudha. Kunis gochaalee barreessaan asoosamichaa itti kenne warreen raawwatanidha. Walitti bu'iinsa asoosama keessatti raawwatamu hunda baasee kan ibsu jechuudha. Waldiddaa: Walitti bu'insoota barreessaan asoosama keessatti kalaqee namfakkiiwwan bakka isaanii kennametti raawwatanidha. Waldiddaan bakka lamatti qoodama. Isaanis:

A. Waldiddaa keessaa: Kun namfakkiiwwan asoosama tokkoo yaada tokko raawwachuufi dhiisuu irratti keessa isaaniitiin waldidan/ofiin ofmormuu / jechuudha.
B. Waldiddaa alaa: Namfakkii/ qooddattoonni asoosamaa qaama isaaniin ala ta'een walitti bu'an/walmorman/ jechuudha. Kunis, namni nama waliin, namni hawaasa bal'aa waliin, namni haalawwan adda addaa waliin, namni uumaa waliinifi kkf

Seenaa: Raawwiiwwan adda addaa walduraa duuban qindaa'anii dhiyaatanidha. Seenaan bu'uura asoosamaa isa hangafaati.

Yoomessa: Bakkaafi yeroo raawwii asoosaan fayyadamee asoosama isaa keessatti barreessudha.

Ija: Kallattii seenaan asoosama tokkoo ittiin seeneffamudha.

Ergaa: Kan asoosaan itti yaadee dubbistootaaf dabarsudha.

Filannoo Jechootaa: Qooqa/afaan/ miseensi olaanaan asoosama tokkoo itti gargaaramudha. Haalli itti fayyadama jechootaa yookiin qooqa hubatamaa yaada barreessaatiif gumaacha guddaa qaba.

Barannoo Sadii: Amaloota Asoosama Dheeraa

Armaan olitti maalummaafi caacculeewwan asoosama dheeraa akkasumas, tajaajilawwan caacculeen kunniin qaban baratteerta. Barannoo kana jalatti immoo, amaloota asoosama dheeraa kan barattu ta'a. Kanaafuu, amaloota asoosama dheeraa hubachuuf gaaffilee armaan gaditti kennaman shaakali.

Gilgaala 5: Shaakala Amaloota Asoosama Dheeraa

A. Gaaffileen armaan gadiitiif deebii sirrii ta'e barreessuun deebisi.

1. Garaagarummaa asoosama dheeraafi gabaabaa gidduu jiru addaan baasuun barreessii ibsi.
2. Sababoota ergaan asoosaama dheeraa akka bal'atu taasisan tarreessuun ibsi.
3. Wantoonni ergaa asoosama dheeraa dafanii hubachuuf ulfaataa taasisan maal akka ta'an barreessi.

Asoosamni dheeraan amaloota garaagaraa asoosama gabaabaa irraa ittiin adda ta'u qaba. Amaloonni kunniinis akka armaan gadiitti tarreeffamaniiru. Isaanis:

- Unka bal'aa qaba.
- Dubbisuuf yeroo dheeraa fudhata.
- Ergaa bal'aa qaba.
- Seeneffama dhalootaa hanga du'aatti namoonni keessa darban kan seenessudha.
- Waldiddaafi sababoota hedduu ofkeessaa qaba.
- Dheeraa ta'uu isaa irraa kan ka'e wanta isa keessatti raawwate tokkoo tokkoon yaadachuun nama rakkisa.
- Hubachuudhaafis yeroo namatti fudhata.
- Suuta suuta gara ergaa ijootti geessa.
- Qooddattoota/namfakkiiwwan/ hedduu qaba.

BOQONNAA SADDEET

SABQUNNAMTII HAWAASAA

Kaayyoowwan: Xumura Boqonnaa Kanaatti:

- Ergaa afaaniin dhiyaate sirriitti dhaggeeffachuun yaada xumuraa kennita.
- Haasaa sab-qunnamtii taasifame tokko irratti yaada kennita.
- Faayidaa afee/dubbisaa dubbisuun adda baasta.
- Barruu amansiisaa tartiiba loojikaawaa hordoftee barreessita.
- Hiika jechootaa faallaafi walfakkii galumsaan filattee fayyadamta.
- Gochimoota hennaalee hundaa sirriitti fayyadamta.

Barannoo Tokko: Dhaggeeffachuu

Gilgaala 1: Gochaalee Dhaggeeffachuun Duraa.

A. Osoo gara dhaggeeffachuutti hindarbin dura gaaffileen armaan gadii gareedhaan irratti mari'adhaatii deebii keessan afaaniin waliif gabaasaa.

1. Miidiyaan maali?
2. Miidiyaan tajaajila maal maalii hawaasaaf kenna?
3. Mudannoowwaniifi muuxannoowwan gaggaarii addunyaa irratti mul'atan akkamiin hawaasa bira ga'uu danda'u?
4. Miidiyaalee hawaasaa kanneen jedhaman maal maalfa'i?

Gilgaala 2: Gochaalee Yeroo Dhaggeeffachuu

Amma immoo barsiisaa/-tuun odeeffannoo miidiyaa hawaasaatiin dhiyaate keessaa tokko siif dubbisuuf jiru. Atis odeeffannicha dhaggeeffachaa himoota bakka duwwaa kennamaniif odeeffannoowwan dhaggeeffattu keessaa guuti.

1.Saabwaaraa Siwaaleen Doktora ispeeshaalistii_____fi_____ti.

2 Doktor Saabwaaraan daa'imashee dugdatti baachuun tajaajila wal'aansa_____kennitee_____ olaanaa gonfatteetti.

3. Doktorri kun dinqisiifannaa akka gonfattu kan taasise maal gochuu isheetiin_____(4) Sababiin Doktar Saabwaaraan bakka isheetti argamteef_____.(5) Sababni Doktar Saabwaaraan

daa'imashee dugdatti baattee wal'aansa baqaqsanii hodhuu kenniteef_____.(6) Waa'ee odeeffannoo dhaggeeffattee ilaalchisee hubannoo odeeffannoo kanarraa argatte gabaabsii barreessi.

Barannoo Lama: Dubbachuu

Gilgaala 3: Shaakala Dandeettii Dubbachuu

Gaaffileen armaan gadii odeeffannoo sab-qunnamtii hawaasaa garaagaraa dhaggeeffachuun gareen irratti mari'achuun yaada irratti kennaa. /Yaada fudhatamummaa qabuufi yaada fudhatamummaa hinqabne/ jechuudhaan walbira qabuun ibsaa.

1. Oduu mata dureen isaa "Aantummaa uummataa"jedhu dhaggeeffatte irratti yaada kenni.
2. Oduu sabqunnamtii hawaasaa tokko xiyyeeffannoon dhaggeeffadhu. Mata duree ykn ijoo dubbii isaa adda baafadhu. Itti aansuun daree keessatti hiriyoota kee wajjin yaada sabqunnamtii hawaasaan darbe irratti mari'adhaa. Dhumarratti, yaada irratti waliigaltan dareef gabaasaa.
3. Waliin dubbii armaan gaditti dhiyaate ilaaluudhaan kanneen hafan yaadota sirrii ta'aniin guuti.

Waliin Dubbii Taasisuu

Barattuu Simboo Daadhiifi barataa Dhugaasaa Dabalaa waliif fira.

Barattuu Simboon Finfinneetti Mana Barumsaa Burqaa Waayyuu Sadarkaa 2ffaa tti baratti.

Barataa Dhugaasaa Dabalaa immoo Mana Barumsaa Amboo Sadarkaa 2ffaa tti barata.

Barattoonni kunniin lamaan yeroo baay'ee bilbaila harkaatti gargaaramuun nagaa walgaafatu; odeeffannoo waliif dabarsu.

Waliin dubbii isaan taasisan akka armaan gaditti dhiyaateera. Isinis lama lama ta'uudhaan akka isaaniitti haasawuun, himoota bakka duwwaatti guutaa waliin dubbii taasisaa.

Dhugaasaa: Bilbila harkaa bilbile.

Simboo: Heloo! Heloo! Dhugaasaa?

Dhugaasaa: Heloo! Akkam! Nagaa keetii Simboo?

Simboo: Nagaa! fayyaa kooti. Waan tokko illee dhibee hinqabu.

Dhugaasaa: _____?

Simboo: Maatiin koo hunduu, hiriyoonni koos fayyaa isaaniiti.

Dhugaasaa: Barnoonni samisteerri 2ffaa baranaa akkamii ?

Simboo: _____.

Dhugaasaa: Qorumsa haala gaariin hojjettee ?

Simboo: _____.

Dhugaasaa: Kanaafuu, akka dareettis, akka mana barumsaatti sadarkaa ni argatta kaa?

Simboo: Akka mana barumsaa kootti, sadarkaa 1-3ffaa tti na baha jedheen yaada.

Dhugaasaa: _____.

Simboo: Ati hoo akkami? Sirriitti qu'attee qorumsa hinhojjenne ?

Dhugaasaa: _____.

Simboo: Kanaafuu, maarree atis sadarkaa akka mana barumsaa keetti ni argatta jechuudha.

Dhugaasaa: _____?

Simboo: Manni barumsaa keenya meeshaalee yaalii saayinsiifi kitaabilee gahaa niqaba.

Dhugaasaa: kitaabilee gahaa niqaba; garuu hanqina meeshaalee yaalii niqaba.

Simboo: Qorumsa biyyeessaa bara dhufuuf, ammummaa ka'een qu'achuun barbaada.

Dhugaasaa: _____.

Simboo: Baay'ee gaariidha; ta'us qaba.

Dhugaasaa: Ganna kana keessa Ambo dhufteen hindaawwattuu?

Simboo: _____.

Dhugaasaa: Maarree! Aniifi qilleensi Amboo si'i simachuuf qophoofne si eegna.

Simboo: _____.

Dhugaasaa: Nagaan koottu ! Maatii hundattis nagaa naaf himi.

Simboo: _____.

4. Dhimmoota sab-qunnamtii hawaasaa ilaalchisee mata duree falmiif ta'u filachuun falmii gaggeessaa. Qajeelfama sirna falmii siif kenname sirriitti dubbisuun mata dureewwan dhiyaatan keessaa tokko filachuun qophii duraa taasisi. Yaadaan moo'achuufis yaada ijoo gumeessuun tartibaan dhiyeessi. Ijoo dubbii keetii ragaan deeggarii, yaada garee faallaa kee fashaleessuuf falmi.

Mata Duree Falmii

1. Sab-qunnamtiin hawaasaa faayidaa moo miidhaa isaatuu caala?
2. Meeshaaleen sab-qunnamtii hawaasaa baay'achuun isaanii miidhaa moo faayidaa isaan qabantu irra caala?
3. Ijaarsa sirna dimookiraasiifi misooma keessatti miidiyaan bu'aa isaa moo miidhaa isaatu caala?

Qajeelfamoota Falmii

- Falmii gaggeessuuf qindeessaa tokkoofi abbootii seeraa sadii filachuun barbaachisaadha.
- Abbootiin seeraa filatamanis ragaawwan amansiisoo dorgomtoonni dhiyeessan irratti hundaa'uun garee lamaaniin dhiyaataniif loogii malee murtii kennuu qabu.
- Gareen walfalman lamaanuu yaada isaanii mata duree falmiif filatan irratti hundaa'uun duraa duuba eeganii qabxiilee ijoo dhiyeessuu qabu.
- Falmii keessatti kan falmamu yaada garee faallaati malee, nama falmiif dhiyaate miti.
- Falmiin kan gaggeeffamu yaadan injifachuu waan ta'eef moo'achuuf yaada ofii ragaan tumsuun dhiyeessudha.

Barannoo Sadii: Dubbisuu


Gilgaala 4: Gochaalee dubbisuun duraa

A. Dubbisa armaan gadii dubbisuutti osoo hinseenin dura gaaffilee armaan gadii irratti gareedhaan mari'achuun deebii isaa afaaniin deebisaa.

1. Sabqunnamtiin maali?
2. Sabqunnamtii hawaasaa jechuun maal jechuudha?
3. Meeshaaleen Sabqunnamtiin hawaasaa maalfa'i?

A. Dubbisa osoo hindubbisin dura jechootaafi gaaleewwan armaan gaditti dhiyaatan hiika isaanii tilmaami.

1. yaalii
2. dhiphisuu
3. taphachuu
4. dagaagsuu
5. qunnamuu



Fakkii 1



Fakkii 2

Gilgaala 5: Gochaalee Yeroo dubbisuu

Dubbisa itti aanu yemmuu dubbistu gaaffilee armaan gaditti dhiyaataniif deebii gabaabaa barreessuun deebisi.

1. Bu'aa sab-qunnamtii hawaasaa karoorfamee ofeeggaannoon dhimma itti ba'amu irraa argamu afur barreessi.
2. Gahee sab-qunnamtiin hawaasaa guddina hawaasatiif qabu barreessi.
3. Sab-qunnamtiin hawaasaa uummataafi dhaabbilee adda addaa gidduutti hariiroo akkamii qaba?
4. Jiruun sab-qunnamtii hawaasaa karaa kamiin galma ga'uu danda'a?
5. Miidiyaaleen dhimmoota akkamii tamsaasuu danda'a?

SAB-QUNNAMTII HAWAASAA

Sabqunnamtiin gocha walitti dhufeenyi gaariin qaamolee adda addaa gidduutti akka jiraatu gochuuf raawwatamudha. Sabqunnamtiin karoorfamee ofeeggannoon yoo qabame hariiroo gaariin namoota dhuunfaa, dhaabbilee adda addaafi biyyoota gidduutti akka cimu taasisa. Kana jechuun qaama bulchiinsaa dhaabbata tokkoo ta'ee namoota dhuunfaafi dhaabbanni gara biroo (saboota) waliin gidduu isaaniitti waangaarii uumuuf jecha walitti dhufeenyaafi qunnamtii gaarii ta'e gaggeessuu irratti kan xiyyeeffatudha. Sabqunnamtiin adeemsa walitti fufiinsa qabuun waliigala dhaabbanni tokko gaarii ta'ee akka mul'atu gochuu kan ofkeessatti hammatudha. Kunis hawaasni waan dhaabbatichaafi oomisha isaanii irratti hubannoo akka horatan kan taasisudha. Sabqunnamtiin jiruu murtii dabarsuu qajeelfama ittiinbulmaata dhaabbata tokkoo akka sirratan/ fooyya'an/ gochuu keessatti shoora guddaa kan taphatudha.

Jireenya addunyaa keessatti qunnamtii malee, milkaa'uun hin yaadamu. Qunnamtiin adeemsa walxaxaadha. Hariiroofi guddina hawaasaatiifis baay'ee murteessaadha. Sammuufi qaamni dhala namaa akkasumas, haalawwan qabatamoon uumamaa caacculeewwan gurguddoo Sabqunnamtiin. Qunnamtiin adeemsa namoonni odeeffannoo, yaadaafi fedhii isaanii karaa dubbiifi dubbiin ala ta'e adda addaa fayyadamuudhaan waliif dabarsanidha. Qunnamtiin adeemsa yemmuu jedhamu dhimma yeroo tokko raawwatee kan adda citu osoo hintaane; walitti fufiinsaan kan raawwatamuufi jalqabaafi xumura kan hinqabnedha. Kanaafuu, hennaa,darbe, hennaa hammaafi hennaa dhufu kan ofkeessatti qabatu akkasumas, yeroo mara jijjiiramni kan irratti mul'atu, naannawaafi dhimma bittaafi gurgurtaatiin kan walfakkaatudha. Qunnamtiin gocha walqunnamuu, yaalii qunnamtii taasisuu; odeeffannoo dabarsuu, yaalii ergaa dabarsuu, odeeffannoo fudhachuufi hojiirra oolchuuti.

Jiruun Sabqunnamtii walitti dhufeenya uummataafi hariiroo mootummoota addunyaa gidduutti ta'u keessatti bakka guddaa qaba. Odeeffannoo gaarii ta'e dabarsuun, bulchiinsa gaarii keessatti misoomaafi guddina inni fiduu danda'u hedduudha. Jiruun Sabqunnamtii dhaabbatuma sab-qunnamtii keessaa dhimma jalqabudha. Kunis, dhaabbata sabqunnamtii tokko keessatti hojjettoota dhaabbatichaa gara gaariitti jijjiiruufi yaada qajeelaa ta'e dhaabbata isaaniif akka qabaatan gochuu irraa eegala. Adeemsi kunimmoo, hubannoo dogoggoraa mul'achuu danda'an dhiphisuufi walitti dhufeenyi gaarii ta'e akka uumamu taasisuudha. Kaayyoo guddaan adeemsa kanaas jiruun dhaabbatichaa haala gaariin akka hojjetamu taasisuu keessatti faayidaan isaa guddaadha.

Gama biraatiin immoo, jiruu sabqunnamtii keessatti adeemsa isaa ofeeggannoofi seeran itti hinfayyadamnu taanaan meeshaalee sabqunnamtiitti dhimma ba'uun holola walirratti oofuun immoo badii inni fidu tilmaamuun nama hinrakkisu. Kamiifuu, gaheen inni hawaasa addunyaas ta'ee, uummata naannoo tokkoo gidduutti taphachuu danda'u guddaadha. Jiruun sabqunnamtiimmoo yeroo baay'ee karaa miidiyaalee garagaraa tamsaasama. Addunyaan kun yeroo ammaa jaarraa odeeffannoo keessa jirti. Odeeffannoon haala jiruufi jireenya dhala namaa keessatti dhimma murteessaadha. Odeeffannoon jiruufi jireenya namaaf daran murteessaa ta'e kun karaa qindaa'aafi ofeeggannoo qabuun fayyadamuudhaan hawaasa biraan yoo gahame guddinaafi jijjiirama jireenya hawaasaa tokkoof gaaridha. Kana gochuu keessatti miidiyaaleen hawaasaa gahee olaanaa qabu. Gaheen miidiyaaleen hawaasa keessatti qaban hedduudha. Kunis, dimookiraasii dagaagsuufi bulchiinsa gaarii fiduu, aadaa, duudhaafi seenaa uummataa dhaloota dhufuuf dabarsuuf, odeeffannoowwan si'atoofi kaka'umsa uumuun hawaasaaf gabaasuun guddina biyya tokkoo ariifachiisuufi kkfdha. Sabqunnamtii keessatti haala ogummaan sab-qunnamtii eeyyamuun miidiyaalee adda addaatti dhimma ba'uudhaan odeeffannoo hawaasaaf dabarsuufi jijjiirama haarawaa hawaasa keessatti fiduun barbaachisaadha.

Saba jechuun garee namootaa fedhiifi yaada walfakkaataa ta'e dhimmoota ta'e irratti qaban jechuudha. Waa'ee fedhiifi fayyadamiinsa namoonni kunniin dhaabbata tokko waliin qaban ilaalchisee namootaafi dhaabbata sana walqunnamsiisuun dhimma kutaa sabqunnamtii ta'a jechuudha. Kanaafuu, miidiyaan qaama ogeessonni sabqunnamtii qunnamuu qaban keessaa isa tokko. Ogeessi sabqunnamtii miidiyaa waliin hariiroo gaarii uumuuf amala miidiyaa sanaa beekuun murteessaadha. Amala miidiyaa beekuu jechuun miidiyaan nuti qunnamnu dhimma akka nuuf dabarsu barbaannu kallattiin jiruu isaa dhimma barbaanneef sanaan walfakkaachuu qaba. Miidiyaan adda addaa dhimmoota adda addaa dabarsuu danda'u. Fakkeenyaaf, kaan dhimma ispoortii, kaan dhimma siyaasaa, kaan isaanii dhimmoota misoomaafi kanneen biroo irratti xiyyeeffachuu danda'u. Kanneen keessaa miidiyaan nuti barbaannu isa kami gaaffii jedhuuf, miidiyaa dhimma nuti dabarfachuu barbaannu dabarsu sana ta'uu qaba jechuudha.

Walumaagalatti, Sabqunnamtiin gocha qaamolee garaagaraa gidduutti walitti dhufeenyi gaariin akka uumamu gochuuf adeemsifamudha. Sabqunnamtiin adeemsa jiruufi jireenya dhala namaa keessatti hariiroo hawaasummaa uumuun waliin jiraachuuti. Adeemsi hariiiroo uumuun waliin jiraachuu kunis sadarkaa namoota dhuunfaa, dhaabbilee adda addaafi sadarkaa biyyaa yookiin addunyaattis itti fufuu kan danda'udha. Kaayyoon sabqunnamtii fedhii jiruufi jireenya dhala namaa galmaan ga'uufi walitti dhufeenya gaarii ta'e uumuuf waanta'eef, sab-qunnamtii gaggeessuu

keessatti ofeeggannoon jiraachuun barbaachisaadha. Jiruu sabqunnamtii keessatti gaheen miidiyaa bakka olaanaa qaba. Haata'umalee, qunnamtii gaggeessuuf miidiyaaleetti seeraan kan hinfayyadamne taanaan miidhaa biraa fiduu waandanda'uuf ofeeggannoon itti fayyadamuun barbaachisaadha.

Gilgaala 6: Gochaalee Dubbisuun Boodaa

A. Gaaffilee armaan gadii dubbisa olitti dhiyaate irratti hundaa'uun deebii sirrii ta'e filadhu.

1. Gahee miidiyaa hawaasaa kan ta'e kami?
   A. dimookiraasii dagaagsuu C. misooma quucarsuu
   B. bulchiinsa gaarii fiduu D. Afi B
2. Namoonni fedhiifi yaada walfakkaataa dhimmoota ta'e irratti waliin qabaachuu danda'an maal jedhamu?
   A. saba C. jiraattota
   B. miidiyaa D. walqunnamtii
3. Ofeeggannoon yoo itti hinfayyadamne rakkoo miidiyaaleen hawaasaa fiduu danda'u maali?
   A. rakkoo dinagdee C. rakkoo siyaasaa
   B. rakkoo hawaasummaa D. hunda
4. Jiruun sab-qunnamtii:
   A. Dhaabbata sabqunnamtii hinilaallatu C. Jijjiirama haarawaa hinfidu
   B. Hariiroo hawaasummaa cimsa D. faayidaa malee miidhaa hinqabu
5. Namni tokko hawaasa biraa waliin walitti dhufeenya gaarii ta'e uumuuf kan gargaaru kami?
   A. Miidiyaa hunda akka argetti itti fayyadamuun sabqunnamtii gaggeessuu.
   B. Aadaa hawaasa qunnamuu barbaadu sanaa hubachuun qunnamtii gaggeessuu.
   C. Itti fayyadama miidiyaaf xiyyeeffannoo kennuu dhiisuu.
   D. Walqunnamtii gaggeessuu dhiisuu

6. Meeshaa sabqunnamtii kan hintaane kami?

   A. konkolaataa C. telegiraamii

   B. Miidiyaa D. raadiyoo

B. Gaaffileen armaan gadii yaada dubbisa keessaafi muuxannoo kee wajjin walqabsiisuun afaaniin deebisi.

1. Itti fayyadama sabqunnamtii hawaasaatiin tajaajila akkamii argachaa akka jirtu ibsi.
2. Sabqunnamtii hawaasaa irrtti dhimmoonni ofeeggannoo barbaachisan maalfa'i?
3. Dubbisicha cimdiidhaan ta'uun irra deebi'uun dubbisaa. Itti aansuun yaada /ergaa dubbisicha irraa hubattan irratti gareen mari'achuun waan xiinxaltan dareef ibsaa.

Barannoo Afur: Barreessuu

Gilgaala 7: Barruu Qopheessuu

Dhimmoota sab-qunnamtii hawaasaa ilaalchisuun tartiiba loojikaawaa ta'e eegii barruu tokko qopheessi. Barruu qopheessitu keessatti qabxiilee ijoo gaditti siif kennaman gargaaramuu hindagatiin. Dhumarratti, barruu qopheessite barattoota daree keetiif dubbisi. Yaadolee armaan gadii irratti hundaa'uun tartiiba loojikaawaa ta'e haala ka'umsa kennameen, itti fufuun barruu jalqame xumuri.

- Kaayyoo sabqunnamtii hawaasaa
- Ofeeggannoo sabqunnamtii hawaasaa keessatti taasifamuu qabu
- Bu'uura ka'umsaa sabqunnamtii hawaasaa
- Tajaajila sabqunnamtiin hawaasaa kennu

Fakkeenya

Dhaabbileen sabqunnamtii hawaasaa hundeeffamni isaanii bu'uura heeraafi seeraa qabaachuu qabu. Kana jechuun Jaarmiyaan tokko hojiitti seenuun dura itti gaafatamummaa fudhachuu, seera hordofamuufi ittiin bulmaata dhaabbatichaa ifatti beekamuu qaba. _____

_____

_____

_____

_____

_____

_____

_____.

_____

_____

_____

_____

_____

_____

_____.

_____

_____

_____

_____

_____

Barannoo Shan: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 8: Shaakala Hiika Jechootaa

***A. Jechoota roga 'A' jalatti kennaman hiika faallaa isaanii roga 'B' jalaa wajjin walitti fir*oomsi.**

A	B
1. eegaluu	A. bal'isuu
2. xobbee	B. gadaanaa
3. summii	C. quucaruu
4. fayyaduu	D. gati dhabeessa
5. qaalii	E. dhiyoo
6. olaanaa	F. bilchaataa
7. dhiphisuu	G. amanuun fudhachuu
8. dagaaguu	H. miidhuu
9. halaala	I. qorsa (dawaa)
10. qilee	J. xumuruu
	K. dirree
	L. gati jabeessa

B. Jechoota armaan gadii keessaa hiikaan kan walfakkaatu filadhu.

1. hariiroo
   - A. adda addumma
   - B. walitti dhufeenya
   - C. ilaalcha
   - D. sabboonummaa
2. tamsaasuu
   - A. gargaaruu
   - B. qilleensa'uu
   - C. diddiriirsuu
   - D. odeeffannoo babal'isuu

3. sissi'aawuu

A. hirmaachuu
C. onnaa'uufi kaka'umsa qabaachuu
B. suuta deemuu
D. tirachuu

4. xiyyeeffachuu:

A. harkifachuu
C. mirkaneeffachuu
B. fuulleffachuu
D. balleessuu

5. hololaa oofuu

A. dubbii kabajaa dubbachuu
C. oduu sobaa daddabarsuu
B. oduu gaddaa odeessuu
D. oduu gammachuu odeessuu

6. birmadummaa

A. walabummaa
C. bilisummaa
B. boojuu
D. Afi B

7. battalatti

A. suutaan
C. adeemsa keessa
B. hatattamaan
D. oolee bulee

8. qeequu

A. jajuu
C. hanqina isaa himuu
B. deeggaruu
D. tumsuu

9. ko'oommachuu

A. jibbamuu
C. kophaa ta'uu
B. hiriyaa qabaachuu
D. yeroo dhabuu

10. dhaabbilee

A. jaarmiyaalee
C. qaamolee
B. duudhaalee
D. meeshaalee

Barannoo Ja'a: Seerluga/Caasluga

Gilgaala 9: Shaakala Hennaawwanii

A. Gaaffilee itti aanan hennaa ilaalchisee hubannoo duraan qabdu irratti hundaa'uun yaada sirrii ta'e dhugaa kan sirrii hintaane soba jedhii afaaniin deebisi.

1. Hennaan seerluga keessatti gocha ibsuuf tajaajila.
2. Himni "Bishaan bu'uura jireenyati" jedhu dhugaa waliigalaa ibsa.
3. Hennaan raawwima ibsuuf dhiyaata malee; yeroo raawwii hinagarsiisu.
4. Akaakuun hennaawwanii bakka lamatti qoodamu.
5. Himni "Isheen barreessaa jirti" jedhu raawwii yeroo ammaa itti fufaa jiru agarsiisa.

Hennaa

Gochi tokko yeroodhaan raawwatama. Hennaan yeroo raawwii gocha tokkoo kan agarsiisudha. Afaan Oromoo keessatti hennaawwan gosoota hedduutti qoodama. Isaan keessaa muraasa isaanii akka armaan gadiitti ilaalla.

1. Hennaa Ammeennaa: Ammeennaan gocha amma raawwatamaa jiru, yeroo mara dhugaa ta'eefi gocha gara fuula duraa raawwatamuuf jedhu mul'isa.

Fakkeenya,

A. Yoomiif nifiiga.
B. Waraabessi niyuusa.
C. Manni barumsaa torbee dhuftu banama.

2.Hennaa Amsiqaa: Gocha amma raawwatamaa jiru ta'ee, kan osoo hinxumuramin yeroo gabaabaafis ta'ee, yeroo dheeraaf itti fufee raawwatamaa jiru kan agarsiisudha.

Fakkeenya, Barattoonni barreessaa jiru.

3.Hennaa raawwima Ammeennaa: Raawwima ammeennaan gochaa duraan eegalee hanga ammaatti itti fufaa jiru, gocha yeroo darbe keessa raawwatamee xumurame garuu, bu'aan isaa amma mul'atu agarsiisuufi gocha yeroo darbe keessa raawwatamee yeroon raawwii isaa hinbeekamne ibsuuf tajaajila. Fakkeenya,

A. Isheen waggoota shanan darbeef Finfinnee keessa jiraatteetti.
B. Yeroosan mana bitate.
C. Ani Fiilmii "Eelaa" ilaaleera.

4.Hennaa Darbeennaa: Darbeennaan gocha yeroo darbe keessa raawwatame ibsa; kanamalees, gocha yeroo darbe keessa raawwatamaa ture dura raawwatame ibsuuf gargaara.

Fakkeenya,

A. Roobeeraan biddeen nyaate.
B. Yeroon ani mana barumsaa ga'u, qormaanni xumuramee ture.

5.Hennaa Raawwima Darbeennaa: Gochaawwan hennaa darbe keessatti raawwataman keessaa isa dursee raawwatame kan ibsudha.

Fakkeenya, Yeroon ani mana ga'u, harmeen mana cuftee deemteerti.

6. Hennaa Tarsiqaa: Hennaan kun gocha raawwatamee darbe ta'ee, isa assiqu kan agarsiisudha.

Fakkeenya, Yeroon ani dhufu isheen deemteetti. Yeroon ani dhufu kan jedhu tarsiqaadha.

7. Hennaa Murannaa: Gocha gara fuulduraatti raawwatamuun isaa hinoolle garuu, yeroon itti raawwatamu adda ba'ee kan hinbeekamnedha.

Fakkeenya, Caaltuun Doktora ta'uuf jirti.

8. Hennaa Marannaala: Gocha gara fuula duraatti raawwatamuu malu ibsa. Gochi kun gara fuulduraatti raawwatamuu yookiin raawwatamuu dhiisuu danda'a. Fakkeenya, Roobni nirooba ta'a.

A. Hennaawwan roga 'A' jala jiraniif himoota isaanii roga 'B' jala jiran wajjin walitti firoomsi.

A	B
1. Ammeennaa	A. Inni irbaata nyaataa jira.
2. Hennaa Amsiqaa	B. Sa'a aannanii
3. Raawwima ammennaa	C. Inni nideema ta'a.
4. Darbennaa	D. Sinbirri niwacci.
5. Hennaa Tarsiqaa	E. Inni laaqana nyaachuuf jira.
6. Raawwima darbeennaa	F. Tolaan farda bite.
7. Murannaa	G. Isheen ragadaa turte.
8. Murannaala	H.Yeroon ani galuu, inni deemeera.
	I.Isheen buna dhugdeetti.

B. Himoota armaan gadii keessaa akaakuuwwan hennaa isaan ittiin barreeffamanii adda baasuun barreessi.

1. Biiftuun yeroo hunda mana barumsaa deemti.

_____

2. Boru qormaanni nijira ta'a.

_____

3. Barattoonni hojii manaa hojjetan.

_____

4. Tulluun konkolaataa bitate.

_____

5. Boontuun weeddisaa turte.

_____

6. Barsiistuun daree keessaa barattoota barsiisaa jirti.

_____

7. Ani kitaaba walaloo dubbiseen ture.

_____

8. Manni barumsaa cufamuufi.

_____

BOQONNAA SAGAL

HOJII UUMUU

Kaayyoowwan: Xumura Boqonnaa Kanaatti:

- Dhaggeeffachuun waliigaluufi waliigaluu dhabuu kee ragaadhaan agarsiista.
- Ilaalcha dhuunfaa kee sababa waliin afaaniin ibsita.
- Afee/dubbisa dubbisuun eenyuuf akka barreeffame adda baasta
- Dubbisa irraa yaadannoo fudhatta.
- Hiika jechoota haaraa akka galumsaatti kennita.
- Gochimoota ce'aafi ceelaa hima keessatti fayyadamta.

Barannoo Tokko: Dhaggeeffachuu

Gilgaala 1: Gochaalee Dhaggeeffachuun Duraa.

A. Osoo gara dhaggeeffachuutti hindarbin dura gaaffilee armaan gadii gareedhaan irratti mari'achuun deebii keessan afaaniin dareef ibsaa.

1. Hojii dhabdummaa jechuun maal jechuudha?
2. Hojii dhabdummaan akka babal'atu wantoonni sababa ta'an maal fa'i?
3. Hojii dhabdummaa dhabamsiisuuf maaltu godhamuu qaba jettee yaadda?

B. Gara dhaggeeffachuutti osoo hinseenin dura gareen ta'uun hiika jechoota armaan gadii tilmaamaa.

1. walmadaaluu
2. diriirsuu
3. ashuuraa
4. eeggattummaa

Gilgaala 2: Gochaalee Yeroo Dhaggeeffachuu

A. Bakka duwwaa himoota armaan gaditti kennaman dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachaa yaadota dubbisicha keessaa dhaggeeffatteen guuti.

1. Hojii dhabdummaan baay'achuun, hiyyummaa babal'isee biyyaafi maatii irratti rakkoowwan _____, _____fi_____fiduu danda'a.
2. Sababootni hojii dhabdummaa babal'isan_____, _____, _____

3. Hojii dhabdummaa hir'isuuf mootummaan tarsiimolee_____fi _____gargaaramuu qaba.
4. Wantoonni hawaasni bal'aan hojii dhabdummaa ofirraa cabsuuf raawwachuu qabu maal fa'i?
5. Barannoo Lama: Dubbachuu

Gilgaala 3: Shaakala Dandeettii Dubbachuu

Gaaffileen armaan gadii irratti gareen mari'adhaatii yaada irratti walii galtan dareef ibsaa.

1. Hojii dhabdummaan dhiibbaa akkamii biyya keenya keessatti fidaa jira?
2. Sababni hojii dhabdummaan akka babal'atu taasisan maalfa'i? Haala qabatamaa biyya keenyaa wajjin walqabsiisuun ibsaa.
3. Faayidaa hojii uumuun qabaachuu danda'u tarreessuun waliif ibsaa.

Barannoo Sadii: Dubbisuu

Gilgaala 4: Gochaalee Dubbisuun Duraa

A. Dubbisa armaan gadii dubbisuu osoo hineegalin Gaaffilee itti aanan gareen irratti mari'achuun afaaniin deebisaa.

1. Faayidaan hojii mataa ofii uummachuu maali?
2. Fakkiiwwan armaan gadii ilaaluun waan fakkicha irraa a r g i t a n wa l i i f i b s a a .



Fakkii 1



Fakkii 2



Fakkii 3

B. Jechoota armaan gadii osoo gara dubbisuutti hindarbin dura hiika galmee jechootaa isaanii tilmaami.

1. ulaa
2. seexaa
3. utubuu
4. laayyoo
5. milkaa'ina

Gilgaala 5: Gochaalee Yeroo Dubbisuu

A. Dubbisa armaan gadii callisaan dubbisi. Yeroo dubbistu yaadota armaan gadii irratti xiyyeeffachaa dubbisi.

1. Wantoota milkaa'ina hojii uummachuu tumsan adda baasi.
2. Hojii uummachuuf wantoota dhiibbaa geessisan xiinxali.
3. Faayidaa hojii uummachuun qabu addaa baasi.
4. Garaagarummaafi tokkummaa dhiibbaa keessaafi dhiibbaa alaa xiinxali.
5. Himoota ijoo keeyyata 2ffaafi 4ffaa addaan baafadhu.

HOJII UUMUU

Hojiin wabii jireenya dhala namaati. Hojiin ala jiruufi jireenya dhala namaa itti fufsiisuuf yaaduun hindanda'amu. Namni hojii hojjetu jiruufi jireenya isaa jijjiiruun sadarkaa barbaadu irra ga'uu nidanda'a. Namni kamuu cimee hojii yoo hojjete guddina mataa ofiirra darbee hawaasa naannoo isaafi biyyallee jijjiiree sadarkaa guddaatti ceesisuu danda'a. Hojiin wantoota naannoo ofiitti argaman irraa ka'uun salphaarraa gara guddaatti deemuu jabaatanii yoo hojjetan sadarkaa hojii uumuu olaanaa irra ga'uufi bu'aa guddaarra ga'uun nidanda'ama. Jabaatanii hojjechuu jechuun hojii irratti bobba'an sana irraa bu'aa argachuu qofaa osoo hintaane, hojiidhuma irratti bobba'an sana kabajuu jechuudha. Hojii hojjetan irratti ogummaa ofii yeroo yeroon dagaagfachuun naamusa ogummaa hojii irratti bobba'anii kabajuufi sana irraa ka'anii hojii kan biroo ofiifis ta'ee, namoota birootiif uumuu danda'uudha.

Namni kamuu hojii mataa isaa uummatee hojjechuu nidanda'a. Hojii mataa ofii uummatanii hojjechuuf umriin, saalli, sadarkaan jireenyaafi sadarkaan barnootaa nama hindaangessu. Barumsarra kan jiru, kan xumure, hojii mootummaa kan hojjetu, kan hojii hinqabneefi dhiiraa dhalaa osoo hinjenne hojii uumuun hojjechuun nidanda'ama. Hojii uummaachuuf wantoonni nama danqan jiraachuu malu; rakkoo kana immoo akkamiin injifachuun akka danda'amu irratti muuxannoo namoota biroo qooddachuufi hojii uumuu irratti kitaabilee adda addaa dubbisuun muuxannoo horachuun murteessaadha. Namoonni biyyoota guddatan keessa jiraatan hedduun isaanii madda guddinaa kan ta'eef hojii mataa ofii uummachuu isaaniiti.

Hawaasni biyya keenyaa dachee uumamaan badhaatuu taate irra taa'uun carraa hojii hawwuu keessaa ba'uun barbaachisaadha. Kana jechuun leecalloowwan uumamaan dacheen keenya badhaate akkasumas, fedhiifi beekumsa akkamiin walitti fidanii hojii mataa ofii uummachuun akka danda'amu beekuun murteessaadha. Gosoonni hojii namoonni hundi uummachuu qaban garuu walfakkaataa ta'uu qaba jechuu miti. Haalota adda addaa irratti hundaa'uun garaagarummaa qabaachuu danda'a. Kunis, sadarkaa namoonni irratti argaman: barnoota, bakka hojiifi haalli qabeenya namootaas murteessadha.

Namoonni hojii uummatanii itti milkaa'uuf wantoonni keessa darbuufi raawwachuu qaban hedduutu jira. Kanneen keessaa, inni jalqabaa dandeettii waa uumuuti. Kunis, dandeettii oomisha haarawa oomishuun dhiyeessuu yookiin kanuma duraan jiru akkaataa duraa irraa

fooyyessanii hawaasaaf dhiyeessuu jechuudha. Hojii duraan uummata keessa turee garuu, bu'aa gaarii hinargamsiisne tokko haala adda ta'eefi hawaasa keessatti hinbaratamneen haaressanii galii irraa argachuunis barbaachisaadha. Namni tokko kana gochuu kan danda'u dandeettii uumamaan qabuun yookiin adeemsaafi turtii yeroo dheeraa keessa muuxannoo horatu irraa ta'uu nidanda'a. Namootaan mari'achuufi naannoo ofiitti qorannoo hojii gaggeessuunis dandeettii hojii uumuu cimsachuun nidanda'ama.

Hojii uummachuun milkaa'ina barbaadamu tokkorra ga'uuf dandeettii hojii uummachuu qabaachuu qofti galma ta'uu dhiisuu mala. Milkaa'inni kan argamu hojii uummatan tokko osoo hinnuffin itti cichanii dalaguun wantoota ulaa milkaa'inaarraan nama ga'an keessaa isa olaanaafi murteessadha. Namni tokko yeroo hojii haaraa eegalu hanga waanhunda walqixxeeffachuun hojicha karaa qabsiifatutti guyyaa hunda yookiin guyyoota torbanii hunda nuffii tokko malee itti cichee hojjechuu danda'a. Hojiitti cichanii yeroo hojjetan immoo karoorriifi yaanni ofii namaaf milkaa'uu danda'a.

Gama biraatiin, hojii uummachuu keessatti wantoota milkaa'ina tumsan keessaa, seexaa, qabaachuunis, barbaachisaadha. Seexaan namni tokko qabu milkaa'ina hojii uummachuu keessatti shoora mataa isaa qaba. Kunis ofitti amanamummaa qabaachuun kutannoofi gaaga'ama hojii keessatti nama mudachuu malu kamiifuu harka kennachuu dhiisuu kan mul'isudha. Fakkeenyaaf, namni hojiif kaka'umsa qabu tokko dhimma hojii irratti bilbila yeroo sagal bilbilee deebii dhabuyyuu, osoo

abdii hinkutatin kurnaffaa deebisee yaala jedhama. Namni dhugaan onnee irraa hojii uummatetti gammadu bu'aa hedduu hojicharraa argachuu osoo hintaane milkaa'uu isaatu haamilee ta'aaf. Kanamalees, hojii ofitti amanamummaan

cimanii uummatan hoogganuunis baay'ee barbaachisaadha. Hojii keessatti adeemsaafi bu'aan hojicha irraa argame akkaataa sirriin hinhoogganamne yoota'e, milkaa'inni dhumaa argamuu dhiisuu danda'a.

Hojii dhuunfaa uummachuuf immoo dhiibbaawwan adda addaa jiraachuu nidanda'u. Dhiibbaawwan hojii dhuunfaa uummachuuf nama onnachiisan hedduun jiraatanillee, bakka gurguddaa lamatti qoodnee ilaaluun gaaridha. 1ffaan kaka'umsa keessaati. Kaka'umsi keessaa

kan fedhii keessa namaatii ka'uun akka hojii mataa ofii uummataniif nama kakaasudha. Kunis, yaadniifi karoorri jiru hojiitti jijjiiramee maallaqa argamsiisu keessa namaatti kaka'umsa uumuun fedhii hojii nidabala. Hirkattummaa dinagdee jibbuufi bilisummaa dinagdee hawwuu, hojjetanii galii argachuun maatii ofii utubuuf fedhii qabaachuufi muuxannoo jiru hojiitti jijjiiruuf murteessuu irraa ka'eeti. Inni 2ffaan dhiibbaa alaati. Dhiibbaan alaa immoo kan maddu: maatii ofii, naannoo jiraatan, mootummaafi kkf irraati.

Hojii mata ofii uummachuun faayidaa hedduu qaba. Nama hojii mataa ofii uummatee hojjetu tokko miidhaafi dadhabbii hedduun mudachuu danda'a. Namni kamuu ammuma facaasu waan haammatuuf bu'aafi faayidaan namoonni hojii dhuunfaa uummatan argatan laayyoo hinta'u. Isaan keessaa dinagdee guddisuuf, jireenya hawaasummaa dabaluuf, fakkeenyummaa gaarii hawaasa keessatti ta'uufi dhaloota dhufuuf muuxannoo gaarii dabarsuuf gargaara. Kanaaf, namni kamuu hojii uumuuf fedhii qabaachuun beekumsaafi karoora hojii waliin qindeessanii hojiitti galuun baay'ee murteessaadha.

Walumaagalatti, hojiin bu'uura jireenya dhala namaa yoo ta'u, namni kamuu jiraachuuf hojii adda addaa hojjetee jireenya ofii jijjiira. Hojii hojjetanii of jijjiiruun akkuma barbaachisaa ta'e, namni tokko sadarkaa dandeettii isaa irraa ka'ee gara hojii guddaa uummachuutti ce'uun barbaachisaadha. Hojii hojjetanii milkaa'uuf immoo ogummaa hojiifi naamusa hojiin tokko barbaadu beekuun gaariidha. Kanamalees, hojii mataa ofii uummachuun cimanii hojjechuufi ofirra darbanii guddina

biyyaa tumsuunis barbaachisaadha. Hojii uummachuun ofiifis ta'ee hawaasa birootiif bu'aa barbaadamu argamsiisuuf wantoota milkaa'ina hojiitiif nama gargaaran kanneen akka: dandeettii, seexaa, si'aayina, ofitti amanuu, jaalala hojiifi hooggansa hojichaa addaan baafatanii beekuufi itti fayyadamuun daran murteessaadha.

Gilgaala 6: Gochaalee Dubbisuun Boodaa

A. Keeyyanni armaan gadii dubbisa olii keessaa fudhatame. Keeyyata kana sakatta'aan dubbisuun bakka duwwaa itti aanu guutuu taasisi.

Hawaasni_____keenyaa _____uumamaan_____taate irra taa'uun carraa _____hawwuu keessaa_____barbaachisaadha. Leecalloowwan _____dacheen keenya badhaate akkasumas, _____fi _____ akkamiin walitti fidanii _____ofii uummachuun akka

danda'amu _____ murteessaadha. Gosoonni hojii namoonni hundi_____qaban garuu walfakkaataa ta'uu qaba jechuu miti. Haalota adda addaa irratti hundaa'uun ____ qabaachuu danda'a. Kunis, sadarkaa namoonni irratti argaman: _____,____fi haalli_____namootaa murteessaadha.

B. Gaaffileen armaan gadii hubannoo dubbisa olii irratti hundaa'uun deebii gabaabaa barreessi.

1. Yaada dimshaashaa dubbisichaa gabaabsii barreessi.
2. Ergaan dubbisa armaan olii eenyuuf akka barreeffame gabaabsii ibsi.
3. Dubbisa keessatti hojii uummachuuf dhiibbaawwan lama akka jiran ibsameera. Isaanis eenyufaa akka ta'an adda baasuun barreessii ibsi.
4. Wantoota milkaa'ina hojii uummachuu tumsan tokko tokkoon tarreessuun ibsi.

Barannoo Afur: Barreessuu

Gilgaala 7: Shaakala Barreessuu

A. Gaaffileen armaan gadii muuxannoo duraan qabdu irratti hundaa'uun haala gaafatamteen deebisi.

1. Yaadannoo qabachuu jechuun maal jechuudha?
2. Yaadannoo qabattee beektaa?
3. Yoo qabatte ta'e, maalirraa qabatte?
4. Wantoonni yaadannoo qabachuuf nu barbaachisan maal fa'i?
5. Adeemsa yaadannoo qabachuu ibsi.

Yaadannoo Qabachuu

Yaadannoo qabachuu jechuun waan dhaggeeffatan yookiin waan dubbisan irraa yaada mataa ofiitiin gabaabsanii barreeffachuu jechuudha. Kunis akkaataa ergaan waan dhaggeeffataniifi dubbisanii dagatamuu hindandeenyetti jechoota mataa ofiitiin qabachuudha.

Hubadhu: Yeroo yaadannoo mataa keetii qabattu, mata duree tokko dubbisuun yaadasaa erga qayyabattee booda tooftaa mataa keetitiin yaadannoo qabadhu. Yaadota ijoofi callaa irratti xiyyeeffachuu hindagatin.

Waan dubbiste yookiin waan dhaggeeffatte irraa yeroo yaadannoo mataa keetii qabattu, ergaan bu'uuraa waan dubbistee ykn. waan dhaggeeffattee akka hindagatamne yookiin hinjijjiiramne ofeeggannoo taasisi.

Fakkeenya siif kenname irratti hundaa'uun dubbisa armaan olitti dubbiste keessaa yaadannoo baasi. Dura qabxii ijoo baasuun yaada qabxii ijoo ibsan gabaabsii barreessi.

Fakkeenya, Keeyyata 1ffaa keessatti

1ffaa Maalummaa hojii:

- Wabii jireenya dhala namaati
- Jiruufi jireenya namaa itti fufsiisa
- Guddina nama dhuunfaa, hawaasaafi biyyaa tumsa

2ffaa Naamusa hojiif barbaachisu:

- Jabaatanii hojjechuu
- Hojii hojjetan kabajuu
- Ogummaa ofii yeroo yeroon fooyyeffachuu
- Naamusa ogummaa qabaachuu

Mata duree "Yaadannoo qabachuu" jedhu sirriiti dubbisuun gaaffiiwwan armaan gadii hojjedhuu daree keessatti barattootaaf dhiyeessi.

1. Barreeffama bal'aa tokko dubbisuun yaadannoo mataa keetii gabaabsii qabadhuu yaada isaa daree keessatti dhiyeessi.
2. Oduu yookiin waan dhaggeeffatamu tokko sirriitti dhaggeeffachuun, waandhaggeeffatte irraa yaadannoo qabadhuu yaadasaa deebisii ibsi.

Barannoo Shan: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 8: Shaakala Fayyadama Jechootaa

A. Jechoota roga 'A' jala jiran hiika faallaa isaanii roga 'B' jalaa wajjin walitti firoomsi.

A	B
1. Jeejee	A. diduu
2. Seequu	B. wallaalaa
3. Gonfachuu	C. nyaara guuruu
4. Sarmuu	D. quufa
5. Hayyuu	E. tole jechuu
	F. mulqamuu

B. Jechoota roga 'A' jala jiran keessaa filachuun himoota armaan gadii guuti. Bakka barbaachisutti unka jechaa jijjiiruun nidanda'ama.

1. Cimanii hojjennaan qabeenyas ta'ee, beekumsa_____salphaadha.
2. Obbo Gadaan _____biyyi kun qabdu keessaa isa tokko.
3. Kumeen nama hundatti_____baay'isti.
4. Namni cimee hojjete ofirra darbee biyyaaf ta'a; yoo dhibaa'e garuu, _____ waxalamuun isaa hinoolu.
5. Mucaan waan abbaan isaa jedheen _____didee reebame.

C. Himoota armaan gadii keessatti hiika galumsa jechootaa hubadhu.

a. Galataan amala badaa qaba. Hiikni jecha jala muramee = yaraa

b. Baay'achuu aara warshaalee irraa kan ka'e qulqullinni qilleensa magaalaa badaa jira. Hiikni jecha jala muramee = manca'aa jira jechuudha.

c. Nama rakkoo dinagdee qabu utubuun gaariidha.

Hiikni isaa= gargaaruu

d. Biqiltuu duufee kufuuf jedhu utubuun barbaachisaadha. = muka biraa jala dhaabuu.

D. Fakkeenyota armaan olii irratti hundaa'uun jechoota himoota armaan gadii keessatti jala muramaniif hiika galumsa isaanii barreessi.

1. Ilmi badaa badaan maqaa abbaa nyaata.
2. Tolaan ciree nyaata.
3. Duuti nama gaarii garaa nama nyaata.
4. Guutaan yaada marii hirmaattotaaf diriirse.
5. Inni bullukkoo miiccee diriirse.
6. Hadhaan geeshee farsoo ishee nama hinobaasu.
7. Dubbiin inni dubbatu hunduu namatti hadhaa'a.
8. Qacceen bineensotaa akka hinbanneef bosona kununsuun barbaachisaadha.
9. Kan sangaan iyyuu malu qacceen iyyiti.
10. Baay'inni Uummata Oromoo galaana.
11. "Addunyaan galaana namarraa godaana" jedhu maanguddoonni.
12. Mi'aa buna qalaa nama dhandhametu beeka.
13. Jireenyi yeroo ammaa baay'ee mi'aadha.
14. Abidda malee nyaata bilcheessuun hindanda'amu.
15. Toltuuf waggaa dheeraan booda abiddi ba'eefi

Barannoo Ja'a: Seerluga/Caasluga

Gilgaala 9: Shaakala Gochimoota Ce'aafi Ceelaa

Himoota armaan gaditti kennaman hubadhu.

a. Gammadaan nijijjiira.

b. Firaa'ol lilmoo waraana.

Himoonni kunniin gochimootni isaanii dhamjecha (-am) maxxanfachuun yemmuu barreeffaman

c. Gammadaan nijijjiirama.

d. Firaa'ol lilmoo waraanama.

Gochi tokko yemmuu mathimaan raawwatamu gochima ce'aa jedhama.

Fakkeenya himoota a fi b keessatti kennaman gochimoonni mathima kennameen raawwataman. Kana jechuun mathimatu gocha raawwata jechuudha. Himoota c fi d keessatti gochimarratti dhamjecha (-am) maxxanfachuudhaan gara gochima ceelaatti jijjiira. Gama biraatiin, gochimoonni faaldarbeeyyii ta'an dhamjecha (-am) maxxanfachuu hindanda'an. Fakkeenyaaf,

a. Daa'imtichi nirafa.

b. Jabbiin niburraaqa.

Himoota a fi b keessatti gochimoonni faaldarbeeyyii 'rafa' fi 'burraaqa' jedhan fufii (-am) maxxanfachuu hindanda'an.

Nirafa- raf-am-a yookiin burraaq-am-a hinjedhamu.

Himoota armaan gadii gochimoota isaaniirratti hundaa'uun gochima ce'aa ykn ceelaa jechuun barreessi.

1. Tulluun nikadhata.
2. Mucaan ni ergata.
3. Galataan ni ergama.
4. Sooressaan nikadhatama.
5. Namtichi hattuun sun ni abaarama.
6. Jaarsi hattuu ni abaara.
7. Ijoollee nireeba.
8. Dabalaan ni utaala.
9. Isaan nireebamu.
10. Miidhaksaan nitaphata.

Jibsoo

Antima (object)	Kan gochi irratti raawwatu
Bamaqaa (pronoun)	bakka maqaa bu'uudhaan tajaajila maqaan kennu kan kennudha.
Dandeettii	dandeettii waliigalaa kan barnootaafi shaakala yookiin leenjiidhaan gonfatamudha.
Dubbisuu (reading)	adeemsa wantoota barreeffame dubbisuun hiika itti kennuuti; karaa barreessitoonniifi dubbistoonni ittiin walqunnamanidha.
Gochima (verb)	jecha haala ykn gocha raawwatame ykn raawwatamu tokko agarsiisudha.
Gochima Ce'aa (Active)	Gochi raawwatame qaama tokko irra darbee kan biraa irratti raawwatamuu agarsiisa.
Gochima Ceelaa (Passive)	Gochimoonni darbeeyyiin gocha raawwataa bira turuun gocha raawwatamaa addeessudha.
Gochima Faaldarbeeyyii (intransitive verb)	Gochi raawwatame qaama biraatti osoo hindarbin ofumaa raawwatamuu agarsiisa.
Hennaa (tense)	tajaajila caaslugaa kan yeroo raawwii tokkoo agarsiisudha.

Hennaa Ammennaa (simple present tense)	ammennaan gocha amma raawwatamaa jiru yookiin yeroo maraa dhugaa ta'e kan agarsiisu, yookiin gara fuula duraa raawwatamuuf jedhu kan mul'isudha.
Hennaa Amsiqaa (present continuous tense)	amsiqaan gocha hin raawwatamne yookiin yeroo gabaabaafis ta'e yeroo dheeraadhaaf raawwatamaa jiran mul'isa.
Hennaa Darbeennaa (Simple past tense)	gocha yeroo darbe keessa raawwate ykn gocha yeroo darbe keessa gocha biraa dura raawwate ykn gocha yeroo darbe keessa raawwatamaa ture ibsa.
Hennaa Tarsiiqaa (Past continuous tense)	gocha yeroo darbe keessa raawwatamaa ture ibsa.
Hennaa Murannaa (simple future tense)	gocha gara fuul-duraa raawwatamuun isaa hinoolle, garuu yeroon itti raawwatamu kan adda bahee hinbeekkamiin, ibsa.
Hennaan Murannaala (indefinite future tense)	Murannaalaa garuu, gocha gara fuul-duraa raawwatamuu malu ibsa. Gochi muraannalaan ibsamu kun gara-fuulduraa raawwatamuu ykn raawwatamuu dhabuus nidanda'a.
Jecha diigala /tishoo/ (compound word)	jechoonni lamaafi isaa ol walitti dhufuudhaan akka jecha tokkootti dhaabatanii hiika duraan qabanrraa hiika addaa tokko yammuu argatanidha.
Hennaa Raawwima Ammeennaa (Present parfect tense)	gocha duraan eegalee hanga ammaatti itti fufaa jiru ykn gocha yeroo darbe keessaa raawwatee xumurame garuu bu'aan isaa amma argamu/mullatu ykn gocha yeroo darbe keessa raawwatame kan yeroo raawwiin isaa hinyaadatamne/ hinbeekamne ibsuuf tajaajila.

Hennaa Raawwima gocha dursee	gochoota yeroo darbe raawwataman keessaa
Darbeennaa	raawwatame ibsa.
(past perfect tense)	
Qareeyyii (Witticisms) gaggabaaboon	Gooroo ogafaanii keessaa warreen unka
	dhiyaatanidha.
Malleen Dubbii dubbicha yookiin	Dubbiifi barreeffama keessatti dhiyaachuun
(Fgarative Speech) gadi fagoo akka	barreeffamicha miidhagina gonfachiisuun hiika
	qabaatu taasisu.
Mathima (Subject) dubbatamu.	Kan gocha raawwate ykn kan waa'een isaa

KITAABA BARATTOOTAA
KUTAA 10

Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee